



**XIINXALA HARIIROO HIRMAANNA DAREE FI FIRII MADAALLII AFAAN OROMOO:
BARATTOOTA KUTAA 10FFAA MANA BARUMSAA JIMMAA SADARKAA
LAMMAFFAA IRRATTI XIYYEEFFATE**

TAMASGEEN SANBAABAATIIN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF
MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**YUUNIVERSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANITII,
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU**

**HAGAYYAA, 2014/2022
JIMMAA, OROMIYAA**

**XIINXALA HARIIROO HIRMAANNA DAREE FI FIRII MADAALLII AFAAN OROMOO:
BARATTOOTA KUTAA 10FFAA MANA BARUMSAA JIMMAA SADARKAA
LAMMAFFAA IRRATTI XIYYEEFFATE**

TAMASGEEN SANBAABAATIIN

GORSAAN: TASHOOME BALAAYINEE (PHD)

AANTEEN: CIMDII WAAQUMAA (ASS.PR)

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI
OGBARRUU BARSISUU GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVERSIITHI JIMMAA,
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANITHI, DAMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

HAGAYYAA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

MIRKANEEFFANNAA

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras Yuunvarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uu isaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nimirkaneessa.

Maqaa: Tamasgeen Sanbaabaa Qorichoo

Mallattoo_____

Guyyaa _____

IBSA WARAQAA MIRKANEEFFANNAA

Yuunivarsiitii Jimmaatti Dhaabbata Qorannoo Digirii Eebbaan Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuu guuttachuuf qophaa'e Tamasgeen Sanbaabaa, mata duree: "Xiinxala Hariiroo Hirmaannaa Dareefi Firii Madaallii Barattoota" Barattoota Kutaa 10ffaa Manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa 2ffaa Afaan Oromoo Akka Afaan Tokkoffaatti Baratan jechuun qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Qaama mirkaneesse

Gorsaa Dursaa: _____ mallattoo_____ Guyyaa_____

Gorsaa Aantee:_____ mallattoo_____ Guyyaa_____

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____ mallattoo_____ Guyyaa_____

Qoraa Keessaa_____ mallattoo_____ Guyyaa_____

Galata

Mat-duree qorannoo kanaa filachuurraa eegalanii hanga xumura kanaatti yaada gabbataa anaaf kennuun akkasumas, na qajeelchuun dadhabbiifi nuffa tokko malee yeroofi beekumsa isaanii gumaacha kan naaf godhan gorsaa koo Dr. Tashoomee Balaayinee galata onneerraa madde dhiyeessuun baay'ee isaan galateefadha. Itti aansuunis, qorannoo kana wayitan gaggeessu humna isaanii osoo hinqusatiin akkasumas, yeroo isaanii naaf wareeguun gaaffilee qorannoo kanaaf qophaa'an naaf guutuun hirmaannaa guddaa kan naaf godhan barsiisotaafi barattoota Manabarumsaa Jimmaa Sadrkaa 2ffaa galatni ani isaaniif qabu baay'ee olaanaadha. Dabalataanis, waraqaa qorannoo naaf baay'isuun, waraqaafi meeshaalee barbaachisu maraan nacinaa dhaabbachuun kan na tumsaa turan hooggantoota manabarumsaa SOS Heermaan Gimaayiner Jimmaa baay'ee galateeffadha. Keessumattii Mitikkee Wadaajoo galanni isheef qabu baay'eedha. Kana malees. Yeroo hundaa ana cinaa dhaabbachuun humnaan, yaadaan, maallaqaan deggersa barbaachisaa ta'e naaf gochuun qorannoo kiyya akkan xumuruu danda'u kan nataasisan maatii koo hundaafi obboleessa koo Siisay Sanbaabaafi maatii isaaf galatni ani isaaniif qabu daangaa hinqabu. Kanuma irratti dabalun, beekkumsaafi humna isaanii osoo hinqusatiin deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda kan naaf taasiisaa turan waahiloota kiyya hundaa keessattuu, barsiisota manabarumsaa SOS sadarkaa lammaffaa galatni isaaniif qabu baay'ee olaanaadha. Hundaa ol immoo qorannoo kana jalqabsiisee kan na xumursiise, Waaqayyoof galanni haaga'u!

Axereeraa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Xiinxala Hariiroo Hirmaannaa Dareefi Firii Madaallii Barattootaa Manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan xiinxaluudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'achuuf qorataan ragaawwan qorannichaa funaanuuf mala qorannoo makaa gargaaramee jira. Qorataan manabarumsaa Jimmaa sadarkaa lammaffaatti argaman keessaa kutaa 10^{ffaa} mala carraa kaayyeffataan filatee jira. Odeeffannoo kennitoonni barattoota 40fi barsiisota 3 mala iddatteessuu kaayyeffataan hirmaatanii jiru. Gama meeshaa funaansa ragaatiin bar-gaaffii barattoota qofaaf, af-gaaffii immoo barattootaafi barsiisotaaf, habuurraa daree barataa, barsiisaafi haala daree ilaallatu qopheessuun akkasumas, sakatta'a karoora guyyaafi kuusaa qabxii barattootaa sakatta'uun ragaa funaaname hammamtaafi akkamtaan ragaan walitti qabame addaan qoodamuun mala walmaddeen xiinxalamee jira. Argannoon qorannoo kanaas, barattoonni mana barumsaa Jimmaa Sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barachaa jiran dhiibbaa barattoonni daree keessatti baay'achuun, naamuusa daree, barattoonni fedhii dhabuufi hirmaannaan maatii gadaanaa ta'uu irraa kan ka'e hirmaannaa daree irratti hirmaannaa isaan taasisan gadaanaa ta'uu irraa kan ka'e firiin madaallii isaanii gadi bu'aa ta'uu bira gahamee jira.

Kanumarraa ka'uun qoratichi yaada furmaataa armaan gadii yoo kaa'u, barattoonni gosoota hirmaannaa kamiifuu xiyyeeffannoo kennanii hirmaannaa ho'aa osoo taasisan gaarii ta'uu akkasumas, shaakala kenname kan hojjetan qabxii argachuu qofarratti osoo hinxiyyeeffatan ta'e, madaallii madaalamanis hammam hubadheen jira kan jedhurratti osoo xiyyeeffatan gaarii ta'uu qorataan heeruu kennee jira. Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan ilaalchisees, hirmaannaa daree isaan gargaaraman muraasa. Akka argannoo kanaatti kanneen argaman marii daree, dhiyeessa daree, hojii manaafi abbaltii duwwaa waan ta'eef malleen baruubarsiisuu adda addaatti osoo fayyadaman gaarii ta'uu akkasumas, gosoota madaallii garaa garaa osoo gargaaramaniifi madaallii kennaniif dubdeebii battalaa osoo kennan gaarii ta'uu, barattoota hirmaannaa hintaasifne addaan baasanii osoo gargaaran barattoonni kaka'umsa horatanii qabxii barnoota isaanii fooyyeffachuu ni danda'u kan jedhu kaa'a.

Baafata

| Qabiyyee | Fuula |
|---|--------------|
| Galata | iii |
| Axereeraa | iv |
| BOQONNAA TOKKO | 1 |
| 1.1. Seen-duubee Qorannichaa | 1 |
| 1.2. Ka'umsa Qorannichaa | 4 |
| 1.3. Kaayyoo Qorannichaa | 4 |
| 1.3.1. Kaayyoo Gooroo | 5 |
| 1.3.2. Kaayyoo Gooree | 5 |
| 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa | 5 |
| 1.5. Daangaa Qorannichaa | 5 |
| 1.6. Qindoomina Waraqaa | 6 |
| BOQONNAA 2: SAKATTA'A BARRUU | 6 |
| 2.1. Maalummaa Hirmaannaa Daree | 7 |
| 2.2. Kaayyoo Hirmaannaa Daree | 9 |
| 2.2.1. Bu'aa Qabeessummaa Hirmaannaa Daree Barnootaa Guddisuu | 10 |
| 2.3. Gosoota Hirmaannaa Daree | 12 |
| 2.3.1. Gaaffiifi Deebii | 12 |
| 2.3.2. Marii Garee | 12 |
| 2.3.3. Falmii | 13 |
| 2.3.4. Dhiyeessa Daree | 13 |
| 2.3.5. Gahee Taphachuu | 14 |
| 2.4. Madaallii Barataafi Kaayyoo Isaa | 15 |
| 2.5. Gahee Barsiisaa | 17 |
| 2.6. Gahee Maatii | 18 |
| BOQONNAA 3: MALLEEN QORANNICHAA | 19 |
| 3.1. Saxaxa Qorannichaa | 19 |
| 3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa | 19 |

| | |
|---|-----------|
| 3.3. Irraawwatama Qorannichaa..... | 19 |
| 3.4. Iddattoo Fi Mala Iddatteessuu Qorannichaa..... | 20 |
| 3.5. Meeshaalee Odeeffannoo Ittiin Funaaname | 20 |
| 3.5.1. Bar-gaaffii | 20 |
| 3.5.2. Af- gaaffii..... | 21 |
| 3.5.3. Daawwannaa Xiyyeeffataa..... | 21 |
| 3.6. Adeemsa Qorannichaa..... | 21 |
| 3.7. Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffame | 22 |
| 3.8. Naamuusa Qorannichaa..... | 22 |
| BOQONNAA 4: RAGAA XIINXALUUFU HIIKUU..... | 23 |
| 4.1. Haala Hirmaattotaa..... | 23 |
| 4.2. Xiinxala Ragaalee Akkamtaa (Qulqulleeffataa)..... | 24 |
| 4.2.1 Xiinxala Ragaalee Dawwannaa Daree irraa Walitti Qabamee Hiikame | 24 |
| 4.2.2. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barattootaaf Dhiyaateraa Argame | 33 |
| 4.2.3. Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaateraa Argame | 35 |
| 4.3. Xiinxala Ragaalee Hammamtaa (Safarataa)..... | 37 |
| 4.3.1. Xiinxala Ragaalee Bargaaffii Barattootaa Irraa Argame..... | 37 |
| 4.4. Walmaddee (Correlational Method)..... | 54 |
| BOQONNAA 5: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA | 57 |
| 5.1. Guduunfaa (Conclusion) | 57 |
| 5.2. Argannoo (Finding)..... | 57 |
| 5.3. Furmaata..... | 58 |
| Wabiilee | 59 |
| Dabalee..... | I |

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Hirmaannaan daree jireenya barataa keessatti bakka guddaa qaba. Dalagaalee garaagaraa daree keessaatti kennaman barsiisuuf haala mijeessa. Tokko tokkoon sochii, kaayyoon isaa barattootni barnoota isaanii akka guddifatan carraawwan kennuufi dandeettii isaanii cimsa. Beekumsa haaraafi muuxannoo isaanii baasanii gargaaramuun ogummaa barachuu horachuu danda’u. Barattoonni yeroo dalagaalee kanneen odeeffannoo addaa barbaadaniif ragaalee walitti qabuun dandeettii barachuu isaanii guddifatu. Hirmaannaan barattootni dandeettiwwan afaanii murteessoo ta’an akka dagaagfatan jajjabeessa. Tooftaaleen madaallii darees dhimma kanarratti gargaartuu ta’uu danda’a. Barsiisotaafi barattoota gidduutti walitti dhufeenya jiru hojjetanii agarsiisuu waliin baayyee barbaachisaadha jedhamee amanama. Qorannoo dhimmaafi rakkina irratti hundaa’e barattoonni barumsa jireenya isaanii dhugaa keessatti yaada murtaa’aa ta’e akka raawwatan isaan dirqisiisa (Chikoko et al. 2015).

Barattootni wayitii daree barnoota afaaniitti hirmaannaa si’ataa akka taasisaniif barsiisotni gargaaran murtoo barattootaa irratti dhiibbaa ilaalchaa uumu. Sababni isaas, barattoonni kitaaba baratan irratti amantummaa isaan qaban gadaanaa waanta’uuf kun immoo tarii qabxii gadaanaa argamsiisuu danda’a. Akkasumas, barattoota isaanii kanneen dhiyeenyatti beekaniifi maqaa isaaniin waaman daree keessatti akka hirmaatan kakaasuufi ga’umsa, argamaniifi gargaarsa ta’anii argamuu ture (Bosen, 2010; Champman, 2003; Hrrington et al, 2015). Kun kan agarsiisu daree barnootaa keessatti eenyummaa barataa kan ibsuufi qalbii isaanii harkisu murtoo barnoota isaaniif qaban dabaluuuf kanneen gargaaran barbaachisummaa adeemsa baruu barsiisuuti. Hirmaannaan daree dhimma barachuu barattootaati. Barattoonni daree barnootaa keessatti yeroo dubbatan, karaa kanneen biroo hubachuu danda’aniin yaada isaanii ibsuun baratu. Gaaffilee yeroo gaafatan dhimmi waa’ee mataduree tokkoo yaada mataa isaanii gabbifachuuf odeeffannoo akkamiin argachuu akka danda’an baratu.

Hirmaannaan daree barsiisotaafis meeshaalee baruu barsiisuu ta’uun tajaajila. Gaaffilee barattootaan, wanta hinhubatiin baratu, qajeelfamas sababuma kanaan sirreessuu danda’u. Garee fuulduratti dubbachuun ga’eessota baay’eef salphaatti akkuma hindhufne, daree keessatti dubbachuun garuu barattoota danuuf waldhaansoodha. Waldhaansoon kun daree keessatti mataa isaa karaalee garaagaraa ibsuu danda’a. Gaaffilee deebisuuf eeyyamamaa ta’uu dhabuun, gargaarsa gaafachuuf, sochiiwwan gareewwan xixiqqaa keessatti dubbachuu dhabuun, daree keessattillee dubbachuu dhiisuu. Gaheen barsiisaa caalmaatti barataatti haalli gaariin akka itti dhagahamu, ofitti amanamummaan isatti akka dhagahamuufi dubbachuuf sodaa itti dhagahamu akka hir’isu kan isa gargaaru haala gaarii uumuudha.

Barattooni gaaffilee akka gaafataniif haala kaka'umsaa uumuu, barattootaaf gaaffilee gaafachuu akka danda'an ifa gochuu, gaaffii isaanii bakka ifa hintaane agarsiisuun akka hubatan eeruu. Gaaffii dadhabaa kan jedhamu akka hinjirre hubannoo kunnuufi barattooni hiriyyoota daree isaanii waliin akka hojjetan eeyyamuun barbaachisaadha. (Black, P. and D. Wiliam. 1998)

Hirmaannaa taasisaniif kabaja agarsiisuuniifi deebiiwwan gaaffileef yaadaman deebii kennuun akka hirmaataniif ija jabina akka argataniif gargaaruu, yeroo dubbatanitti xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu, waa'ee barataa sanaa yaadota haqa ta'an argachuuf yaaluu. Fakkeenyaaf kun yaada qabxii gammachiisaadha, karaa kana yaadi yookiin kun dhuguma yaada kalaqaati, milkaa'ina milkeessuuf muuxannoo haasaa isaanii qindeessuu, deebii kennuu akka danda'anitti gaaffii ifaa ta'e gaafachuu. Hirmaannaa daree to'achuu, eenyu akka hirmaataa jiruufi hinhirmaanne beekuuf gargaara. Hirmaannaa barataa hordofuuf karaa salphaan minjaala ofiirra boca hordoffii kaa'uun barattoota hirmaannaa taasisan maqaa isaanii fuulduratti mallattoo kaa'uu. Yeroo fudhachuun dhuunfaan barataa sana faana haasa'uuf barataan dandeettii walii galuu akka shaakalu carraa kennuu. Baratichi nama tokko waliin haasa'uuf caalaatti gammachuun akka itti dhagahamuuf gargaaruudha. Waan ta'eef yeroo booda garee dura dhaabbatani haasa'uuf caalmaatti ofitti akka amanan itti dhagahama. Sochiiwwan jaallataniifi fedhiiwwan isa waliin haasa'uuf yeroo daqiiqaa muraasa qabaachuu, yookiin sagantaa asoosamaa yookiin hojii barreeffamaa yeroo hojjetan waliin dubbachuu. Cook-Sather, A. (2014)

Hirmaannaan barataa akka dabaluuf wanta barataa ilaallaturratti itti gaafatamummaa kennuu, baratichi itti gaafatamummaa fudhate sana akka raawwatuuf jajjabeessuun barbaachisaadha. Garuu haala qixaan akka raawwatan erga mirkanaa'ee booda gara boodatti jechuun barbaachisaa miti. Fakkeenyaaf, gaaffilee daree keessaa deebisuu, hojii daree hojjechuu, hojii garee irratti hirmaachuu, barreeffama dubbisuu, battallee, hojii manaa, abbaltii, qormaata akkasumas mataduree isaan beekan irratti kan hojjetu garee xiqqoo gaggeessaa akka ta'u jajjabeessuun ni danda'ama. Dalagicha waliin wal'aansoo qabuuyuu raawwii isaa jajuu dagatamuu hinqabu. Rakkoo haasaa yookiin afaanii jiraachuu mirkaneeffachuuf baraticha ilaaluun barbaachisaa ta'a, barataan tokko rakkoo haasaa waan qabuuf yookiin yaada isaa jechootaan rakkoo ibsuu waan qabuuf daree keessatti dubbachuuf rakkata. Rakkooleen dubbachuu yeroo baayyee barsiisotaaf ifadha. Ta'us, rakkoolee itti fayyadama afaanii caalaatti cimaa ta'uu danda'a. Hirmaannaa barataa milkeessuu keessatti hirmaannaan maatii, manabarumsaafi kitaabni barataas shoora olaanaa qabu. Barataan hirmaannaa daree irratti hirmaatuufi hinhirmaanne madaallii ykn qormaata kennamuun madaallii isaanirratti garaagarummaa uumuu danda'a. Madaalliin xumuraa hunda

galeessaafi bu'aawwan barachuu ilaallata. Waa'ee milkaa'ina barataa odeeffannoo kennuuf yeroo baayyee barbaachisaa ta'us, barattoonni akka itti fayyadamaniifi bakkeewwan sirreeffamaaf adda bahan irratti fooyya'insa akka agarsiisan carraa osoo hinkenniiniifi barsiisichi wayitii barnootaa tooftaa barsiisuu isaa akka fooyyeffatu kan isa dandeessisu carraa hinkennu (Maki,2002. Ful,11).

Unki inni lammaffaan, madaallii walitti fufaa adeemsa keessa barnoota barataa madaaluu dabalata. Kaayyoon bu'uuraa adeemsa barumsaa keessatti barnoota barattootaa guddisuuf sadarkaa firii barattootaa tilmaamuufi safaruuf oola. Barsisonni raawwii barattootaa madaallii ga'umsaan raawwachuufi firii isaaniif qooduun barattoonni ciminaafi hanqina isaanii akka hubataniifi yeroo hafaa barnoota isaaniitti akkamiin fooyyessuun akka isaanirra jiru akka xiinxalaniif isaan gargaara (Maki, 2002, Ful, 11). Unka madaallii firii barattootaan booda jechi madaalliif kenname caalaa barachuu barataati yaada jedhu irratti waliigalu. Kanaaf, fooyya'uun qabxii dhumaaf qofa osoo hintaane yaada akkamiin jedhurratti xiyyeeffannoo barbaada, firiwwan ni uumamu firiwwan uumaman duubaan madaaluu jechuun gara barnoota nuti yaannutti kan geessan adeemsawwaniifi haalota xiyyeeffannoon ilaaluu jechuudha (Hutchings, 1992. Ful, 6). Barattootni wantoota cimina, dadhabinaafi dhimmoota biroo adda baasu dubdeebii kan itti argatan hojiiwwan gara fuula duraaf barattoota gudduutti mariiwwan taasifamaniifi qormaata xumura daree barattootaaf bakkeewwan barbaachisoo akka adda baafataniif carraa kan kennu guddina mataa isaaniif barbaachisa (Brown and Knight, 1994).

Afaan Oromoo jaarraa hedduudhaaf sirna mootota darbaniin hawaasni Oromoo afaan isaan akka hindubbanneefi mana barnootaa keessatti akka gosa barnoota afaanii tokkootti hinbaranneef hakuuccaafi jibbiinsa cimaatu irra ture. Yeroo ammaan kana garuu, naannoo Oromiyaa keessatti akka afaan dhalootaatti baratamaa jira. Hirmaannaa barattoonni Afaan Oromoo barnoota daree keessattiifi dareen alatti taasisan akkasumas, gaheen maatii, gaheen barsiisaa fi manabarumsaa dandeettii barattootaa guddisuufi fooyya'insa qabxii isaaniitiif daran murteessaadha. akkasumas, hariiroo hirmaannaa dareefi firii barattootaa gidduu jiru beekuun baayyee barbaachisa. Bu'uuruma kanaan qoratichi barattoonniifi barsiisonni Manabarumsaa Jimmaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa wayita Afaan Oromoo daree keessatti hojiirra oolchan hammam hirmaannaa taasisu, akkasumas qabxiin barattootaa maal fakkaata? jedhu irratti hundaa'uun hariiroo hirmaannaa barataafi firii madaallii isaanii gidduu jiru maal akka fakkaatu adda baasuun ibsuuf qorannoo gaggeesseera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorataan yommuu sadarkaa lammaffaa keessatti Afaan Oromoo barsiisaa turetti wanti inni hubate, hirmaannaa barattoonni daree keessatti qaban gadaanaa ture. Waan kana ta'eef hirmaannaa barattootaafi firii qabxii barnootaa isaanii gidduutti garaagarummaan nimul'ata ture. Qorataan waan argeefi muuxannoo qabu irraa ka'uun barattoota kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barachaa jiran adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii gidduu jiru maal akka fakkaatu xiinxaluu, akkasumas; danqaalee hirmaannaadaree addaan baasuuf qorannoo gaggeessee jira. Dalaga hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii irratti jiru ilaalchisee hirmaannaa barattootni Afaan Oromoo qaban adda baasuun barbaachisaadha. Kana jechuun, karaa hordoffii, fedhii, kaka'umsaa, ilaalchaa, dandeettii barattootaa, haala kenniinsa barnoota Afaan Oromoo, akkaataa hirmaannaa dareefi akkaataa kenniinsa madaallii walitti fufaa akkasumas, barattoota baay'ee hirmaatan, giddu-galeessaan hirmaatan, warra hinhirmaanne, warra qabxii olaanaa galmeessan. warra giddu-galeessa galmeessaniifi warra gadaanaa galmeessan irratti xiyyeeffatanii sakatta'uun bu'aa guddaa argamsiisa. Kana ta'uu baannaan baruu barsiisuu barnoota Afaan Oromoo galmaan ga'uuf rakkisaa ta'a.

Adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessatti malli hirmaannaan dareefi firiin madaallii ittiin hojiirra oolu beekuun barbaachisaadha. Sababni isaas, barattoonni kunneen hagam barnoota daree keessaatiifi dareen alaatti kennamaa jiru hordofaa jiru? isa jedhu adda baasuuf gargaara. Ka'umsi qorannoo kanaas, baruu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} baratan hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barattootaa gidduu jiru xiinxaluun adda baasuuf gaaffilee armaan gadiittiif deebii barbaaduu ta'a.

1. Hariiroon hirmaannaa dareefi firii madaallii barattootaa gidduu jiru maal fakkaata?
2. Fedhii barattootni hirmaannaa dareerratti qaban maal fakkaata?
3. Hirmaannaa dareefi madaallii barataa keessatti malleen barsiisonni gargaaraman maali?
4. Wantootni hirmaannaa dareerratti danqaalee ta'an maalfaati?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo galmaan gahuuf gaggeeffamu qaba. Kaayyoon kunis gooroo fi gooreetti qoodama.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10^{ffaa} keessatti hariiroo hirmaannaa dareefi firi madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu xiinxaluudha.

1. 3.2. Kaayyoo Gooree

- A. Hariiroo hirmaannaa dareefi firi madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu mul'isuu.
- B. Fedhii barattoonni hirmaannaa dareerratti qaban maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsuu.
- C. Hirmaannaa daree keessatti malleen barsiisonni gargaaraman maal faa akka ta'an mul'isuu.
- D. Danqaalee hirmaannaa daree kanneen ta'an adda baasuun ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaa qorannoo yommuu jedhamu bu'aa qorannoo kanaatti eenyufaatu fayyadama? gaaffii jedhu deebisa. “Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mataduree qoranni irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hundaa'a.” (Addunyaa, 2011:55). Haaluma kanaan bu'aa qorannoo kanaatti namoonni adda addaa dhimma ba'uu danda'u. Barsiisonni Manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoonni adda durummaan itti ni fayyadamu. Qabxii barattootaa fooyyessuu keessatti qaamni dhimmi ilaalu eddoo rakkoo bu'aan qorannoo kanaa heeru irratti xiyyeeffatanii furmaata inni laatutti fayyadamuun akka dalagan ni gargaara. Manneen barnootaafi qaamni dhimmi ilaalu hariiroon hirmaannaa dareefi firiin madaallii Afaan Oromoo maal akka fakkaatu qorannoo kanarraa addaan baafachuuf akka ragaatti itti ni gargaaramu. Akkasumas; qorattoonni biroos qorannoo kana akka odeeffannoo dabalataatti itti garagaaramuu ni danda'u.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan adeemsifame Godina Jimmaa Magaalaa Jimmaa Manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10^{ffaa} keessatti barattoota Afaan Oromoo barataniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irraatti kan xiyyeeffate yommuu ta'u kunis, hariiroo hirmaannaadareefi firi madaallii barattootaa gidduu jiru maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti qofa kan daanga'edha. Sababni mana barumsaa kana irratti daangeffameefis, barattootniifi barsiisotni Afaan Oromoo hirmaannaa hojii daree fi firi madaallii barattootaa akkaataa qulqullina qabuun hojjechuu isaaniirratti hanqinni jiraachuu isaa hubannoo waan qabuufidha.

1.6. Qindoomina Waraqaa

Qorataan yeroo qorannoo kana gaggeessetti hanqinoonni garaagaraa mul'achuu danda'aniiru. Isaan keessaa inni tokko barruuleen mataduree qorataan hojjetu irratti barreeffamanii jiran baay'inaan argamuu dhabuu. Inni biraan hanqina maallaqaafi gabaabina yeroo irraa kan ka'e qorataan manneen barnootaa walfakkaatan adda addaa irratti gaggeessuu dhabuu. Karaa biroon qorannoon kun osoo mana barumsaa kana keessatti barattoota garee lamatti qooduun kanneen hirmaataniifi hinhirmaanne giddu garaagarummaa jiru irratti qorannoon gaggeeffameera ta'e gaarii ture. Garuu sababa haala hojii qoratichaatiin kan walqabateefi hanqina yeroon akka barbaadametti qoratichi yeroo ofii guutummaan guutuutti hojii kanaaf oolchuun rakkisaa waan tureef manabarumsaa tokko qofaarratti gaggeessuuf dirqamameera. Haata'u malee, tattaaffii dhuunfaan qoratichi rakkoo odeeffannoo funaanuufi qindeessuu keessatti isa mudatan waliin qabsoo taasisuun hojiin qorannoo kanaa milkaa'inaan akka raawwatamu ciminaan hojjetee jira. Kunis qoratichi qorannoo Afaan Ingilizziin dalagaman akka wabiitti itti gargaaramuufi adeemsa isaanii ilaaluun adeemsa qorannoo kanaaf haala mijeessuuf rakkoo karaa baajataa haala adeemsa baasii xiqqaa fixuun fayyadamuun baasii mataa ofiitiin ragaa funaannachuufi gorsaan walqunnaamuun rakkoon kun akka furamu ta'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

2.1. Maalummaa Hirmaannaa Daree

Hirmaannaan daree tooftaalee madaala hirmaannaa ibsuuti. Madaallii gosa barnootaa hundaa ibsa. Barachuun hirmaannaa si'ataa gaafata. Barataafi dalagni barataa (Mercer, 2019), adeemsa baruu barachuu keessatti hirmaannaan baay'ina barattootaafi qulqullina barnootaa ibsa. Dalaga barnoota afaanii yookiin sochii keessatti hirmaannaa ho'aaf barataan haammatame si'aayinaan hirmaata, barnoota mataa isaaniif kuteeyyota. Hirmaannaa malee barnoota qulqullina qabu argachuun kan hin danda'amnedha. Barnoota ammayyaawaa beekkamtii argate keessatti hirmaachuun qorannoowwan baay'ee beekamoo ta'an keessatti takko akka ta'u taasiseera (Sinatra et al., 2015, Ful, 1). keessumattuu barnoota afaanii, dalaga barataa yaada bu'uura barnootaa walitti dhufeenya ijoofi malleen walitti dhufeenyaa keessatti seeneera. Fayyadama afaaniifi raawwii kanneen ilaalan adeemsa afaan barachuufi barsiisuu guddina afaaniif murteessaa, dabalataan daandii yaada bishaataa argachuun yaada karoora hedduu argamsiisa. Barachuun kan raawwatu akkaataa itti fayyadama afaanichi qabuuni.

Hirmaannaan daree keessumattuu barsiisaafi ogeessotaaf xiyyeeffannoo kan uumu tahaa dhufee jira. Saayinsii barnootaafi saayikoloojii barnootaa keessatti qaama hojii cimaa ta'ee jira (Fredricks et al, 2019). Qorannoowwan hedduun isaanii akka ibsanitti hirmaannaa barataa irratti yaada bu'uuraafi yaada karooraarratti xiyyeeffata. Dhimmoonni fakkeenyaaf (Lawson, 2013; Reschly fi Christenson, 2012), tooftaaleefi yaanni bu'uuraa, modeloota yaada bu'uuraa baayyee adda adda ta'uu isaanii waan mirkaneeffataniif hirmaannaa barattootaa qorachuuf tooftaalee tajaajilan garaagarummaa kanneenii ibsu. Fakkeenyaaf, dhimmoota barnootaarratti gabaasa hirmaannaa sirrii jedhamu ibsuuf kan yaale hinjiru jedhu (Christenson et al., 2012; Fredricks et al., 2019).

Sababuma kanaan tilmaama keessa yeroo galu bifoote tooftaaleefi qulqullina qorannoo eeggateen hojjechuuf gorsawwan jarreen kanaa fudhachuufi bu'aa qorannoo kanaan booda fooyyessee gabaasa dhiyeessuuf qorannoo bifa qulqullina qabuun madaaluun hirmaannaa barattootaa tooftaalee fayyadaman bal'inaan sakkatta'uun ibseera (Siddaway et al., 2019). Amaloota hirmaannaa barnoota afaanii barachuu keessatti hirmaachuun amaloota dalaga hirmaannaa yaada bu'uuraati (Skinner fi Pitzer, 2012). Garaagarummaan yoo jiraatu hirmaannaan ilaalachaafi yaadota kennuu amalli hirmaannaa kanaa hiika irratti tokkummaa waan qabuufi (Reschly fi Christenson, 2012).

Armaan oliitti akkuma eerameen hirmaannaan hirmaannaa si'ataa hammam akka qabu agarsiisa. Barataan dalaga barachuu keessattiifi qaama sammuun sochii hammamii akka ta'e xiyyeeffannoo galmaafi kaayyoo dhumaa hirmaannaa jijjiiramaafi baduu kan danda'udha (Appleton et al, 2008). Hirmaannaa barnoota waliin walqabsiisuun wixinee barnoota afaaniif hirmaannaan barbaachisummaa safartoo hedduufi haala naannoo yeroo waliin barnoota dalaga irratti hundaa'eefi walsimsiisuu dabalatee hirmaannaan dhugoomuu danda. Barnoota afaaniif hirmaannaarratti hojii kan jajjabeessu qabxiin tokko barataan hundi xiyyeeffannoofi hirmaannaa taasisuu qaba jedha (Svalberg, 2017).

Gara mataduree hirmaannaatti osoo hin seeniin dursa barattoota keenya waliin hirmaannaa ho'aan akka barbaachisuufi hirmaannaan qabxii irratti kan bu'uureffate ta'uu akka hin qabne dursa ifa taasisuu qabna.. Akkasumas, hojiiwwan walii galaafi gaaffilee qormaataa daree keessatti dalagaman waliin walitti dhufeenya kan qaban ta'uu isaa mirkaneessuun ni danda'ama. Sochiiwwan hirmaachistoonni daree keessatti taasisan wantoota kanaan booda raawwatamaniif ka'umsa ta'a. Daree keessatti miira keessatti hirmaachuu barnoota barattootaa yookiin ilaalcha ogummaafi dandeettiiwwan akka dagaagu ragaalee murteessoo ta'an ibsuu danda'a. Amala dhuunfaa isaaniifi ilaalacha kanneen baruuf qaban, kan dhuunfaafi dandeettii waliigaltee isaanii, dandeettii garee isaanii, gaggeessummaa isaaniifi kanneen biroon irra caalaatti mirkanaa'uu danda'u. Bu'aawwan barachuu si'ataa ta'e kanneen agarsiisanidha. Barattoonni hirmaannaa gahee taphachuu keessattiifi fakkeessuu keessatti hirmaachuun rakkoolee ogummaa isaan mudatuuf yeroo furmaata laatan yookiin hirmaannaa sarararraa akka gabateewwan marii yookiin maxxansaaleen hirmaannaa gochuun madaallii gaafachuu danda'a. Barnoota sirriifi madaallii sirrii kanneen tooftaalee madaallii haammatan barumsa kalaqaa barbaadu. Kanaaf tarsiimoo barnootaa hirmaachisoo ta'an waliin walsimatu (Sambell, McDowell and Montgomery 2013, F. 10).

Barattoonni akka madaalliitti barumsicha dalagaalee miira dhuunfaa kakaasan kanaaf akka hirmaannaatti gargaaruu danda'a waan ta'eef kaka'umsa barataa isaaniif hiika cimaa ta'e kan qabu murtoo dalagaatiif itti mul'isa. Haalota gosa akkasii qulqullina hirmaannaa barataa tilmaama keessa galchuun barbaachisaa ta'a. Hirmaannaan barattootaa tooftaalee barsiisuu keessaa tokko. Itti fayyadamuuf salphaa, kallattiin kan eegamuufi yeroo baay'ee kaayyoo barachuu galmaan gahuun baay'ee milkaa'oo itti fayyadama adda addaaf of yaadachiisuun gaariidha. Keessumaa guyyaa kana barattoonni akka hirmaatan gochuun murteessaadha. Barsiisaan yeroo barsiisu fedhii barattoota hundaa walqixa eeguun ulfaataadha. Sagalee biraa dhagahuuf, deebii kennuuf, gaaffii gaafachuuf gargaara, akkasumas ilaalacha yookaan yaada biraa laachuuf gargaara. Gaaffii gaariin fedhii

isaanii kakaasuuf, maaliif akka ta'e akka yaadaniifi qabiyyee isaa waliin tokkummaa akka uumaniif isaan kakaasa. Barattoonni yeroo gaaffii deebisan yookiin ibsuuf yeroo yaalan barsiisonni dandeettii hubachuu isaanii ni hubatu. Barattoonni sirriitti kan hinargatiin sirreessuu danda'u (Maryellen Weimer, PhD, 2011).

2.2. Kaayyoo Hirmaannaa Daree

Hirmaannaan daree jireenya barataa keessatti bakka guddaa qaba. Dalagaalee garaagaraa daree keessatti kennaman barsiisuuf haala mijeessa. Beekumsa haaraafi muuxannoo isaanii baasanii gargaaramuun ogummaa horachuu danda'u. Barattoonni yeroo dalagaalee kanneenii odeeffannoo addaa barbaadaniif ragaalee walitti qabuun dandeettii barachuu isaanii guddifatu. Tarkaanfii biraa isaaniif argame addunyaa irra jiraatan kanarratti adeemsiisuufi hojiirra oolchuudha. Barattoonni wantoota kanaan dura argatan ibsuun kana raawwachuu qabu. Barattoonni sochiiwwan kanneenitti bashannanaa jiraachuu isaanii mirkaneessuun dalaga barsiisaati. Dalagaalee kanneen keessatti hirmaachuu gara barsiisa eerametti raawwachuufi dubdeebii kennuutti geessa. Barattoota gidduutti miira waldorgommii uuma. Hirmaannaa barattoota dandeettiiwwan murteessaa ta'an akka dagaagfatan jajjabeessa. Tooftaaleen madaallii darees dhimma kanarratti gargaartuu ta'uu danda'a. Barsiisotaafi barattoota gidduutti walitti dhufeenya jiru hojjetanii agarsiisuu waliin baayyee barbaachisaadha jedhamee amanama. Barattootni yeroo wayitii daree barnoota afaaniitti hirmaannaa si'ataa akka taasisaniif barsiisonni gargaaran murtoo barattoota irratti dhiibbaa ilaalchaa uumu. Sababni isaas, barattoonni kitaaba baratan irratti amantummaa isaan qaban gadaanaa waanta'uuf, kun ammoo tarii qabxii gadaanaa argamsiisuu danda'a (Chikoko et al., 2015).

Hirmaannaan daree dhimma barachuu barattootaati. Barattoonni daree barnoota keessatti yeroo dubbatan, karaa kanneen biroo hubachuu danda'aniin yaada isaanii ibsuun baratu. Gaaffilee yeroo gaafatan dhimmi waa'ee mataduree tokkoo yaada mataa isaanii gabbifachuuf odeeffannoo akkamiin argachuu akka danda'an baratu. Barsiisotaafis meeshaalee baruu barsiisuu ta'uun tajaajila. Gaaffilee barattootaan, wanta hinhubatiin baratu, qajeelfamas sababuma kanaan sirreessuu danda'u. Garee fuulduratti dubbachuun ga'eessota baay'eef salphaatti akkuma hindhufne, daree keessatti dubbachuun garuu barattoota danuuf waldhaansoodha. Waldhaansoon kun daree keessatti mataa isaa karaalee garaagaraa ibsuu danda'a.

Gaheen barsiisaa, caalmaatti haalli gaariin akka isatti dhagahamu, caalmaatti ofitti amanamummaan isatti akka dhagahamuufi dubbachuuf sodaa isatti dhagahamu akka hir'isu kan isa gargaaru haala gaarii uumuudha. Barattooni gaaffilee akka gaafataniif haala kaka'umsaa uumuu, barattootaaf gaaffilee gaafachuu akka danda'an ifa gochuu, gaaffii isaanii bakka ifa hintaane agarsiisuun akka hubatan eeruu. Gaaffii dadhabaa kan jedhamu akka hinjirre hubannoo kunnuufi barattooni hiriyyoota daree isaanii waliin akka baacani eeyyamu mirkaneessuu barbaachisaadha (Bosen, 2010; Champman, 2003; Hrrington et al., 2015). Hirmaannaan barataa akka dabaluuf wanta barataa ilaallaturratti itti gaafatamummaa kennuu, baratichi itti gaafatamummaa fudhate sana akka raawwatuuf jajjabeessuun barbaachisaadha. Garuu haala sirriin akka raawwatu erga mirkanaa'ee booda gara fuula duraatti butuurraa boodatti jechuun barbaachisaamiti. Fakkeenyaaf, itti gaafatamaa daree, dursaa garee, gargaaraa barsiisaa, yookiin mataduree inni beeku irratti kan hojjetu garee xiqqaa keessatti gaggeessaa akka ta'u jajjabeessuun ni danda'ama.

2.2.1. Bu'aa Qabeessummaa Hirmaannaa Daree Barnootaa Guddisuu

Hirmaannaan daree barnootaa amala wixinee koorsii barnoota baay'eeti. Yaadota beekumsaafi walitti dhufeenya gammachiisoo barattootaan uumamuufi daree keessatti naannoo barnootaa keessatti humna guddaafi fedhii guddisuu danda'a. Garuu hirmaannaan sirriitti hinqindoofne aaruu barsiisaafi bitaa galuu barattootaa uumuu danda'a. Kunis amaleeffannaan daree hundaa waliin marii dheeraa dabalata. Ta'us hirmaannaan barsiisotaafi barattoota gidduutti, yookaan garee barattootaa xiqqaa keessatti yaada gaggabaaboo waljijjiiruu dabalachuu danda'a. Ibsawwan madaallii keessatti hirmaachuu yoo haammate, maaltu akka uumuufi maaliif qaama hirmaannaa akka haammachiiste barattootaaf sirriitti beeksisuun barbaachisaadha jechuun kaa'u. Hirmaannaa bu'aa qophii barataa taasisanii yaaduu, ilaalcha barataa dabala, dandeettii waliigaluu isaanii akka mul'isaniifi gabbifataniif isaan gargaara Epstein & Van Voorhis (1988, 2001, F.181).

Hirmaannaan akkamiin madaalamuu akka danda'u barreeffama ibsu adda addatti qopheessun danda'amus hirmaannaan bu'aa qabeessi maal akka ta'e murteessuuf akka isaan gargaaruuf kan gaafatamaniifi barsiisaa waliin barreeffama tokko akka qopheessan barattoota gaafataman keessaa miira si'ataan akka hirmaatan argachuun ni danda'ama (Bean, J.C. & Peterson, D,1998). Kanaan dura barattootaan mareewwan bu'aa qabeessummaa isaan mudate akka adda baafatan gaafachuu (Hollander, J.A, 2002).

Hirmaannaan itti gaafatamummaa akka nama dhuunfaa tokkootti osoo hintaane akka itti gaafatamummaa daree guutuutti waliigala dhiyeessaarratti mari'atameera. Haala walitti dhiyeenya uumamurratti marii mijeessuuf, barattoonni hirmaannaa isaanii muuxannuu waliinii qooda fudhachuu godhanii ilaalu qabu. Barattoonni hiriyyoota isaaniif deebii akka kennan gafachuun mariidhaaf haala mijeessuuf gargaara. Akkasumas, hirmaannaawwan akkanaa karaa haqa ta'een jajjabeessuun miira waliigalummaa kanaa ijaara. Barattoonni gahumsaan hirmaachuuf dandeettiiwwan barbaachisan qabaachuu dhiisuu danda'u. Waa'ee hirmaannaa bu'aa qabeessaarratti maree taasifamu barataa keessatti iddoowwan hingabbifamiin agarsiisa. Koorsiiwwan turan irratti akkamitti akka hirmaataniifi gargaaraman tokko tokkoon fayyadamuu kan danda'an yoo ta'e gaafachuu (Hollander, J.A, 2002).

Dalagaalee marii irratti xiyyeeffatan kanneen akka dhimma qorannoo ibsaa, gahee taphachuufi barattoonni walii walii isaaniifi barsiisaa waliin akka dubbatan jajjabeessu. Bu'aa qabeessa ta'uuf garuu amaleeffannaan sararawwan yeroo dabalatee qajeelfamoota ifaa barbaadu. Tokko tokkoon waljijjiiruun, barattootaan sababa deebii isaaniin duuba jiru sakatta'uun, adeemsa dhiyeenya gaaffii gadi fageenyaa hordofuun danda'ama. Barattoonni jalqaba dhuunfaan deebii akka kennan gochuufi hiriyyoota isaanii waliin erga maryataniin booda irra deebi'anii akka deebisan gochuun barumsicha dheeressuun nidanda'ama yaada jedhu lafa kaa'u. Barattoonni yaadota hundumaa karaa barsiisaa darbuu akka qaban yoo hubatan barsiisaan eegduu hirmaannaa balbalaa ta'uufi itti gaafatamummaa waliinii guddisuun cimaa ta'a. Barattoota gara daree duraafi duubatti sochoosuu ykn geessuu yaaluufi barattoonni attamitti deebii akka kennan ilaalu. Tooftaan kun barattoonni jalqaba yaadichaarratti hirmaannaadhaafi tokko yookaan galmawwan hedduu akka baasaniif gochuun eegala (Hollander, J.A, 2002).

Akka Hollander, J.A. (2002) jedhutti galteewwan kunneen yeroo tokko keessatti qabatamaafi kan bira gahamuu danda'an ta'uu qabu, isaaniin bifa barreeffamaan barsisaaf dhiyeessuu qabu, Yoo xiqqaate al tokko yeroo dubbichaa barattoonni hirmaannaa mataa isaanii akka madaalan gaafachuu qaba. Waan gaarii maal hojjechaa jiruu? maaltu fooyya'uu qabaa? galma isaaniirratti guddina maalii argamsiisaa jiruu? hirmaannaa madaaluuf wixinee erga qopheessanii barattoonni sadarkaa qabxii mataa isaanii irratti hundaa'uun, mirkaneessa dareetiifi fooyyessuuf karoora qaban irratti sadarkaa qabxii eegameen gaditti yoo ta'e akka fooyyeffatan gaafachuu. Hirmaannaadhaafi miira itti gaafatamummaa barattootaaf kennuun baay'ee jajjabeessaa ta'uu danda'a. Daree bal'aa

keessatti yookaan daree xiqqaa hirmaannaa gadi aanaan jiru keessatti barataan tokko hirmaannaa jechootaa yeroo taasisu hiriyyaa daree isaan gamatti akka dhagahu rakkisaa ta'uu danda'a. Kun daree keessaa dhiiphina baay'ee hir'isuu danda'a. Sababni isaas barattoonni kan qooddatan yookin kan hirmaatan dhaggeeffachuu yoo hindandeenye xiyyeeffannoo kennuu dhabu. Irra deddeebiin, barattoonni ifatti akka dubbatan jajjabeessuu isaan barbaachisa. Barataa callisaan yeroo dubbachuu eegalu, barsiisaan itti siiquuf ilaalcha uumamaa qabu mormuufi bakka isaa daree biraa deemuu. baratichi wantoota tokko tokko irratti guddisee akka dubbatu ni jajjabeeffama.

2.3. Gosoota Hirmaannaa Daree

Barattoota hirmaachisuufi odeeffannoo akka qabaataniif, hubataniif gargaaruuf karaa filatamaan si'aayinaan hirmaachuu mirkaneeffachuudha. Kana raawwachuuf daree keessatti barnoota ga'eessotaaf gosoota hirmaannaa mijataa ta'an hedduutu jiru. Isaanis,

2.3.1. Gaaffiifi Deebii

Gaaffifi deebiiin barattoota kan ittiin hirmaachisan karaa baay'ee mijataadha, barsiisaan fayyadamuu kan danda'u gosoota gaaffilee adda addaatu jiru. Fakkeenyaaf, sobaafi dhugaa, bakka duwwaa, firoomsiifi deebii gabaabaa ta'uu danda'u. Hirmaattonni ofii isaanii gaaffilee akka gaafatan gaafachuu yookiin gareedhaan akka hojjetan gaafachuu fi akka waldorgommiitti illee gaaffilee qopheessuu ni danda'u, kanaanis, gaaffilee hedduu garee sirriitti argachuu danda'utu mo'ata. Gaaffii akka qormaataatti dhagahuurra miira isaa to'achuu qaba. Gaaffilee yoom fayyadamuu akka qabdu gaaffilee barattoonni kee mataduree tokko akka keessa deebituuf yoo barbaadaniifi akkasumas hubachuu isaanii yoo mirkaneeffatte gaarii ta'a jechuun ibsa (Dr. Kenneth Shore, Guraandhala 4, 2022, Ful, 18).

2.3.2. Marii Garee

Mariin garee yommuu gaggeeffamu kaayyoon marichaa qabiyyee barnoota sanaa barsiisuu akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Fayyadamaa ta'uuf maree hundeessuufi xiyyeeffannoo kennuun murteessaadha. Gaaffii tokkoon maree eegaluun nidanda'ama, adeemsa/tartiiba jiru eeguudhaan gaaffilee itti fufan akkaataa qabiyyichaan kennuun ni danda'ama. Gaaffiin kennamu gabaabaafi ifaa barattoonni gabaabumatti hubachuu kan danda'an ta'uu qaba, yeroo baayyee gaaffilee banaa ta'an fayyadamuu. Akkasumas, gaaffilee yaada dhuunfaa yookiin falmisiisaa ta'uu danda'u.

Gaaffileen dhunfaa hirmaattonni yaada dhuunfaa isaanii akka ibsan yookiin waan isaan mudate akka dubbatan dabalata. Marii gadi fageenyaa yoo barbaadame, gareewwan xixiqqaa hunduu akka hirmaatan waan jajjabeessaniif hirmaattonni gareewwan xixiqqoo keessatti akka hirmaatan jajjabeessuu. Sochii dhumaarratti gareen tokko tokkoon isaanii maree isaanii daree hafaniif akka dhiyeessan jajjabeessuufi isaan booda gareewwan hunduu wanta irratti mariyatan hunda daree hunda waliin akka ibsan taasisuu. Mareewwan yoom fayyadamuun akka irra jiraatu mariin bu'aa qabeessa akka qabaatu hirmaattonni wanta tokkorratti gadi fageenyaan irratti akka mariyataniifi ilaalcha, hubannoo kennuu cimsuu irratti dhimmoota qabiyyee barbaadame sanarratti malee raga qabatamaa kennuurratti xiyyeeffatamuu hinqabu (Cohen, 1972:2).

2.3.3. Falmii

Falmiin waldorgommiidha. Gareewwan yookiin namoonni dhuunfaa falmii isaanii dhiyeessuuf walii walii isaanii walloolu. Karaalee falmiin ittiin qophaa'u hedduutu jira. Garuu akkuma marii, falmiin sirriitti qindaa'uu qaba. Hirmaattonni mataduree murtaa'e tokkorratti sirriitti yoo beekan malee haala itti falaman yookiin dhimmi falmii kennuufiin murteessaadha. Hirmaattonni lamaan yookiin gareedhaan akka walfalman gaafachuu, garee tokko yookiin garee hirmaattotaa lama erga walfalmanii booda hirmaattonni biroo dhaggeeffachuufi garee kamtu falmii caalmaatti akka gaggeesse murtii kennuu. Adeensi falmii inni biraa ammoo, tokko tokkoon barattootaa yookiin gareen dhuma falmii irratti gara bukkeetti akka jijjiiran gaafachuu, falmiiwwan yoom fayyadamuun akka danda'amu barattoonni ilaalcha ofii qabaniin osoo gargaaraman irra caalaa bu'aa qabeessa ta'a (Wilsford 1995, Ful. 221).

2.3.4. Dhiyeessa Daree

Dhiyyeessi daree hirmaattonni garee xixiqqaatti qoodamuufi dhiyeessa qophii gabaabaa waliin akka qopheessaniifi daree fuulduratti akka dhiyeessaniif jajjabeessuu ilaallata. Hirmaattonni qophii dhiyeessaaf gara kutaa fuulduraatti dhufu, garicha keessaa tokko tokkoon namootaa dabaree dabareen isa qopheessan keessaa muraasa dhiyeessu. Leccaalloo jiruufi yeroo qaban irratti hundaa'anii kanneen akka paarpooyintii, fakkii, barreeffamaafi moodeloota gargaaramanii daree duratti bahanii dubbachuu ni danda'u. Dhiyeessa daree yoom fayyadamuun akka danda'amu, dandeettiiwwan dhiyeessa daree sirriitti barataniiru yoo ta'e hirmaattonni akka shaakalan taasisuun barbaachisaadha. Dhiyeessa daree hojjechuuf, barattoonni mataduricharratti

xiyyeeffachuu qabu. Waliin sirriitti hojjechuufi barnoota isaanii abbummaan qabachuudhaaf carraa gaarii uuma. Akka qorattoonni yaada kennanitti gosti hirmaannaa daree keessaa beekamaan barattoonni daree keessa jiran hunduu gahee mataa isaanii taphachuu akka ta'e irratti waliigalu. Gosa hirmaannaa akkasii keessatti hirmaattonni haala mijeessuufi tokko tokkon hirmaataa gahee adda adda ni qabaatu. Akka fakkeenyaatti, hirmaattonni garee sadiitti kan qoodaman yoo ta'e, hirmaattonni lamaan gahee mataa mataa isaanii kan taphatan yommuu ta'u, hirmaataan tokko akka dowwataatti hojjeta.

2.3.5. Gahee Taphachuu

Gahee taphachun gosa kamiifuu dandeettiiwwan nama dhuunfaa leenjii haammate baay'ee barbaachisaadha. Daree keessatti leenjiiwwan taphaa barattootaaf yeroo kennamu taphoonni yeroo baayyee sochiiwwan gammachiisoo deeggartoota barbaadanidha. Taphoonni tokko tokko taa'anii kanneen biroon ammoo dhaabbatanii yookiin naannoo isaa naanna'uu danda'u. Taphicha leenjii dareedhaaf yoom akka fayyadaman hirmaattonni walii walii isaanii akka walbaran yookiin yeroo daree fayyadaman yeroo dadammaqina barbaadan taphoota yeroo leenjii daree jalqabarra fayyadamuun nidanda'ama. Hirmaattonni taphoota leenjiif yeroo fayyadaman baruun kaaneen barbaachisan lamatu jiru. Jalqaba, tokko tokkoon taphaa kaayyoo qabiyyee barsiifamuuf qophaa'e waliin kan walqabate ta'uu qaba. Hirmaattotaan qabiyyee waliin walitti dhufeenya hin qabne akka dhiyeessan gaafachuun faayidaan ala ta'uu danda'a. Lammaffaarratti, kanneen akka umurii, saala, aadaa abbummaafi gahee hojii taphattootarratti hojjechuun hirmaattonni hundi taphoota isaanii mijatu fayyadamuu mirkaneeffachuu Harmer (1991:38).

Barsiisaan daree seenee wayita barsiisutti barattoonni isaa dalaga rakkoo hiikuurratti akka hirmaatan gochuun barattoonni barnoota isaaniitti fooyyee akka agarsiisan gochuu nidanda'a. Akka qorattoonni tokko tokko jedhanitti dalagaalee barattoota hirmaachisan keessaa gaaffilee gaafachuun barbaachisaa ta'uu ibsu. Hirmaattota hirmaachisuuf barsiisaaf meeshaalee baay'ee barbaachisaa ta'edha. Hirmaattotaaf yaada tokko batalumatti ibsuu caalaa gaaffilee gaafachuun gara haala kanaatti gaggeessuufi dhumarra yaada waliigalaa waan ibsaniif deebiiwwan dogoggoraa yoo kennan rakkoo hinqabu. Yaanni ijoon, wantokko beekuorra hubachuurratti waan ta'eefidha. Kanaafuu, fakkeenyaaf, dandeettii dhiyeessuu barataniiru yoota'e, haalli dhiyeessa gaarii maal maal akka ta'e battalumatti ibsuorra hirmaattotaan mataduree tokko gadi fageenyaan sakkata'uuf gaaffii gaafachuun nidanda'ama.

2.4. Madaallii Barataafi Kaayyoo Isaa

Madaallii barattootaa fooyyessuuf tooftaalee ragaa sassaabuufi ibsuuti jechuun ibsa (Stassen et al, 2001, Ful, 5). Hiikni kun adeemsa barachuu keessatti faayidaa madaallii barataa dalaga barbaachisaa haammata. Madaallii barataa barsiisonni raawwii barattootaa kaayyoowwan barnoota murtaa’an waliin walqabsiisuun bu’aawwan barnoota isaanii akka safaran isaan dandeessisa. Sababuma kanaan barsiisonni filannoowwan barsiisuu bu’aa qabeessa ta’an itti fufuufi bu’aa qabeessa kan hintaane barnoota isaaniin keessa deebi’uu danda’u. Barnoota barataa madaalliin safaruun barbaachisaadha. Sababni isaas, barattoonni kaayyoowwan barachuu kitaabicha haala gaariin kan guutan waan ta’aniif lachan isaaniif barsiisotaafi barattootaaf dubdeebii fooyya’aa kenna. Madaalliin barsiisonni hubannoo barattootaafi gahumsa isaanii safaruun akka murteessaniif isaan dandeessisa. Madaallii daree keessatti barumsa bu’aa qabu uumuu isaa galmeessuufi mirkaneessuuf ragaawwan barbaachisoo ni dhiyeessa jechuun ibsu (Wiggins and Mc Tighe, 2005, Ful,18).

Madaalliin karoora barnoota isaanii keessatti baay’ee barbaachisoo ta’uu irraa kan ka’e dhiyeenyi isaanii barsiisonniifi sirni barnootaa karoora baastonni kutaawwan muraasaafi barnoota karoorsuun dursa jalqaba akka madaalaatti akka yaadan ni jajjabeessa, akkasumas, barattoonni waan barbaadan hubannoo akka argatan akkamitti akka murteessan dursanii akka itti yaadan, kaayyoowwaniifi unka madaallii barattootaa gosoota madaallii barataa lamatu jiru. Inni jalqabaa, madaallii waliigalaa dhuma barnootaa irratti madaallii raawwatamudha. Kaayyoon isaa inni guddaan safartuu barnoota barataa dabalatu qopheessuudha. Madaalliin xumuraa hunda galeessaafi bu’aawwan barachuu ilaallata. Waa’ee milkaa’ina barataa odeeffannoo kennuuf yeroo baay’ee barbaachisaa ta’us, barattoonni akka itti fayyadamaniifi bakkeewwan sirreeffamaaf adda bahan irratti fooyya’insa akka agarsiisan carraa osoo hinkenniiniifi barsiisichi wayitii barnootaa tooftaa barsiisuu isaa akka fooyyeffatu kan isa dandeessisu carraa hinkennu. Barachuufi adeemsa barachuu (Maki,2002. Ful,11).

Madaalliin xumuraa walumaagalatti qormaata xumuraa yookiin waraqaa qormaataa dabalata. Unki inni lammaffaan, madaallii walitti fufaa adeemsa keessa barnoota barataa madaaluu dabalata. Kaayyoon bu’uuraa adeemsa barumsaa keessatti barnoota barattootaa guddisuuf sadarkaa firii barattootaa tilmaamuufi safaruuf oola. Barsiisonni raawwii barattootaa madaallii ga’umsaan raawwachuufi firii isaaniif qooduun barattoonni ciminaafi hanqina isaanii akka hubataniifi yeroo hafa barnoota isaaniitti akkamiin fooyyessuun akka isaanirra jiru akka xiinxalaniif isaan gargaara (Maki, 2002, Ful, 11). Pat Hutchings unka madaallii kana firii isaanii booda madaallii jiru akkana jechuun ibsiti, “jechi madaalliif

kename caalaa barumsa barataati” jetti. Kanaaf, fooyya’uun qabxii dhumaaf qofa osoo hintaane yaada akkamiin jedhurratti xiyyeeffannoo barbaada, firiiwwan ni uumamu firiiwwan uumaman duubaan madaalluu jechuun gara barnoota nuti yaannutti kan geessan adeemsawwaniifi haalota xiyyeeffannoon ilaaluu jechuudha (Hutchings, 1992. Ful, 6).

Barattootni wantoota cimina, dadhabinaafi dhimmoota biroo adda baasu dubdeebii kan itti argatan hojiiwwan gara fuula duraaf barattoota gudduutti mariiwwan taasifamaniifi qormaata xumura daree barattootaaf bakkeewwan barbaachisoo akka adda baafataniif carraa kan kennu guddina mataa isaaniif barbaachisa (Brown and Knight, 1994). Madaallii barataa keessatti tooftaalee madaallii daree keessatti hojiiarra oolan adda addatu jieu. Tooftaalee madaallii kanneen kaayyoowwan barbaachisuutiif haala gaariin hojiiarra akka oolaniif waliin yoo hirmaatamaniifi barattootaaf yoo sirriitti ifa ta’an ta’uu isaa dagatamuu hinqabu. Madaalliin inni jalqabaa of madaallii yommuu ta’u tooftaan kun barachuu keessatti barattoonni kaayyoo ofiin of madaaluu akka gabbifataniif geessisuudha. Yeroo ofiin of madaalanitti barattoonni bu’aa baratani madaaluutu irraa eegama. Bu’aa hojii barataa madaaluun hojii barsiisaa ta’ullee daree keessatti madaallii barataa raawwachuun barattoonni hojii mataa isaanii akka madaalaniif ni jajjabeessa, akkasumas, adeemsa gara raawwii dhumaatti isaan geessu dabalataan of madaaluun miira abbummaa barattootaa mijeessa. Barattoonni adeemsa of madaaluu keessatti yaaliiwwan isaan hirmaachisuuf taasifamu jalqaba mormuu danda’u, kunis, yeroo baayyee kan raawwatamu ofitti amanuu yookiin hojii dhuunfaa isaanii sirriitti madaaluuf sababa ofitti amanamummaa hinqabnee ta’a.

Brown fi Knight akka jedhanitti barattoonni hojii isaanii akka madaalaniif yeroo gaafataman yeroo baay’ee qabxiiwwan barattootaan murtaa’an barsiisota waliin baay’ee walfakkaataa akka ta’an keessumaa madaalliiwwaniifi wantoota eegaman dursanii ifa yoo ta’an tooftaalee of madaaluu bal’inaan addaan bahu. Gosoonni of madaallii baratamoo ta’an poortifooliyoo, kitaaba barataa, gaaffii barataafi barsiisaa, yaadannoo barataafi barruulee haasawaafi k.k.f dabalata kan hafu jira. Qajeelfama madaalliif ta’u dursa qopheessuun barbaachisaadha. Barsiisonni tokko tokko hirmaannaa daree tokko tokkoon galmeessuu akka danda’an fakkiiwwan daree, buufataalee maqaa, gabatee teessumaa yookiin galme hordoffii fayyadamu. Dareen isaanii bal’aa yookaan baay’ee yoo ta’e qooda barattootaa galmeessuuf gargaaraa barbaachisuu danda’a. Dareewwan bal’aa akkanaa keessatti hirmaannaan sirriitti akka galmaa’u barattoonni yaada isaanii kennuun dura maqaa isaanii akka ibsan barbaachisaa ta’uu danda’a. Galme qulqulleeffannaa qabxii adeemsa salphaa ta’een qopheeffachuun ragaa qooda fudhannaa barattootaa galmeessuun gahaadha. Barattoonni daree tokko tokkoon booda dhiyaataniif qooda mataa

isaanii akka galmeessan yookiin torban muraasaan ida'amaan akka galmeessan gochuun seera akkasii jiru guutuun ni danda'ama. Barsiisaan of madaallii barattootaarratti yaada mataa isaa barreeffamaan kennuu qaba. Hirmaannaa isaanii madaallii madaalan madaallii barsiisaan bifa addaa ta'een barattoota adda bahan waliin dhuunfaan wal-quunnamuu barbaaduu danda'u.

Dareewwan xixiqqaa keessatti, barattoonni akkaataa maqaa walii beekaniin, tokko tokkoon barataa daree keessatti hirmaannaa nama hundaa akka madaalu gaafachuun ni danda'ama. Kana gochuun barsiisaaf ragaa barbaachisaa qofaaf osoo hintaane tokko tokkoon barataa waliigalaan dalagaalee hojii daree keessa jiru maraaf hirmaannaa jiru akka xiinxaluuf ni jajjabeessa. Dareewwan bal'aa keessattis barattootni waliin kan hojjetan hirmaannaa hiriyyoota daree isaanii akka madaalan, fakkeenyaaf garee xiqqaa yookiin gareedhaan haala piroojeektii akka madaalaniif eeguu danda'a. Barreeffama ifa ta'e jiraachuun barattoonni madaalliiwwan waliinii kanneen qabatamaafi ragaarratti kan hundaa'e akka taasisan isaan gargaara (Brookfield, S.D.1999). Akka qorattoonni garaagaraa ibsanitti hirmaannaan jiraachuufi jiraachuu dhabuu addaan bahee kan mil'achuu danda'u. madaallii sirriin yoo jiraate ta'uu ibsu. Kanaafuu, qorataan hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa 2ffaa maal akka fakkaatu addaan baasee ibsuuf qorannoo gaggessee jira.

2.5. Gahee Barsiisaa

Barattoonni si'aayinaan akka hirmaatan jajjabeessuufi imaammata barnootaa qopheessuurratti qooda akka qabaatan gochuun gahee barataafi barsiisaa irra deebiin barbaachisummaa sakatta'uu qaqqabsiisuu danda'a. Kunis, dabaree isaan walitti dhufeenya hawaasummaa irratti dhiibbaa uuma (Cook-Sather, 2014). Barattootaaf barbaachisaa kan ta'e maal barachuu akka danda'aniifi kaayyoowwan eeraman milkeessuuf maal gochuun akka isaanirra jiru barsiisaan duraan dursee barattoota hubachiisuufi miira isaanii kakaasuun barbaachisaadha (Bovill, Cook. Sather, Felten, Millard, fi Moore.cherry, 2016). Barsiisonni barnoota olaanaa aadaa olaantummaan kan barsiisotaafi barnoota kallattiiwwan kanneen biroo akka hinagarree gufuu ta'uu danda'a (Bovill et al. 2016).

Dalagni kun adeemsa barnootaa diimokiraasii caalmaatti kan jajjabeessu (Bovill et al, 2016, Ful, Ful, 196). Kaka'umsi keessoo barattoonni barnoota isaanii, guddina isaaniifi kaka'umsa isaanii sochiiwwan barnoota isaanii jajjabeessan keessatti hirmaachuu jedhamee ibsamuu danda'a. Sababni hirmaannaa barataa guddisuu dareedhaan oliifi haala milkaa'inaan barnoota isaanii xumuruurra darbee (Barfley et al, 2010; Bergamark fi Westman, 2016; Lizzio fi Wilson, 2009), ofiiisaanii barattootaaf waan fayyadu

ta'anii argamuudha yadda jedhu kaa'u. Akka bu'aa qorannoo hayyoota kanaatti hirmaannaan barataafi barsiisaa si'ataa ta'e afaan barachuu barattootaa irratti haala gaarii uumuu akka danda'u irratti waliigalu. Barattoota karoora barnootaa keessatti hirmaachisuufi maaltu akka raawwatamu akka beekaniif gochuun faayidaaleen jiraatanus kaka'umsa caaluuf barattoonni kan akka suuraafi fakkiiwwan, barruuleefi meeshaalee garaagaraa barbaadanii akka fidan gaafachuudha.

Mataduree itti aanuuf walitti dhufeenya qaban keessumattuu haala naannoo isaanii waliin dhuunfaan dhuunfachiisuu yookaan walitti hidhiinsa kan qabu meeshaalee koorsotaa sirreessuu gaafata. Dalaga bal'aa yeroo baay'ee meeshaalee deeggarsaa sagalee afaanii, tamsaasa raadiyoofi teeleviziinii sirboota yoo qabaatan itti fayyadama barruulee baayyee argachuun ni danda'ama. Inni guddaan barattoonni daree keessatti muuxannoo isaanii qooduu isaaniiti. Dubbisa bal'aafi dhaggeeffachuu hojii galmee jechootaafi dabtara yaadannoo, galmee dhuunfaa waliin ta'uu danda'a, kanaanis barattootni gaariidha jedhanii afaan amanan walitti qabuun ni danda'ama. Dalagaalee argannoo yeroo baay'ee daree keessatti barsiisuun malleen dubbii afaaniifi seerota barattoota irraa baasuun gaafata. Barattoonni afaan akka yaadataniifi mana keessatti hirmaatan filannoo gochuu qabu. Kun beekumsa waliif qooduurra darbee daree keessatti barnoota walmadaalu ni fida. Yeroo murtaa'e keessatti piroojeektota dhuunfaa yookiin daree yoo jiraate yaada gaariidha. Piroojeektonni barruulee koorsiirratti naannoorraa, fedhii isaaniirraafi turtii yeroo boqonnaa isaaniirraa yookiin dhimmoota mataduree dhuunfaan filataman irratti kan hundaa'an ta'uu danda'u. Galma gahiinsa hojiiwwan piroojeektotaa eessaa argachuun akka irra jiraatuufi yeroo mara hordoffiin taasifamuu qaba. Bu'aa isaas barataan mirga abbummaa gaafachuu qaba (Postedon September 8, 2019 by Liisi).

2.6. Gahee Maatii

Hirmaannaan maatii kan raawwatu barsiisonni maatii walgahii manabarumsaa yookiin qophiiwwan adda addaa irratti yoo hirmaachisaniifi maatiin manatti deeggarsa barnoota isaaniirratti fedhiidhaan yootasisanidha. Maatiin qophii manabarumsaa yookiin raawwii irratti yoo hirmaataniifi barsiisonni galteewwan barachuu yookiin waa'ee bu'aa daa'ima isaanii odeeffannoo ykn ragaa barsiisotaaf kennanidha. Barattoonni barnoota isaaniitti milkaa'oo ta'uu kan danda'an hirmaannaa maatiifi barsiisaa cinaatti dhimma kooti jedhanii hirmaannaa si'ataa yoo taasisan qafa milkaa'uu danda'u. Milkaa'inni kunis, qabxii olaanaa argachuu, dareerraa dareetti tarkaanfachuu, barnoota olaanaa seenanii eebbifamuu, daree keessatti ofitti amanamummaafi kaka'ummsa horachuu, dandeettii hawaasummaafi amala gaarii horachuuf isaan gargaara (Larry Ferlazzo and Lorie Hammond September 2009, 87pp).

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun ragaalee funaanaman qaaccessessee ibsuurratti kan hundaa'edha. Kanaaf, mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa walitti fiduun mala qorannoo makaatiin kan gaggeeffamedha. Haaluma kanaan qorannichi mala waldorgomsiiisaa irratti waan bu'uureffameef saxaxa qorannoo walmaddee (correlational method) kan gargaarameedha. Kunis, saxaxin qorannoo haala walii galaa qorannichaa kan to'atu waan ta'eefidha. Innis, qorannichi maal fakkaata? Maal irratti bu'uure? kan jedhu waan deebisuufidha. Haaluma kanaan saxaxni qorannoo kanaas, gaaffilee bu'uura qorannoo hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu, danqaalee hirmaannaa daree irratti odeeffannoo funaanuun kan ibsamedha. Kanarraa ka'uudhaan, qorannichi haala qorannoo walmaddeen ragaa gama meeshaalee qorannootiin funaaname kan tiinxalame (qaacceffame) dha.

3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barattootaa barnoota Afaan Oromoo gidduu jiru ilaalchsee manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 10^{ffaa} irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef maddi ragaalee qorannichaa, barattoota Afaan Oromoo barataniifi barsiisota irratti ture. Ragaaleen kunis daawwannaa daree, bargaaffii gaaffilee walitti hidhatiinsa qaban barattootaaf qophaa'an akkasumas, af-gaaffii barsiisotaafi barattootaaf qopheessuun ragaa sassaabamee xiinxalamedha. Dabalataanis, daawwannaa daree filatame irraa, ragaa qabiinsa qabxii barattootaafi dareetti argamuun hirmaannaan barattootaa maal akka fakkaatu qorachuun hariiroon hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu bu'aan argame ibsamee jira. Sababni isaas, odeeffannoon isaan irraa argame odeeffannoo madda jalqabaarraa argame waan ta'eef qorannicha guutuu taasisuuf yaalamedha.

3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Jimmaa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} barataniifi barsiisota irratti kan raawwatedha. Sababni barattiitarratti xiyyeeffateef, hirmaannaa daree kan raawwataniif bu'aa isaatti kan fayyadaman kallatiin isaan waan ta'eefidha. Akkasumas, sababni barsiisotarratti xiyyeeffateefis, hirmaannaa daree kan raawwachiisan/hojiirra oolmaa isaa kan hordofan isaan waanta'eefidha. Kanarraa kan ka'e qoratichi hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barattootaa gidduu jiru maal akka fakkaatu qorachuufi gidduu danqaalee jiraniif kallattii furmaataa kaa'uuf irraawwatama kanneen fayyadamuun qorannicha gaggeessee jira.

3.4. Iddattoo Fi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Mala kana keessatti haala odeeffannoo kennitoonni itti filatamantu dhiyaata. Haaluma kanaan barattoota mana barumsichaa 226 (dhibba lamaafi digdamii ja'a) jiran keessaa kanneen barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} akka afaan tokkoffaatti baratan dhiira 22 fi durba 18 ida'ama barattoota 40 (afurtama)1/4 (1,4,8,12 . . .) mala iddatteessuu sirnaawaan filatamaniiru. Sababni isaas, ragaan isaan irraa argamu qulqulluufi qorannichi kallattiidhaan isaan kan ilaallatu waan ta'eef. Itti dabalun barsoosota mana barumsichaa Afaan Oromoo barsiisan dhiira 1 fi dubara 2 ida'ama barsiisota sadii akkuma jiruun mala iddatteessuu kaayyeffataan kan hirmaachisedha.

3.5. Meeshaalee Odeeffannoo Ittiin Funaaname

Qorannoo kamiifuu odeeffannoon barbaachisaadha. Odeeffannoon hojiirra ooluuf funaanamuun dirqama. Kunis, ta'uu kan danda'u yoo meeshaan ittiin funaanamu jiraattedha. Kanaafuu, odeeffannoon qorannoo kanaa bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa dareetiifi sakatta'a dookumentii funaanamuun kan xiinxalamedha. Meeshaaleen kun qorannoo makaa keessatti barbaachisummaan isaanii olaanaadha.

3.5.1. Bar-gaaffii

Gaaffiin barreeffamaa tooftaa odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa isa tokkodha. Bargaaffii fayyadamuun ragaan qorannoo safarataa funaaname. Walumaagalatti bargaaffii, manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa keessatti ragaa qorannoo walitti qabuun hariiroon hirmaannaa dareefi firiin madaallii barataa maal akka fakkaatu barattoota Afaan Oromoo irraa odeeffannoo argachuuf kan gaggeeffamedha. Akka waliigalaatti, gaaffilee banaafi cufaan qophaa'anii hojiirra kan oolanidha. Haaluma kanaan, hirmaattota filatamaniin bar-gaaffii dhiyaataniif gosoota gaaffilee banaa 6 akkasumas, gaaffilee cufaa 38 barattootaan guutame. Bar-gaaffiin qorannoo kana keessatti hojiirra oole kaayyoo gaaffilee qorannoo safarataa, xiinxala hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii Afaan Oromoo haala itti gaggeeffamu waliin wal qabatani dhiyaataniifi qooda fudhattoonni deebii akka ittiin kennan gochuun mala xiinxala ibsaafi walmaddeen hojiirra kan ooledha. Malli qorannoo kanaa makaa waan ta'eef ragaa qorannoo safarataa mat-duree xiinxala hojii manaafi hojiiidaree madaaluu fayyadamuuf oola. Gaaffileen dhiyaatanis, qabxiilee kaayyoo qorannoo kanaa hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru kan deebisanidha.

3.5.2. Af- gaaffii

Meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu inni lammaffaan af-gaaffiidha. Af-gaaffiin dhiyaates, gosa af-gaaffii mit-caaseffamaa ta'ee qooda fudhattoota qorannichaaf dhiyaatedha. Baay'inni gaaffilee dhiyaataniis, barattootaaf gaaffilee 6 barsiisotaaf gaaffilee banaa 5 yoo ta'u, hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barnoota Afaan Oromoo gidduu jiru xiinxaluun deebii kennuuf kan gaafatamedha. Sababiin gosti af-gaaffii kun filatameef odeeffannoo kennitootni yaada isaanii bilisa ta'anii bal'inaan ibsuuf waan isaan dandeessisuufi qorataanis yeroo af-gaaffiin kun gaggeeffamutti gaaffii barbaade itti dabaluu ni gargaara jedhee waan itti amanuufidha. Saxaxaafi gosa qorannoo kana waliin kan deemus gosa af-gaaffii kanaa waan ta'eef. Bu'uuruma kanaan qorataan kunis af-gaaffii miti-caaseffamaatti gargaaramuun odeeffannoo qooda fudhattootni heeran erga walitti qabatee booda odeeffannicha gara barruutti jijjiiruun ragaalee qulqulleessuun xiinxaleera.

3.5.3. Daawwannaa Daree

Malli kun hirmaannaan daree akkamiin akka hojiirra oolaa jiru daawwachuun gaaffii qorannoo qulqulleeffataa deebisuuf kan xiinxalamu ta'a. Kan daawwatamus, barsiisonni tarsiimoo attamiitiin hirmaannaa hojiimanaafi hojiidaree walitti fufiinsaan akka hojii irra oolchan, akkasumas, barattootni kutaa keessattiifi kutaan alatti qabatamaan hammam akka hirmaannaa taasisan odeeffannoo walitti qabuun xiinxaluuf kan ooledha. Kana malees, qorataan barruulee barattootaa attamiin qabatamaan akka madaalaniifi dubdeebii kennan irraa argachuuf gaaffilee dhiyaatee xiinxalamedha. Kunis, madda ragaa dabalataa ta'a. Dookimantii barsiisaa jedhaman, yaadannoo barsiisaan qabatee daree seenu, Karoora barsiisaa, meeshaalee deeggarsa barnootaa qabiyyee sanaan walsimuufi mala baruubarsiisuu barsiisaan fayyadamee barattoota hirmaachisu of keessatti kan hammatedha. Kanaaf qorataan odeeffannoo dabalataa argachuuf wayita barsiisonni Afaan Oromoo daree seenanii barsiisaan meeshaalee odeeffannoo ittiin guurratu qabatee daree seenee ittiin funaannatedha.

3.6. Adeemsa Qorannichaa

Qooda fudhattoonni qorannichaa bar-gaaffii banaa dhiyaatuuf dubbisani deebii akka Kennan gochuun qorataan kan xiinxalu ta'a. kunis kan raawwatu, daree yookaan mooraa barnootaa keessatti yeroo sa'aatii tokkoofi walakkaa hincaalleef ta'a. Dabalataanis, af-gaaffiifi daawwannaa xiyyeffataadhaan ragaa sassaabamu jalqabaa hanga xumuraatti walitti qabuun xiinxaluudhaan galmi qorannichaa akka milkaa'u ni godhama. Iddattoon qorannoo kanaa barsiisotaafi barattoota manabarumsaa Jimmaa

sadarkaa lammaffaa kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo baratan irraa carraa tasaafi iddattoo kaayyeffataan filataman kan hammatu ta'a. Barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} adeemsuma wal-fakkaataa ta'een bar-gaaffii dhiyaatu barsiisota garaagaraatiin akka guutamu ni godhama. Matadureen qorannoo kanaas xiinxala hariiroo hirmaannaa hojiidareefi firii madaallii barnoota Afaan Oromoo irratti; haala barattoota kutaa 10ffaa manabarumsaa Jimmaa. Sababni manni barumsaa kun filatameefis, qorataan adeemsa hojii isaa keessatti rakkoo mudachaa tureef muuxannoo qabu irraa ka'uun dhimma kana irratti hanga ammaatti qorannoon achitti gaggeeffame waan hinjirreef qaawwa qorannoo jiru guutuudhaafi.

3.7. Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffame

Odeeffannoowwan kallattii garaagaraatiin funaanaman walitti qabuun haala hiika kennuu danda'uun qindeessanii qaaccessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qoratchi odeeffannoowwan qorannichaaf isa gargaaran erga funaannateen booda ragaalee karaa gaaffilee cufaafi banaatiin walitti qabaman mala walmaddee (correlational method) tiin irra deddeebiifi dhibbeentaa fayyadamuun hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaalii barattiitaa gidduu jiru mala qorannoo qulqulleeffataafi safarataan qaacceffamee jira. Sababni irra deddeebiifi dhibbeentaa fayyadameef ragaalee bifa gaffii banaatiin qaamota garaagaraa irraa funaanaman mala safarataan walbira qabuun dorgomsiiisuun madaaluuf waan gargaaruufi. Akkasumas, ragaalee karaa af-gaaffiitiin barattoota Afaan Oromoo barataniifi barsiisota irraa walitti funaanames walbira qabuun irra deddeebi'uun deebiiwwan kennaman erga dubbifamanii booda mala qorannoo waldorgomsiiisaa gargaaramuun qaacceffamee jira. Bifuma walfakkaatuun, ragaaleen karaa daawwannaa dareefi sakatta'a dookumentiitiin walitti qabame qaacceffamee jira. Kunis, ragaaleen daawwatamaniifi sakatta'aman kunneen tooftaa qulqulleeffataatti dhimma bahuun qaacceffamanii jiru.

3.8. Naamuusa Qorannichaa

Naamusni qorannoo naamusa qorataa(qorattuu) tokkorraa eegamudha. Haaluma kanaan qorataan kunis naamusa armaan gadii kana hordofuun qorannoo isaa raawwatee jira. Qoratchi erga mat-duree qorannoo isaa muummee afaan oromoofi Og-barruu Yuunivarsiitii Jimmaa irraa mirkaneeffateen booda qaamota qorannoo isaatiif isa gargaaran bira demuun sirnaan mariisisee jira. Kaayyoo qorannoo isaa odeeffannoo kennitootaaf ibsee jira. Hirmaattonni qorannichaa dhiibbaa tokko malee fedhii isaaniitiin odeeffannoo kennanii jiru. Itti dabalees, odeeffannoon kan walitti qabame namoota dhuunfaa irraa gaaffilee afaaniifi barreeffamaa, daawwannaa dareefi sakatta'a dokumentiin kan raawwatedha. Dimshaashumatti qoratchi haala aadaafi safuu hawaasaa eeggatee amanamummaadhaan bakka ragaan qorannichaa argamutti qaamaan argamuufi icciitii ragichaa eeguun qorannoo kana gaggeessee jira.

BOQONNAA AFUR: RAGAA XIINXALUUFU HIIKUU

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniif deebii argachuuf kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaalee iddattootarraa bar-gaaffii, af-gaaffii, dawwannaa dareefi sakatta'a galmee funaanaman wal duraa duubaan mala waldorgomsiisaan gargaaramuun kan xiinxalamedha.

4.1. Haala Hirmaattotaa

Baay'inni barattoota bar-gaaffii irratti hirmaatanii 40 yoo ta'an af-gaaffiiif warri dhiyaatan barattoonni 16 asuma keessaa kan fudhataman ta'uusaati. Baay'inni barsiisotaa kan af-gaaffii irratti hirmaatan immoo 3 yoo ta'an isaanis barsiisaa dhiiraa 1fi barsiisota dubaraa 2 ta'anii argamu. Sadarkaan barnoota barsiisota kanaas, 2 digirii jalaqabaa 1 immoo digirii lammaffaa (MA) kan qabanidha. Umuriin isaaniis, 37-45 gidduutti argamu. Barri tajaajila isaanii immoo 17-25 gidduutti argama. Haala waliigalaatiin odeeffannoo barattoota bar-gaaffiiif af-gaaffii irratti hirmaataniifi barsiisota af-gaaffii irratti hirmaatanii gabatee asii gadii irratti taa'eera.

Gabatee 1: Odeeffannoo barattoota bar-gaaffiiif af-gaaffii irratti hirmaatan

| Umurii | Baay'ina | Dhibbeentaa | Saala | Baay'ina | Dhibbeentaa |
|---------|----------|-------------|---------|----------|-------------|
| 15-20 | 38 | 95.0 | Dhi | 22 | 55.0 |
| 21-25 | 2 | 5.0 | DU | 18 | 45.0 |
| Ida'ama | 40 | 100.0 | Ida'ama | 40 | 100.0 |

Akka gabatee 1 irratti dhiyaatetti barattoota iddattoof filataman 40(%100) keessaa barattoonni dhiiraa 22(%55) yoota'an barattoonni dubaraa immoo 18(%45) ta'anii argamanii jiru. Barattoonni af-gaaffiiif dhiyaatan kudha ja'an asuma keessaa waan calalamaniif bahaniif saalaan adda baasuun agarsiisuun barbaachisaa ta'ee hinmul'anne. Lakkoofsi barattoota dhiirotaafi dubartootaa walitti dhiyaatanii argamu. Kun itti yaadamee osoo hintaane, akka tasaa walqixxummaa saalaa kan eege ta'uu isaati. Karaa umurii barattootaatiin immoo barattootni waggaa 15-20 keessa jiran 38(%95), waggaa 21-25 immoo 2(%5) ta'antu hirmaatanii jiru, Inni biraa barsiisota sadiitu af-gaaffiiirrtti hirmaatan. Barsiisotni dubaraa lama yommuu ta'an %75 barsiisaan dhiiraa tokko %25 ta'a. Umurii isaaniis ilaalchisee barsiisonni muraasa waan ta'aniif gabateen agarsiisuun barbaachisaa ta'ee hinargamne.

4.2. Xiinxala Ragaalee Akkamtaa (Qulqulleeffataa)

4.2.1 Xiinxala Ragaalee Dawwannaa Daree irraa Walitti Qabamee Hiikame

Kutaa kana jalatti ragaaleen mala akkamtaatiin funaanaman akkaatuma walitti dhufeenya isaaniitiin habuurraa dareedhaan haala gabateen qindaa’anii kan dhiyaatanidha.

Gabatee 2: Tooftaa madaallii habuurraa daree barsiisota ilaallatuun adeemsifame.

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Dhibbeentaa | Mean |
|-----|---|-----------------------|-----------|-------------|------|
| 1 | Qabiyyee darbe yaadachiisuu isaa | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 3.33 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 2 | Qabiyyee guyyaa qabsiisuu isaa | Giddu galeessa | 1 | 33.3 | 4.66 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 3 | Qabxii ijoo gabatee gurraacharratti barreessuu. | Gidduu galeessa | 1 | 33.3 | 3.66 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 4 | Barattoota hirmaatan onnachiisuu | Gidduu galeessa | 2 | 66.7 | 3.33 |
| | | Olaanaa | 1 | 33.3 | |
| 5 | Barattoota suuteyyiif carraa kennuu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 2.33 |
| | | Gidduu galeessa | 2 | 66.2 | |
| 6 | Hojiimanaa kenneef dubdeebii kennuu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 3 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 7 | Barattoota hojiigaree hojjetan to’achuufi deeggaruu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 3 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.6 | |
| 8 | Barattoota shaakala daree hojjetaniif soroorsuu | Gameessaan walii gala | 3 | 100 | 3 |
| 9 | Meeshaalee deeggarsa barnootaatti gargaaramuu | Baay’ee gadaanaa | 1 | 33.3 | 1.66 |
| | | Gadaanaa | 2 | 66.7 | |
| 10 | Kitaaba barataafi wabiileetti | Gidduu galeessa | 2 | 66.7 | 3.66 |

| | | | | | |
|----|---|------------------|---|------|------|
| | gargaaramuu | Baay'ee olaanaa | 1 | 33.3 | |
| 11 | Malleen afaan barsiisuuf fayyadanitti gargaaramuu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 2.66 |
| | | Gidduu galeessa | 2 | 66.7 | |
| 12 | Firii madaallii seeraan galmeessuun qabachuu | Gidduu galeessa | 3 | 100 | 3 |
| 13 | Qabiyyee guyyaarratti yaadannoo kennuu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 2.66 |
| | | Gidduu galeessa | 2 | 66.7 | |
| 14 | Qabiyyee guyyaaf yaada guduunfaa kennuu | Olaanaa | 3 | 100 | 4 |
| 15 | Madaallii walitti fufaa sirnaan hojjechuu | Gadaanaa | 1 | 33.3 | 2.66 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 16 | Karoora fooyya'insa qabxii barattoota qabachuu | Baay'ee gadaanaa | 1 | 33.3 | 1.66 |
| | | Gadaanaa | 2 | 66.7 | |
| 17 | Battallee ulaagaa guute kennuu | Gidduu galeessa | 1 | 33.3 | 4.33 |
| | | Baay'ee olaanaa | 2 | 66.7 | |

Furtuu: 5= Haalaan Olaanaa, 4= Olaanaa, 3= Gidduugaleessa, 2= Gadaanaa 1= Haalaan gadaanaa

Ragaan gabatee 2 irraa argame akka ibsutti daawwataan daree seenee wayita dowwatetti qabiyyee barnootaa darbe yaadachiisuu ilaalchisee barsiistuun 1(%33.3) barattoota osoo hinyaadachiisiin kallattumaan qabiyyee itti aanutti kan dabarte yommuu ta'u barsiisonni 2(%66.6) qabiyyee darbe barattoota gaafatanii yaada erga irraa fudhatanii qabiyyee itti aanutti darbuu isaanii qorataan daawwatee jira. Qabiyyee guyyaa barattoota qabsiisuurratti immoo barsiistuun 1(%33.3) gidduugaleessa yommuu ta'u barsiisonni 2(%66.6) immoo olaanaa ta'uu agarsiisa. Barsiisonni qabxii ijoo gabatee gurraacharratti barreessuu jedhuuf ragaan argame akka ibsutti barsiisaan 1(%33.3) gidduugaleessa yommuu ta'u barsiisonni 2(%66.6) immoo seeraan kan barreessan ta'uu ibsa. Walumaagalatti qabiyyee barnootaa daree keessatti kennamu ilaalchisee ragaan gabatee kanarraa argame akka ibsutti barsiisotni garri caalaan isaanii qabiyyee darbe yaadachiisuufi qabiyyee guyyaa barattoota qabsiisuurratti gaarii ta'uu agarsiisa. Barattoota hirmaannaa taasisan onnachiisuu ilaalchisee barsiisotni 2(%66.6) gidduu galeessa yommuu ta'u barsiistuun 1(%33.3) olaanaa ta'uu agarsiisa. Akka ragaa kanaatti barsiisotni barattoota hirmaatan jajjabeessuurratti laafaa ta'uu agarsiisa. Kun immoo barattoonni hirmaannaa taasisan gara

boodaatti akka harkifataniif karaa saaqa. Daree barnootaa keessatti barattootni hirmaatan cimani akka itti fufan hirmaannaa kanneen hintaasifne immoo gara hirmaannaa taasisuutti akka dhufaniif barsiisaan wayita daree seenee barsiisu haamlee barattootaa kakaasuun hijii isaa ta'uu qorataan heeree jira. Barattoota suuteyyee ilaalchisee gabatee kanarraa ragaan argame akka ibsutti barsiisaan 1(%33.3) barattoota suuteyyiif carraa kan hinlaanne yommuu ta'u barsoosoni 2(%66.6) hamma tokko kan kennan ta'uu ibsa. Ragaan af-gaaffii barataarraa argames, barsiisonni barattoota ciccimoo qofaaf carraa akka laatan barattoonni ibsanii jiru. Barsiisonni wayita hojjiigaree kennan barattoonni suuteyyiin garee xiqqaa keessatti qooda fudhatanii dandeettii afaanii gabbifachuu akka danda'aniif barsiisaan irratti xiyyeeffatee hojjechuu akka qabu qorataan ibsee jira.

Gabatee 2 iyyaafannoo 6 hojjiimanaa kenameef dubdeebii kennuu ilaalchisee ragaan argame akka ibsutti qorataan wayita daree seenee daawwatetti barsiisaan 1(%33.3) dabbara barataarratti hojjiimanaa kan hinsoroorsine ta'uu qorataan taajjabee jira. Barsiisonni 2(%66.6) immoo haalaan olaanaa ta'uu baatus kan soroorsaa jiran ta'uu argee jira. Ragaa kanarraa wanti mul'atu, barsiisonni garri caalaan isaanii hojjiimanaa barataaf soroorsanii qabxii kan qaban ta'ullee quubsaa kan hintaane ta'uu qorataan hubatee jira. Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate irratti hojjiimanaa soroorsuuf barataan daree keessatti daran baay'achuun rakkoo isa hamaa ta'uu kaasani jiru. Hojiin manaa barattootni daree keessatti waan barachaa jiran hubachuu isaanii barsiisaan akka hubatuuf gargaara. Hojjiimanaa keessatti beekumsa uumaman hanqinoonni yoo jiraatan barataa tokko tokkoof qabxii fooyya'aa mirkaneessuuf adeemsa barachuu keessaa isa guddaa waan ta'eef, barsiisonni barattoota hojjiimanaa hojjetaniif gatii itti kennuun barattoota jajjabeessuu akka qabanuu qorataan ibsee jira.

Barattoota hojii garee hojjeta'an to'achuu ilaalchisee ragaan argame barsiisaan tokko gadaanaa ta'uu kan ibsu yommuu ta'u, barsiisonni lama immoo olaanaa ta'uu agarsiisa. Gaaffii barattoota shaakala daree hojjetaniif soroorsuu ilaalchisee odeeffannoon argame, barsiisonni sadanuu gidduugaleessa ta'uu agarsiisa. Kaayyoon hirmaannaa daree barattoonni daree barnootaa keessatti hirmaannaa taasisan akka jajjabeeffaman hirmaannaa kanneen hintaasifne immoo hirmaannaa akka taasisaniif kan deggaraman waan ta'eef barsiisaan shaakala daree kenneef deeggarsaafi dubdeebii kennuu akka qabu qorataan ibsee jira. Gaafannoo lakkoofsa 9 ilaalchisee ragaan argame barsiisonni hindi isaanii kan hinfayyadamne ta'uu qorataan daawwatee jira. Qabiyyeen barnootaa kamuu meeshaalee deeggarsaan kan hindeeggaramne yoo ta'e lubbuu qabaachuu hindanda'u. Qabiyyee kennamu sana irra caalaatti ifa taasisuu kan danda'amu meeshaalee deeggarsaan yoo deeggaramne qofa waan ta'ee barsiisotni qabiyyee sana waliin

kan deemu qabatanii daree seenuun barattootaaf caalmaatti ifa akka ta’u gochuun qooda barsiisaa ta’uu qorataan heeruu kennee jira.

Kitaaba barataafi wabiileetti gargaaramuu ilaalchisee barsiisaan1 haalaan kan gargaaramaa jiru yommuu ta’u, barsiisotni 2 immoo gidduugaleessatti kan gargaaraman ta’uu ibsa. Barsiisaan yeroo barnoota afaanii barsiisutti kitaabni barataa baay’ee murteessaadha. Shaakala garaagaraa daree keessatti shaakalsiisuuf nigargaara. Wanta kitaaba keessa hinjirre immoo qabiyyee kenname waliin kan deemu gara daree sanaatti fidee shaakalsiisuun barbaachisaadha. Barsiisaa cimaan qabiyyee kitaabarra jiru haala barattoota isaarratti hundaa’ee madaqsuun yookaan fooyyessuun gara daree fidee barattoota isaa barsiisa. Kitaabni barataa barsiisaaf haala mijeessaa waan ta’eef barsiisaan afaanii dandeettii garaagaraa shaakalsiisuuf kitaabarratti hundaa’ee barsiisuufi barattootni isaa kitaaba baatanii gara daree akka seenaniifi kitaaba isaaniirraa gilgaala kenname hojjechuu akka danda’aniif barattoota isaaf fakkeenya ta’uu akka qabu qorataan kan daawwate irraa ka’ee heeruu eeree jira.

Gaaffii malleen afaan barsiisuuf gargaaranitti fayyadamuu jedhu ilaalchisee deebiin kenname akka ibsutti barsiisaan tokko haalli itti fayyadama isaa gadaanaa yommuu ta’u barsiisonni lama immoo gaarii ta’uu agarsiisa. Qabiyyee filatame tokko barsiisuuf malleen barsiisuu garaagaraatu barbaachisa. Barsiisaan daree keessatti malleen barsiisuu kan gargaaramu akkaataa amala qabiyyee filatameefi dandeettii barattoota isaa irratti hundaa’ee malleen garaagaraa gargaaramuu qaba. Firii madaallii sirriitti galmeessanii qabuu ilaalchisee barsiisonni sadanuu haala walfakkaataa ta’een kuusaa qabxii barattootaa galmeessuun qabatanii jiru. Akkaataa ragaa kanarraa hubatamutti haalli kuusaa qabxii isaan itti qabatanii jiran gidduu galeessa ta’uu mul’isa. Barbaachisummaan madaallii walitti fufaa barattoonni wanta baratan hammam akka hubatan addaan baasuun deeggarsa kennuu waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha. Qorataan wayita daree seenee daawwatetti kan barsiisota sadanuu gosoota madaallii muraasa qofa kan fayyadaman ta’uu hubatee jira. Gosa madaallii walitti fufaa muraasa fayyadamuun qulqullina barnootaa fiduun hindanda’amu. Qabiyyee guyyaarratti yaadannoo kennuu? jedhuuf ragaan argame gadaanaa ta’uu ibsa. Qorataan daree seenee wayita dabtara ijoollee daawwatetti yaadannoo barattoonni fudhatan gadaanaa ta’uu isaa argee jira. Af-gaaffii barattoota irraa argames, barsiisonni gilgaala malee qabiyyee kennamerratti yaadannoo dabalataa kan isaanii hinkennine ta’uu ibsanii jiru. Yaadannoon qabiyyee barsiifamerratti barattoonni hubannoo isaanii akka cimsataniifi yaada bal’aa akka argataniif isaan gargaara. Kanaafuu, barsiisotni qabiyyee barsiisanirratti yaadannoo qopheessanii osoo kennan gaarii ta’a.

Gaaffii qabiyyee guyyaarratti yaada guduunfaa kennuu? jedhuuf barsiisonni sadanuu kan kennan ta'uu agarsiisa. Yaada guduunfaan barattoonni qabiyyicharratti hubannoo akka cimsatan isaan gargaara. Madaallii walitti fufaa haalaan kennuu? jedhuuf qorataan wayita kuusaa qabxii barsiisota sadanuu ilaaletti barsiistuun tokko qabxii muraasa kan walitti qabde yommuu ta'u barsiisonni lama gaarii ta'uu hubatee jira. Madaallii walittifufaan karaa barattoota ga'umsa isaanii ittiin addaan baafatanii deeggarsa itti kennan waan ta'eef barsiisaan gosoota madaallii garaagaraa fayyadamuun barattoota isaa deeggaruu qaba. Walumaa galatti daawwannaa daree kan raawwii barsiisaa ilaallatu hojiilee kutaa keessatti barsiisaan gama dhuunfaa isaatiin baruu barsiisuu ilaalchisee gaarii ta'ee osoo jiruu, gama barattoota waliin wal-quunnamee hojii baruu barsiisuu milkeessuuf taasisu keessatti garuu hanqinoonni tokko tokko yoo mul'atan qorataan kun arguu danda'eera. Fakkeenyaaf, barattoota yeroo barsiisaan barsiisu wanta biraa dalagan, haasawa biroo haasa'an, hirmaannaa laafaa qaban yookiin hinhirmaanne dadammaksuu dhabuu irraatti, barattoota hirmaannaa qaban qofa qabatanii deemuu, hojiidaree barattootuma si'atoof dabtara soroorsanii kan duubatti hafan ittuma dhiisuu, keessattuu barattoota harkifatani hojiidaree hojjataniif xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu irraa kan ka'e gargaaruu dhiisuufi kan kana fakkaatu hanqinoota daree keessatti gama barsiisaatiin mul'atan ta'uu qorataan daawwannaa daree godhame irraa hubachuu danda'ee jira.

Gabatee 3: Tooftaa madaallii habuurraa daree barattoota ilaallatuun adeemsifame

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Dhibbentaa | Mean |
|-----|--|------------------|-----------|------------|------|
| 1 | Gilgaala kenname daree keessatti dammaqinaan hojjechuu | Baay'ee gadaanaa | 1 | 2.5 | 3.75 |
| | | Gadaanaa | 7 | 17.5 | |
| | | Gidduu galeessa | 8 | 20.0 | |
| | | Olaanaa | 9 | 22.5 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 15 | 37.5 | |
| 2 | Hojiimanaa hojjetanii soroorfachuu | Baay'ee gadaanaa | 0 | 0.0 | 3.77 |
| | | Gadaanaa | 8 | 20.0 | |
| | | Gidduu galeessa | 8 | 20.0 | |
| | | Olaanaa | 9 | 22.5 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 15 | 37.5 | |
| 3 | Gaaffiifi deebii irratti hirmaachuu | Baay'ee gadaanaa | 4 | 10 | 3.07 |
| | | Gadaanaa | 11 | 27.5 | |

| | | | | | |
|---|---|------------------|----|------|------|
| | | Gidduu galeessa | 10 | 25.0 | |
| | | Olaanaa | 8 | 20.0 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 7 | 17.5 | |
| 4 | Hojii garee keessatti qooda fudhachuu | Baay'ee gadaanaa | 5 | 12.5 | 3.35 |
| | | Gadaanaa | 7 | 17.5 | |
| | | Gidduu galeessa | 8 | 20.0 | |
| | | Olaanaa | 9 | 22.5 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 11 | 27.5 | |
| 5 | Hojii isanii walii waliif ilaaluu | Baay'ee gadaanaa | 16 | 40.0 | 2.22 |
| | | Gadaanaa | 10 | 25.0 | |
| | | Gidduu galeessa | 5 | 12.5 | |
| | | Olaanaa | 7 | 17.5 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 2 | 5.0 | |
| 6 | Yaadannoo kenname fudhachuu | Baay'ee gadaanaa | 0 | 0.0 | 3.52 |
| | | Gadaanaa | 9 | 22.5 | |
| | | Gidduu galeessa | 13 | 32.5 | |
| | | Olaanaa | 6 | 15.0 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 12 | 30.0 | |
| 7 | Kitaaba barataa daree keessatti gargaaramuu | Baay'ee gadaanaa | 23 | 57.5 | 2.22 |
| | | Gadaanaa | 2 | 5.0 | |
| | | Gidduu galeessa | 1 | 2.5 | |
| | | Olaanaa | 11 | 27.5 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 3 | 7.5 | |
| 8 | Qabiyyee guyyaarratti muuxannoo isaanii himuu | Baay'ee gadaanaa | 6 | 15.0 | 3.02 |
| | | Gadaanaa | 9 | 22.5 | |
| | | Gidduu galeessa | 9 | 22.5 | |
| | | Olaanaa | 10 | 25.0 | |
| | | Baay'ee olaanaa | 6 | 15.0 | |

Furtuu: 5= Haalaan Olaanaa, 4= Olaanaa, 3= Gidduugaleessa, 2= Gadaanaa 1= Haalaan gadaanaa

Ragaan gabatee 3 lakkoofsa 1 Gilgaala daree keessatti kennama dammaqinaan hojjechuu barattootaa ilaalchisee argame akka ibsutti barattoota iddattoota 40 keessaa barattoonni 15(%37.5) ta'an baay'ee olaanaa ta'uu agarsiisa. Barattoonni 9(%22.5) ta'an olaanaa ta'uu ibsee jira. Barattoonni 8(%20.0) gidduu galeessaan 7(%17.5), barataan tokko immoo tasa kan hinhojjenne ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti gilgaala dareetti kennamu ilaalchisee barattoonni kaka'umsa qabuu jedhuuf harki caalaan isaanii kan qaban ta'ullee kan hinqabnes akka jiran agarsiisa. Qorataan wayita daree seenee daawwatetti barattoonni muraasni callisanii kan taa'an ta'uu argee jira. Barattoota hirmaannaa hintaasisne akka isaan hirmaataniif gahee kennuu, hordoffiifi deeggarsa walirraa hincinne yoo taasifameefii malee barattoonni kun callisoota ta'anii hafuu waan danda'aniif barsiisaan yeroo daree seenee barsiisu barattoota kanaaf xiyyeeffannoo kennee yoo gargaare barattoonni kun jijjiirama fiduu akka danda'an qorataan ibsee jira.

Gaafannoo barattoonni hojiimanaa hojjetanii soroofachuu isaanii ilaalchisee ragaan argame garri caalaan isaanii haala gaariin kan soroofatan yommuu ta'u muraasni immoo darbanii darbanii kan soroofatan ta'uu ibsee jira. Barattoonni 8 ta'an garuu soroofatanii kan hinbeekne ta'uu daawwataan dabbara isaaniirraa mirkaneeffatee jira. Gabatuma kanarraa lakkoofsa 3 gaaffiifi deebiiratti hirmaachuu ilaalchisee ragaan argame si'aayinaan kan hirmaatan barattoota 15(%37.5) qofa ta'uu kan agarsiisu yommuu ta'u barattoonni 10(%25.0) ta'an hamma tokko kan hirmaatan ta'uu ibsee jira. Barattootni 15(%37.5) ta'an immoo tasuma hirmaannaa kan hintaasifne ta'uu agarsiisa. Qorataan wayita daree seenee daawwatetti yeroo barsiisaan gaaffii qomaa taasisu deebisuuf kan harka baasan barattoota muraasa ta'uu argee jira. Kun immoo hirmaannaan isaanii gama kanaan gadaanaa ta'uu isaati. Kanaaf barattoonni waanuma hubatan yaaluutu isaanirraa eegama waan ta'eef barsiisaan warruma harka baasanii deebii yaalan qofa osoo hintaane warra harka hinbaafnes maqaa waamee akka isaan hirmaatan jajjabeessuu akka qabu qorataan heeruu kennee jira.

Hojiigaree keessatti qooda fudhachuu barattootaa ilaalchisee barattootni 11(%27.5) ta'an haalaan kan hirmaatan barattoonni 9(%22.5) immoo hirmaannaa olaanaa ta'uu agarsiisa. Barattoonni 8(%20.0) gidduu galeessaan kan hirmaatan 15(%37.5) kan hinhirmaanne ta'uu agarsiisa. Qorataan wayita daree seenee daawwatetti barattootni hirmaannaa garee taasisan muraasa ta'uu argee jira. Kaayyoon hojiigaree barattootni garee hirmaatan keessatti qooda fudhatanii muuxannoo waliif qooduun dandeettii afaanii, ofitti amanamummaafi firii gaarii akka argataniif gargaaru waan ta'eef barataan qooda fudhachuun gahee isaati. Barsiisaan hunda caalaa faayidaa hojiigaree waan beekuuf hojiigaree kennee biraa deebi'uu osoo hintaane itti dhiyeenyaan deeggaruu qaba.

Hojii walii walii isaanii waliif ilaaluu ilaalchisee ragaan argame akka ibsutti barattoota muraasatu waliif ilaala. Barattoonni 26(%65.0) tasa araganii kan hinbeekne ta'uu qorataan af-gaaffii barataaf dhiyaate irraa mirkaneeffatee jira. Barattoonni walii walii ilaalan hojiimanaafi gilgaala soroorfamuuf kenname qabxii gaarii argachuuf jecha malee muuxannoo waliif qooduuf akka hintaanee odeeffannoon af-gaaffii barataarraa argame ibsee jira. Barsiisaan yeroo tokko tokko barattoota hundaaf dubdeebii kennuun rakkisaa ta'a. Shaakala daree keessatti erga shaakalsiisee booda bakkuma taa'anii osoo hinka'iin akka waliif ilaalan erga taasisee booda deebii waliigalaa kennuu ni danda'a. Tooftaan kun barsiisaaf yeroo qusachuurra darbee barattoonni muuxannoo waliif akka qoodaniif walitti dhufeenya cimaa akka horatan isaan waan gargaaruuf barsiisaan iddoo guddaa kennee hojiirra oolchuu akka qabu qorataan ibsee jira. Yaadannoo daree keessatti kennamuu fudhachuu ilaalchisee ragaan akka ibsutti barattoonni 18(%45.0) haala gaariin kan fudhatan, 13(%32.5) darbanii darbanii kan fudhatan, 9(%22,5) immoo kan hinfudhanne ta'uu agarsiisa.

Qorataan wayita daree seenee dabtara isaanii daawwatetti barattoonni dabtara tokkorratti gosa barnoota adda addaa barreessaa kan jiran ta'uu argee jira. Faayidaan yaadannoo fudhachuu barattoonni qabiyyee baratanirratti hubannoo isaanii akka cimsataniif isaan gargaara. Barsiisaan qabiyyee barsiiseef yaadannoo yeroo kennu barattoota fudhataniifi hinfudhanne hordofuu qaba. Kitaaba barataa daree keessatti gargaaramuu ilaalchiisee barattootni 14(%35.0) ta'an kitaaba barataa daree keessatti kan gargaaraman yommuu ta'u barattoonni 26(%65.0) ta'an immoo kitaaba baatanii gara manabarumsaa kan hindhufne ta'uu qorataan daawwatee jira. Kitaabni barataa barnoota afaaniif shaakala daree kennamuuf meeshaa isa bu'uura waan ta'eef barsiisaas ta'e barataan, dhimma dagachuu hinqabnedha. Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate wayita shaakala daree kennitan rakkoon isin quunname jeraa jedhamaniif barataan kitaaba barataa baatee daree waan hindhufneef shaakala keessumaa shaakala dubbisuu, yeroo dubbisuu, dubbisuun boodaafi gilgaala garaagaraa kennuun rakkisaa ta'uu akka fakkeenyaatti kaasanii jiru. Qorataanis wayita daree seenee ilaaletti barataan kitaaba of harkaa qabu muraasa ta'uu argee jira. Kun immoo qulqullina barnootaa fooyyessuurratti dhiibbaa guddaa waan geessisuuf dhimma dursi kennamuuf ta'uu qorataan ibsee jira. Barattoonni qabiyyee guyyaarratti muuxannoo isaanii ibsuu ilaalchisee barattootni 16(%40.0) ta'an deebisuuf kan carraaqan, 15(%37.5) immoo callisanii kan taa'an ta'uu hubatamee jira. Barnoota afaanii keessatti kaayyoon shaakla dubbisa duraa qabiyyee dhiyaate sana barattoonni haala naannoo isaaniin walqabsiisanii muuxannoo qaban himuun dandeettii dubbachuu akka gabbifatan gargaara. Kaayyoo kana galmaan gahuuf barsiisaan barataa hundaafuu carraa kennuun gaariidha.

Walumaa galatti ragaan daawwannaa daree gama barattootaan taasifamerraa argame akka ibsutti barattoonni hojjiimanaa soroofachuu, yaadannoo fudhachuufi gaaffiifi deebiiratti haala gaariin kan hirmaatan yommuu ta’u, hojiigaree, hojii ofii waliif ilaaluu, kitaaba barataa fayyadamuufi qabiyyee guyyaarratti muuxannoo qaban himuurratti hanqinni kan mula’atu ta’uu agarsiisa. Wanti kanarraa mul’atu hirmaannaan daree laafaa ta’uu isaati. Barattoonni daree keessatti hirmaannaa si’ataa hintaasisan yoo ta’e kaayyoon barnootaa qulqullinarratti qabu galmaan gahuu hindanda’u. Dhimmi kun immoo kan barsiisaa qofa osoo hintaane, kallattumaan barataa akkasumas, maatii kan ilaallatu ta’uu qorataan heeree jira.

Gabatee 4: Tooftaa madaallii habuurraa daree haala daree ilaallatuun adeemsifame

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Dhibbentaa | Mean |
|-----|----------------------------------|-----------------|-----------|------------|------|
| 1 | Mijaa’ina teessuma barataa | Gidduu galeessa | 1 | 33.3 | 3.66 |
| | | Olaanaa | 2 | 66.7 | |
| 2 | Bal’ina daree barnootaa | Olaanaa | 2 | 66.7 | 4.33 |
| | | Baay’ee olaanaa | 1 | 33.3 | |
| 3 | Qulqullina daree barnootaa | Olaanaa | 2 | 66.7 | 4.33 |
| | | Baay’ee olaanaa | 1 | 33.3 | |
| 4 | Qulqullina baxxeeboronqii | Olaanaa | 3 | 100 | 4.00 |
| 5 | Baay’ina barattootaa daree sanaa | Olaanaa | 3 | 100 | 4.00 |
| 6 | Haala naamusa daree | Gidduu galeessa | 2 | 66.7 | 3.33 |
| | | Olaanaa | 1 | 33.3 | |
| 7 | Meeshaalee yaalii afaanii | Gadaanaa | 3 | 100 | 2.00 |
| 8 | Haala foddaa (ifa qabaachuu) | Olaanaa | 3 | 100 | 4.00 |

Haala kutaa yookiin daree ilaalchisee, daawwannaa gaggeeffameen dareen barnootaa sadanuu haalli bal’inni daree, qulqullinni daree, baxxeeboronqiifi foddaa mijaawaadha. Garuu haalli teessuma barataa, naamusni barataafi baay’inni barataa rakkisaadha. Baay’inni barattootaa daree keessa jiran 75 hanga 80 waan ta’eef hojii garee hunda walqixa hirmaachisuurratti rakkoo ta’uu isaa qorataan hubatee jira. Akka qorataan daree seenee daawwatetti barattoonni wayita barsiisonni barsiisaa jiranitti sa’aatii dabarsanii daree seenan akka jiraniifi barattoonni tokko tokko osoo barsiisaan barsiisaa jiruu hojii biroo kan

hojjetaniifi kan taphatan ta'uu qorataan hubatee jira. Meeshaalee yaalii ilaalchisee daree sadanuu keessa kan hinjirreefi barattoonni itti fayyadamaa kan hinjirre ta'uun hubatamee jira. Walumaa galatti haalli daree barnootaa baruu barsiisuuf mijataa ta'ullee barattootni danachuun taa'umsa tokkorra afur ta'anii taa'uun naamusni daree akka jeeqamu gochuu, barsiisaan shaakala kennee akka hinsoroorsifneef sababa ta'uun walqabatee baruu barsiisuurratti dhiibbaa geessisaa jiraachuu mirkanaa'ee jira. Rakkoo kana furuufu hooggansi manabarumsaafi barsiisonni waliin ta'uun fala kaa'uu akka qaban qorataan heeruu kaa'ee jira.

4.2.2. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barattootaaf Dhiyaateraa Argame

Af-gaaffiin barattoota 16f dhiyaate gaaffilee 5n ture. Gaaffileen shaniin mala akkamtaafi hammamtaa irratti xiyyeeffachuun xiinxalamee jira. Tooftaa xiinxala odeeffannoowwan kanneenii immoo deebiwwan walfakkaataa ta'an irra deebii hambisuuf jecha baay'ina iddattootaa bakka sadiitti qooduun bifa mareedhaan erga irratti mari'ataniin booda ragaaleen irraa walitti qabamanii xiinxalamanii jiru. Malli kun baay'ina iddattootaa af-gaaffiirratti hirmaatanii bifa salphaa ta'eefi dimshaashaan xiinxaluuf nama gargaara jedhamee waan yaadameef filatame. Af-gaaffileen kunis, garee sadanirraa funaanamanii gaaffilee tokko tokkoo isaanii xiinxalmanii jiru. Isaanis, Gaaffii barsiisaan kee hojiidaree sii kennaa jedhuuf barattoonni 16(%100) ta'an kan kennaniif ta'uu ibsanii jiru. Gosoota hojiidaree attamii isinii kennuu? gaaffii jedhuuf marii garee, shaakala dubbisa duraa, shaakala yeroo dubbisaa, shaakala dubbisaan boodaa, dhiyeessa daree dhuunfaafi garee akka fakkeenyaattii heeruu kennanii jiru. Hojiidaree hojjechuun faayidaa maal qaba? jedhuuf, dandeettii hiika jechootaa, dandeettii barreessuufi dubbisuu keenyaa gabbisa jechuun ibsanii jiru. Dabalataanis, walii walii keenyarraa akka barruuf nu gargaara jechuun ibsaniiru. Barsiisaan keessan irra caalaatti hojiidaree attamii osoo siif kenne jaallatta? jedhuuf barattootni 12(%66.6) ta'an hojiigaree, dhiyeessa garee, dhag-dubbii ak-diraamaa jechuun yommuu ibsan barattoonni 6(33.3) ta'an immoo hojiimanaa, abbaltiifi dhiyeessa garee osoo baay'inaan nuuf kennan nutti tola jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

Ragaan kanarraa argame akka ibsutti harki caalaan barattootaa dalagni isaanii kennamu daree keessatti qofa kan raawwatu osoo ta'e kan jaallatan ta'uu agarsiisa. Barattoonni muraasa ta'an immoo gara manaatti fudhatanii galanii itti qophaa'anii osoo dhufan kan jaallatan ta'uu agarsiisa. Walumaa galatti barsiisaan yeroo hojiidaree kennu duraan dursee maalummaafi fedhii barattoota isaa beekee dursa karoorfatee osoo kenneef gaarii ta'uu qorataan ibsee jira. Ragaan gaaffii lammaffaarraa argame akka ibsutti dalaga daree keessaa gareedhaan taatanii akka dalagdaniif carraa hunda keessaniif kennamaa

gaaffii jedhuuf barattoonni 11(%61.1) nuuf kennama kan jedhan yommuu ta'u, 7(%38.9) ta'an immoo walqixa hinkennamu jechuun deebisanii jiru. Kan isinii hinkennamne yoo ta'e sababni isaa maali jedhamaniif, barattootuma adda dureef barsiisota biratti beekamantu dursaa garee akka ta'uuf barsiisaan filatamu. Kanaafuu warruma ciccimootu dhiyeessa malee warri suuteyyiin dhiyeessa daree keessatti hinjajjabeefaman jechuun komataniiru. Faayidaan gareedhaan hojjechuu maali? jedhuuf yeroo ibsa kennan walii keenya irraa baruuf, daree fuulduratti bahee dubbachuu kan sodaatu garee keessatti dubbachuuf carraa argata. Akkasumas, bakka barattoonni daree tokko keessatti baay'atanii jiranitti garee gareen yoo qoodaman carraa namoota hedduu hirmaachisuurratti bu'aa qaba jechuun ibsanii jiru. Ragaan gaaffii kanarraa argame barattoonni daree keessatti gareedhaan hojjechiisuun jiraatuuyyuu barattoonni suuteyyiin kan hinjajjabeefamne ta'uu agarsiisa. Barsiisaan dhiyeessa gareefi dhuunfaa daree keessatti yeroo barattootaaf carraa kennu irra caalaatti kanneen suuteyyiif osoo kenname gara ofitti amanuutti dhuufuu waan danda'aniif xiyyeeffannoon osoo kennameef gaarii ta'a jechuun qorataan eeree jira. Gaaffii madaallii kennamuuf qaphxii gaarii argachuuf qophii gahaa taasistaa jedhuuf barattoonni 12(% 66.7) ta'an qophii kan taasisan ta'uu ibsanii jiru. Barattoonni 6(% 33.3) ta'an immoo qophii gahaa kan hintaasisne ta'uu ibsanii jiru. Kanneen qophii taasisaa hinjiru jedhaniin sababa isaa yeroo gaafataman yeroo itti qophii godhan dhabuu kaasuu.

Manni barumsaa qormaata xumuraa guyyaa tokkotti gosa barnootaa 3 akka qoramnu nu dirqisiisa. Yeroo dhabuurraa kan ka'e gadi fageenyaan dubbisnee qormaata qoramuu hindandeenyu. Qophii gahaa gochuu dhabuun immoo dhiphinaaf nu saaxila, akkasumas, firii qabxii keenyaa gadi buusa jechuun yaada kennanii jiru. Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate, qormaata yeroo kennitan barattoonni qophii gahaa akka taasisan yeroo gahaa kinnituufi gaaffii jedhuuf battalleerratti yeroo argatu. Garuu, yeroo qormaata xumuraa guyyaa sadii hanga afur gidduutti qoramanii xumuramuu waan qabuuf yeroo gahaa hinargatan jechuun deebii walfakkaataa kennanii jiru. Barattoonni akka dabalataatti guyyaa tokkotti qormaata tokko qofa osoo qoramne gaariidha jechuun yaada isaanii ibsatanii jiru. Barattoonni yeroo gahaa dhabuurraan kan ka'e sodaa qormaataan nageenya qaama isaaniirratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Kanaaf, manni barumsaa barattootaaf osoo haala mijeesse barattootni tasgabbaa'anii qoramuu danda'u jechuun qorataan yaada isaa ibsee jira. Barsiisaan hirmaannaadaree barattoota hirmaachisuurratti osoo maal godhan gaariidha jetta jedhuuf, shaakalli daree keessatti kennamu kan barattoonni hojjechuu danda'an, yeroo kenname keessatti xumuramuu danda'u, wanta barannerratti hundaa'ee osoo kenname, hojii garee keessatti barattoota suuteyyiif carraan osoo kennameefi qormaanni walirraa siiqee nuuf kenname gaariidha jechuun yaada dabalataa kennanii jiru. Walumaagalatti kaayyoon hirmaannaadaree barattootni

hubannoo isaanii akka cimsataniifi muuxannoo akka waljijjiiraniif kan gargaaru waan ta'eef barsiisonni daree seenanii osoo barsiisuu hinegaliin, dursa itti qophaa'uun murteessaadha.

4.2.3. Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaateraa Argame

Af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate ragaa barbaachisaa ta'e karaa barsiisotarraa ittiin funaanamudha. Mana Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Jimmaa keessatti barsiisotni barattoota kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo barsiisaa jiran sadii af-gaaffii kana keessatti hirmaatanii jiru. Barsiisonni af-gaaffii irratti hirmaatan dhiira tokkoofi dubara lama turan. Af-gaaffiiwwan dhiyaatan kunneen barsiisota hundaafuu walfakkaataa yoo ta'an baay'inni af-gaaffilee 7 qofa. Af-gaaffiin tokkoffaan kaayyoon hirmaannaa daree maali? kan jedhu ture. Haaluma af-gaaffii kanaatiin deebiin barsiisota irraa argame haala itti aanuun qindaa'ee dhiyaatee jira. Gaaffii kanaaf barsiisaan tokko yoo deebii laatu kaayyoon hirmaannaadaree daree barnootaa keessatti barattoota hirmaachisuun dandeettiifi hubannoo barnoota isaanii akka cimsatan, dandeettiwwan afaanii gabbisuu barattoonni walii walii isaaniirraa akka barataniifi barnoota dareen alatti baratan madaaluuf gargaara jechuun ibsee jira. Barsiistonni dubaraa lamaan immoo kaayyoon hirmaannaa daree kaayyoo barnootaa galmaan gahuuf, dandeettii barattootaa addaan baasuun deeggarsa kennuufi dalaga isaaniif dubdeebii kennuuf gargaara jechuun deebii walfakkaataa kennanii jiru. Walumaagalatti ragaan deebii kanarraa argame akka ibsutti kaayyoon hirmaannaadaree barataafi barsiisaa, barataafi barataa daree barnootaa keessatti walitti fiduun qulqullina barnootaa galmaan gahuuf kan gargaaru ta'uu kan ibsudha. Haaluma kanaan qulqullina barnootaa fiduuf gaheen barataafi barsiisaa hirmaannaa dareerratti taasisan baay'ee murteessaa ta'uu isaa qorataan hubatee jira.

Gaaffiin lammaffaan kayyoo keessan galmaan gahuufi dhiisuu attamiin adda baafattu? jedhuuf barsiisaan tokko gaaffii qomaafi barreeffamaa kennuun, gaaffiifi deebii gaggeessuun, gilgaala daree kennuufi soroorsuun jechuun ibsee jira. Barsiistuun tokko hojii garee kennuun barattoonni daree keessatti dhiyeessa akka dhiyeessan taasisuun yeroo jettu, barsiistuun tokko immoo hojii manaa kennuu, abbaltii kennuun daree keessatti akka dhiyeessan taasisuu, battallee kennuufi qormaata kennuun adda baafachuun nan danda'a jechuun yaada ibsitee jirti. Ragaan gaaffii kanarraa argame akka agarsiisutti kaayyoon hirmaannaa daree galmaan gahuu isaa addaan baafachuuf gosoonni madaallii walitti fufaa murteessaa ta'uu isaa agarsiisa. Madaallii walitti fufaan tooftaa hirmaannaan daree ittiin madaalamu ta'uu isaa qorataan hubatee jira.

Gaaffii sadaffaan daree keessatti tooftaa hirmaannaadaree attamii fayyadamtu? gaaffii jedhuuf barsiisonni sadanuu deebii walfakkaatu kennanii jiru. Deebii isaan kennanis, marii garee, dhiyeessa dhuunfaafi garee, gaaffiifi deebii, falmii, shaakala dubbisa duraafi boodaa jechuun ibsanii jiru. Tooftaa kana kan fayyadamanis, tarsiimoo barnootaa galmaan gahuuf gumaacha taasisuufi barattoota geessisuu akka fakkeenyaatti kaasu. Ragaan gaaffii kanarraa argame akka ibsutti, tooftaaleen baruu barsiisuu filatamaa ta'e hirmaannaa daree si'ataa ta'e gaggeessuuf murteessaa ta'uu agarsiisa. Kanaaf, barsiisaan wayita hirmaannaa daree gaggeessu mala baruu barsiisuu qabiyyee duukaa deemu filatee daree seenuu akka qabu qorataan deebii kanarraa hubatee jira. Ragaan gaaffii araffaa irraa argame akka ibsutti tooftaan isin barsiisuuf itti fayyadamtan osoo akka yaaddanitti galma isiniif gahuu baate tarkaanfii attamii fudhattu? jedhuuf, barsiisaan tokko madda rakkoo isaa xiinxaluun mala baruubarsiisuu qabiyyee sana waliin deemu jijjiruun irra deebiin barsiisuu jechuun deebisee jira. Barsiistuun tokko qabiyyee barattootaaf akka ta'utti fooyyesseen barsiisa jechuun deebii yommuu kennitu, barsiistuun tokko immoo qabiyyee biraa qabiyyee sanaan walfakkaatu dursa shaakalsiisuun irra deebi'een shaakalsiisa jechuun ibsitee jirti.

Akka iddattoonni kun ibsanitti ragaan argame, barsiisaa cimaan qabiyyee shaakala dareef qopheesserratti mala attamiin yoo barsiise barattoota hirmaachisuu danda'a jedhurratti dursee qophaa'ee daree galuu akka qabu agarsiisa. Barsiisaa cimaan maalummaa barattoota isaa dursee waan beekuuf qabiyyee barattoota isaa waliin hindeemne fooyyessee barsiisuu akka qabu qorataan eeree jira. Ragaan gaaffii kanarraa argame akka ibsutti, hirmaannaa bu'aa qabeessa fayyadamuuf tooftaan jiru maal jettu gaaffii jedhuuf, akka barsiisotni jedhanitti tooftaan bu'aa qabeessa ta'e tooftaa qabeyyee sana waliin deemudha. Qabiyyeen barsiifamu tooftaa attamii barbaada, yoo tooftaa kamiin barsiise kaayyoo koo galmaan gahuu danda'a jedhee erga of gaafatee booda tooftaa isaaf ta'u filachuudha yaada jedhu ibsanii jiru. Akka ragaa kanaatti tooftaa gaariidha kan jedhamu qofaatti adda bahee kan taa'e hinjiru. Tooftaan baruu barsiisuu kamuu qabiyyee filatamerratti waan hundaa'u ta'uu namatti agarsiisa.

Barattoota keessan yeroo baayyee hirmaannaadaree gosa attamii fayyadamtanii addaan baafattu gaaffii jedhuuf, barsiisonni sadanuu hojiigaree keessatti hirmaachisuun, falmii akka taasisan gochuun, gahee taphachuun, dhiyeessa dhuunfaafi garee, gaaffiifi deebii daree keessatti qopheessuun barattoota hirmaataniifi hinhirmaanne addaan baafachuun ni danda'ama jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Hojiidaree barattootaaf erga kennitaniin booda dubdeebii laattu? gaaffii jedhuuf barsiisonni sadanuu kan laatan ta'uu himanii jiru. Wayita hojiidaree gargaaramtan rakkoon isin mudate jiraa jedhuuf hundi

isaanii akka jiru ibsaniiru. Barsiisonni kun akka fakkeenyaatti kan isaan kaasan barattoonni daree keessatti danachuu, barattoonni tokko tokko fedhii dhabuu, sadarkaa lammaffaa keessatti ilaalchi barattootaa, hooggantootaafi maatii Afaan Oromoorratti gadi bu'aa ta'uu, barattoonni kitaaba qabatanii manabarumsaa dhufuu dhabuu, hojii daree walirraa galagalchuu akka fakkeenyaatti kaasani jiru. Rakkoo ilaalchaa kanaaf sababa kan ta'e yeroo gaafatamanitti Afaan Oromoo qormaata biyyoolessaarratti waan hindhufneef manabarumsaa keessatti akka gosa barnoota biroo waliin walqixa hinilaalamu. Ragaan deebii kanarraa argame akka ibsutti mannibarumsaafi maatiin barattootaa barnoota Afaan Oromoof ilaalcha gaarii kan hinqabne ta'uu namatti agarsiisa. Hooggansi manabarumsaa ilaalcha gaarii hinqabu taanaan barataas ta'e maatiin fedhii qabaachuu hindanda'an. Rakkoon ilaalchaa furamuu kan danda'u, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan qofaan osoo hintaane, hooggansi manabarumsaa gosa barnoota kamiifuu ilaalcha walqixaa qabaachuun barbaachisaa ta'uu qorataan hubatee jira.

4.3. Xiinxala Ragaalee Hammamtaa (Safarataa)

Kutaa kana keessatti ragaaleen karaa gaafannoo banaafi cufaan kan ittiin funaanamaniifi xiinxalamanidha. Haalli adeemsa xiinxala ragaalee kanaas, akkaatuma duraaduuba walitti dhiyeenya isaaniitiin tokko tokkoon addaan bahanii kan xiinxalamanidha. Kutaa kana jalatti hubannoo barattootni hirmaannaa dareerratti qaban kan itti xiinxalamu ta'a.

4.3.1. Xiinxala Ragaalee Bargaaffii Barattoota Irraa Argame

Gabatee 5: Barattoonni hubannoo hirmaannaadaree qabaachuu

Gabateen 5 akka agarsiisutti barattoonni barbaachisummaa daree irratti garri caalaan isaanii hubannoo qabna kanneen jedhan yommuu ta'u barattoonni hundi hirmaannaan daree akka nu barbaachisu beekna jechuun deebisaniiru. Hirmaannaan daree akka isaan fayyaduufi bu'uura madaallii isaanii ta'uu hundi isaanii kan beekan ta'uu ibsani jiru. Barattoonni % 65.5 ta'an dhuunfaan hirmaachuu kan jaallatan ta'uu agarsiisa. Barattoonni %51.5 dhuunfaan hirmaachuu kan hinjaallanne ta'uu agarsiisa. Barattoonni %77.5 ta'an lamalama hirmaachuu kan fedhan ta'uu, barattoonni %58.5 ta'an hirmaannaa daree muraasa kan jaallatan yommuu ta'u, barattoonni hundi hirmaannaan daree gahee keenya ta'uu beekna kan jedhan ta'uu agarsiisee jira.

| | Lak | Safartuu | Deddeebii | Persentaa | Mean |
|---|---|-----------------------|-----------|-----------|------|
| 1 | Hirmaannaan daree akka na barbaachisu nan beeka. | Gameessaan walii gala | 7 | 17.5 | 4.2 |
| | | Waliigala | 19 | 47.5 | |
| | | Baay'ee waliigala | 14 | 35.0 | |
| 2 | Faayidaa hirmaannaa daree nan beeka | Gameessaan walii gala | 6 | 15.0 | 4.17 |
| | | Waliigala | 21 | 52.5 | |
| | | Baay'ee waliigala | 13 | 32.5 | |
| 3 | Hirmaannaan daree bu'uura madaallii koo akka ta'e nan beeka | Gameessaan walii gala | 8 | 32.5 | 4.07 |
| | | Waliigala | 21 | 52.5 | |
| | | Baay'ee Waliigala | 11 | 27.5 | |
| 4 | Hirmaannaan daree na hinfayyadu jedheen yaada | Baay'ee walii hingalu | 9 | 22.5 | 2.35 |
| | | Walii hingalu | 15 | 37.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 11 | 27.5 | |
| | | Walii gala | 3 | 7.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 2 | 5.0 | |
| 5 | Hirmaannaa daree akka hojii muddamaatti godheen yaada | Baay'ee walii hingalu | 8 | 20.5 | 3.22 |
| | | Walii hingalu | 17 | 42.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 13 | 32.5 | |
| | | Walii gala | 1 | 2.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 1 | 2.5 | |
| 6 | Ani dhuunfaan hirmaachuu jaalladha | Baay'ee walii hingalu | 2 | 5.0 | 2.95 |
| | | Walii hingalu | 11 | 27.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 15 | 37.5 | |
| | | Walii gala | 11 | 27.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 1 | 2.5 | |
| 7 | Ani lama lamaan hirmaachuu jaalladha | Baay'ee walii hingalu | 8 | 5.0 | 2.25 |
| | | Walii hingalu | 17 | 2.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 13 | 30.0 | |
| | | Walii gala | 1 | 57.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 1 | 5.0 | |
| 8 | Ani hirmaannaa garee nan jaalladha | Gameessaan waliigala | 2 | 5.0 | 4.45 |
| | | Walii gala | 18 | 45.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 20 | 50.0 | |
| 9 | Ani hojiidaree muraasan jaalladha | Baay'ee walii hingalu | 2 | 5.0 | 3.27 |
| | | Walii hingalu | 3 | 7.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 23 | 57.5 | |
| | | Walii gala | 6 | 15.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 6 | 15.5 | |

| | | | | | |
|----|---|----------------------|----|------|------|
| 10 | Hirmaannaan daree gahee koo ta'uu nan beeka | Gameessaan waliigala | 1 | 2.5 | 4.47 |
| | | Walii gala | 19 | 47.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 20 | 50.0 | |

Furtuu: 1= Baay'ee walii hingalu 2= Walii hingalu 3= Gameessaan waliigala 4= waliigala 5= Baay'ee waliigala

Kaayyoon sagantaan barnootaa afaanii fiixaan baafachuuf ulaagaa barbaachisaa keessaa inni tokko hirmaannaa barattootni daree keessatti taasisanidha. Akka ragaan lakkoofsa gaaffii 1 irraa ibsutti barattoonni 14(%35) ta'an baay'een waliigala, 19(47.5) ta'an walii gala, 7(17.5) gameessaan kan waliigalan ta'uu isaa hubatamee jira. Walumaagalatti akka ragaa kanaatti barattoonni %82.5 ta'an hirmaannaan daree akka na barbaachisu nan beeka jedhan baay'ee irratti kan waliigalaniifi waliigala kan jedhan yommuu ta'u, barattoonni %17.5 ta'an immoo hamma tokko kan waliigalan ta'uu hubatameera. Ragaan afaaffii irraa argame baay'een isaanii walii gala jechuun deebisanii jiru. Af-gaaffii hubannoo barattoonni hirmaannaa dareerratti qaban ilaalchisee barsiisotaaf dhiyaaterra deebiin argame kanumaan kan walfakkaatu ta'uu hubatamee jira. Akka sababaatti isaan kaasan hirmaannaan daree qulqullina barnootaa gumaachuu keessaa tooftaa isa olaanaa waan ta'eef barattoonni yeroo yeroon yaadachiifamu jechuun yaada isaanii kennaniiru. Kun immoo mala baruubarsiisuu keessatti barattootni hirmaannaadaree keessatti kan hirmaatan yoo ta'e dandeettii afaaniifi qabxii barnoota isaaniirratti jijjiirama fiduu danda'u.

Gabatee 5 lakkoofsi lama faayidaa hirmaannaa daree hammam akka isaan beekan gaafata. Akka ragaa kanarraa argametti, barattoonni 13(32.5) baay'ee kan beekan, 21(%52.5) kan waliigalan, barattoonni 6(%15) gameessaan kan waliigalan ta'uu ibsamee jiru. Walumaagalatti ragaan kun akka ibsutti faayidaa hirmaannaa daree beektaa? gaaffii jedhuuf %85 kan beekan ta'uu mul'isa. Af-gaaffii barsiisotaaf barattoonni faayidaa hirmaannaadaree hammam beeku? jedhamanii gaafatamanis, nibeeku kan jedhu ture. Barsiisonni kun beekuu isaanii attamitti hubattan? gaaffii jedhu wayita gaafatamanitti wayita daree barnootaa keessatti shaakalli adda addaa isaaniif kennamutti qabxii argachuuf/soroofachuuf hatattamaan hojjetanii barsiisaatti kennatu. Isa isaanii hingalle immoo hiriyyoota isaanii gaafatu. Akkasumas, hirmaachuuf warri fedhii hinqabne illee sodaa qabxii dhabuuf jecha hiriyyoota isaaniirraa osoo galagalchani argamu yaada jedhu ture. Ragaan kun akka agarsiisutti, barattoonni faayidaa hirmaannaa daree kan isaan beekan qabxii argachuu waliin kan walqabate tu'uu agarsiisa. Kaayyoon hirmaannaa daree inni guddaan garuu qabxii barataa fooyyessuu osoo hintaane hubannoofi dandeettii barattootaa gabbisuurratti ture. Habuurraan karaa dawwannaa daree irraa argames, kanuma ta'uu mul'isa.

Hirmaannaan daree bu'uura madaallii kee ta'uu beektaa? gaaffii jedhuuf barattoonni 11(%27.5) baay'ii irratti kan waliigalan, 21(%52.5) waliigala kan jedhan, 8(%20) gameessaan kan waliigalla ta'uu agarsiisa. Ragaa kanarraa akkuma hubatamutti %80 hirmaannaan daree bu'uura madaallii koo ta'uu nan beeka kan jedhan ta'uu agarsiisa. Af-gaaffii barattootaaf dhiyaaterraas barattootni hirki caalaan kan beekan ta'uu isaati. Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate, barattoonni hirmaannaan daree madaallii barnoota isaaniirratti jijjiirama akka fidu beekuu? jedhamanii gaafatamaniif deebii isaan kennan harki caalaan isaanii ni beeku yaada jedhu ture. Akka fakkeenyaatti isaan kaa'anis, barattoonni hedduun wayitii qormaanni kennamutti gareedhaan ta'anii ni hojjetu. Akkasumas, hojiin garee yeroo kennamutti waliin hojjetanii dhiyeessa dareerratti hirmaatanii qabxii argachuuf yeroo isaan carraaqan ni mul'ata yaada jedhu kennanii jiru. Beektonni akka jedhanittis, barattoonni hirmaannaan daree bu'uura madaallii isaanii ta'uu yoo kan beekan ta'e, dalaga daree keessatti kennamurratti hirmaachuun dandeettii afaanii gabbifachuu ni danda'u. Qormaata kennames hojjetanii qabxii gaarii niargatu yaada jedhu ture.

Ragaan gabatee 5 lakkoofsa 4 irraa akka mul'isutti barattootni 2(%5) hirmaannaan daree na hinfayyadu jedheen yaada yaada jedhurratti baay'ee kan waliigalan yommuu ta'u, barattoonni 3(%7.5) immoo irratti kan walii galan ta'uu ibsu. Barattoonni 11(%27.5) gameessaan irratti waliigala jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Barattoonni %60 ta'an walii hingaluufi baay'ee walii hingalu jechuun deebisanii jiru. Gabatee kanarraa akkuma hubatamutti, hojiin daree akka isaan fayyadutti kan yaadan ta'uu mul'isa. Akka sababaatti gaafatamaniif deebii isaan laatan, yoon hirmaannaa daree taasise, ofitti amanamummaan koo dabalaa deema. Akkasumas, sodaa malee qormaata nan hojjedha, qabxii gaariis nan argadha jedhanii deebisaniiru. Akkuma yaada waliigalaatti hirmaannaan daree barataadhaaf faayidaa inni qabu daran olaanaadha. Hirmaannaan daree sirriitti yoo jiraate dursa kan itti fayyadaman barattoota jechuun barsiisotni ibsanii jiru. Kanaafuu, bu'aa barbaadame galmaan gahuu keessatti barataafi barsiisaan sochii daree keessatti ta'u maraaf xiyyeeffannoo kennuun yoo hojjetan booruu barattootaarratti jijjiiramni gaarii dhufuu akka danda'u odeeffannoo kanarraa hubachuun ni danda'ama. Gabateen 5 lakkoofsi 5 akka agarsiisutti barattoonni 2(%5) hirmaannaa daree akka hojii muddamaatti godhanii kan ilaalan yommuu ta'u, 13(%32.5) gameessaan waliigala, barattoonni 17(%42.5) irratti walii hingalle, 8(%20.) immoo baay'ee kan walii hingallee ta'uu ibsamee jira. Af-gaaffii hirmaannaa daree akka dhiphinaatti gootee yaaddaa? jedhu dhiyaateef harki caalaan hinyaadu kan jedhan yommuu ta'u harki muraasti immoo nan yaada yaada jedhu kaa'u. Sababni isaas, guyyaa tokko keessatti shaakala hedduutu nuuf kennama jedhu. Kanaafuu hojjennee osoo hin xumuriin manabarumsaa deemnee walirraa galagalchinee soroorfanna jedhu.

Af-gaaffii barsiisotaaf, barattoonni hojii isin kennitaniif dhiphina tokko malee yeroodhaan hojjetanii dhiyeessuu? jedhuuf harki caalaan barattootaa osoo hinhojjetiin akka dhufan kaasu. Wayita hojiimanaafi abbaltii kennitan barsiisota biroo waliin quba walii qabduu jedhamanii gaafatamaniif harki caalaan barsiisaa karuma karaasaa kenna malee sagantaan qindaa'ee kennamu hinjiru yaada jedhu kennanii jiru. Hojiin manaa barattootaaf kennamu humnaa ol yoo ta'e barataan yeroon hojjetee xumuruu dhabuurraan kan ka'e, yeroo boqonnaafi hirribaa dhabuun dhibee biraatiif saaxilamuu danda'a. Akkasumas, yeroo karoorra dhuunfaa isaanii kitaaba isaanii dubbisani qormaataaf of qopheessuu dhabuun qabxii gaarii fiduu dhiisuu danda'u. Barsiisonni daree sana seenanii barsiisan wal mari'atanii osoo kennan hirmaannaa si'ataa ta'e hojiirra oolchuun nidanda'ama.

Ragaan gabatee 5 lakkoofsa 6 irraa argame akka ibsutti ani dhuunfaan hirmaachuun jaalladha jedhu gaaffii gaafatamaniif barataan 1(%2.5) baayyee kan irratti waliigalu ta'uu ibsee jira. Barattootni 11(%27.5) ta'an immoo waliigala jedhuun ibsaniiru. Barattoonni 15(%37.5) kan ta'an gameessaan kan irratti waliigalan ta'uu ibsa. Barattoonni 11(%27.5) kan ta'an walii hingalu jechuun yaada kennanii jiru. Barattoonni 2(%5.) baay'ee kan walii hingalle ta'uu ibsani jiru. Walumaagalatti deebii kanarraa wanti hubatamu, barattootni %67.5 ta'an dhuunfaan hirmaachuu kan hinfeene ta'uu muldhisa. Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate dhuunfaan hirmaachuu moo gareen hirmaachuu filatta? jedhuuf barattota 16 keessaa barattoonni 9 gareen hirmaachuu filanna jechuun yaada isaanii kennaniiru. Barattoonni 7 immoo dhuunfaan hojjechuu filanna jechuun yaada kennanii jiru. Sababa dhuunfaan hojjechuu filataniif, yeroo gareedhaan hojjennu namoota muraasa ta'antu hojjeta. Barattoonni garri caalaan dhimma mataa isaanii hojjetu. Yeroo ofii hojjedhu yeroo kootti sirriitti fayyadamee yeroo naaf kenname keessatti xumuree soroofachuuf carraa argachuu nan danda'a jechuun deebii kennaniiru. Akkuma kaayyoo hojii gareetti barattoonni waliin hojjennaan carraa walirraa barachuu bal'aa waan ta'eef barsiisaan yeroo hojii garee kennu itti dhiyeenyaan hordofuun barbaachisaa ta'a. Barataan hirmaannaa garee keessatti gahee mataa isaa hinba'u yoo ta'e, faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala. Odeeffannoon habuurraa daree irraa argames kanuma dhugoomsa.

Wayita daawwataan daree seenee daawwatetti yeroo hojiin garee kennamu barattootni hedduun osoo haasa'anii barattootni itti gaafatamummaan kenname qofti osoo hojjetanii nimul'atu. Ragaan gabatee 5 lakkoofsa 7 irraa akka agarsiisutti lama lamaan hirmaachuu jaallattaa gaaffii jedhuuf barattootni 2(%5) baay'ee irratti walii kan galan, barattootni 23(%57.5) ta'an irratti kan walii galan, barattootni 12(%30) gameessaan kan waliigalan, barattuun 1(%2.5) walii hingalu, barattoonni 2(%5) immoo baay'ee walii

hingallu jechuun yaada isaanii kaa'anii jiru. Ragaan gabatee kanarraa argame barattoonni 37(%92.5) ta'an fedhii isaanii ta'uu mul'isa. Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate hirmaannaan garee miseensa meeqaan osoo gaggeeffame gaariidha jetta jedhuuf barattoonni irra caalaan isaanii lamaa hanga afurii osoo ta'e gaariidha jedhu irratti waliigalu. Akka sababaatti isaan kaasanis, hirmaattonni yeroo baay'atan jeequmsaaf karaa saaqa, nama muraasa yoo ta'an garuu carraa hunduu hirmaachuu ni qabaanna jechuun ibsanii jiru.

Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaaterraas yeroo hojii garee kennitan garee miseensa meeqaa hanga meeqaa qabu kennitu jedhuuf hundi isaanii yeroo baay'ee namoota jaha hanga saddetii kan hincaalle garee tokko keessatti hirmaachisna yaada jedhu kaa'anii jiru. Faayidaafi miidhaa isaa wayita gaafatamanitti garee xiqqaan barattoota hundaaf qooda kennuuf carraa guddaa qaba. Garee bal'aan garuu jeequmsaaf karaa saaqa. Hajiin garee xiqqaan hirmaachisuu daree barattoota hedduu qabu keessatti hirmaachisuun dhiyeessa daree irratti yeroo bal'aa waan fudhatuuf yeroo tokko tokko garee miseensa bal'aatti fayyadamuun akka filannootti fudhatamuu danda'a jechuun ibsu. Kaayyoon hojii garee akka ibsutti barattoonni hundi gahee mataa isaanii bahanii walirraa barachuu akka danda'aniif waan ta'eef hanga danda'ametti osoo garee xiqqaan hirmaanne garriidha jechuun barattoonni yaada isaanii ibsu.

Gabatee 5 lakkoofsa gaaffii 8 irraa ragaan argame hirmaannaa garee jaallattaa gaaffii jedhuuf barattoonni 38(%95) kan jaallatan, 2(%5) gameessaan kan jaallatan ta'uu ibsu. Ragaan argame kunis akka ibsutti barattootni hirmaannaa garee si'ataa ta'e kan jaallatan ta'uu agarsiisa. Ragaan af-gaaffiirraa argames, akka ibsutti hirmaannaa garee kan jaallattu yoo ta'e maaliif? gaaffii jedhuuf harki caalaan muuxannoo waljijjiiruuf, walirraa barachuuf nu gargaara jechuun ibsaniiru. Barattootni hojiidaree muraasan jaalladha kanneen jedhan barattoota 6(%15) barattootni 6(%15) irratti walii galan, 23(%57.5) gameessaan kan waliigalan, 3(%7.5), walii hingalu, 2(%5) immoo baay'ee irratti kan walii hingalle ta'uu isaanii agarsiisa. Akkuma ragaan kun ibsutti barattoonni gara caalaan isanii hojiidaree muraasa kan jaallatan ta'uu isaati. Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate irraa odeeffannoon argame hojiidaree hammam osoo siif kenname feeta? gaaffii jedhuuf barattoota 16 gaafataman keessaa barattoonni 11 muraasti osoo nuuf kenname jaallanna kan jedhan yommuu ta'u barattootni 5 immoo baay'atee osoo nuuf kanname nijaallanna jechuun deebii kennanii jiru. Barattoota muraasa jedhaniin maaliif jaallattu jedhu gaafatamaniif hojiin manaa muraasti yeroo nuuf kennamu yeroo gahaa waan argannuuf itti yaanee hojjechuu dandeenya. Wanta nuuf hingalles kitaabilee keenya dubbisuun hojjechuuf carraa arganna.

Dabalataanis, bakka nuuf hingallee yaadannoofi kitaabilee keenya dubbisuun dandeettiifi hubannoo keenya cimsachuu dandeenya jechuun ibsu. Barattootni hojiimanaa hedduun osoo nuuf kenname jaallanna jedhan sababa isaan jaallataniif hojiin manaa baay’een yoo nuuf kenname hojjechuuf jecha kitaabilee hedduu akka dubbisnuuf nu kakaasa jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Gama dawannaa dareerra ragaan argame ibsutis, baruullee barataarraa hojiin manaa barsiisaan soroorseefii jiru kan barattoota hedduu deebiifi qabxii walfakkaataa ta’uu isaati. Barsiisaan isuma dareetti soroorse battalleedhaan deebisee qore, qabxiin isaan argatan wal hinfakkaatu. Qabxiin battallee isaanii gadi bu’aadha. Kanaafuu barsiisaan wayita hojiimanaa kennu duraan dursee maalummaa barattoota isaa beekke gaaffilee isaan hojjechuu danda’aniifi yeroo kennameefii keessatti hojjetanii xumuruu danda’an dursee itti yaadee kennuu qaba.

Ragaan gabatee 5 lakkoofsa gaaffii 10 irraa argame akka ibsutti gaaffii hirmaannaan daree gahee kee ta’uu beektaa? jedhu gafatamaniif barattoonni 20(%50) baay’ee kan irratti waliigalan, 19(%47.5) ta’an waliigala kan jedhan ta’uu agarsiisa. Barataan tokko garuu gameessaan walii gala jechuun deebisee jira. Walumaagalatti gabatee kanarraa odeeffannoon argame barattoonni hirmaannaan daree gahee isaanii ta’uu kan beekan ta’uu mul’isa. Barattootni hojiin daree qooda isaanii ta’uu yoo beekan miira guutuun irratti hirmaachuu danda’u. Bu’aa isaarraas kallattumaan fayyadamoo ta’u. Kanaaf, barsiisaan wayita hirmaannaa daree hirmaachisutti barattootni hunduu gahee mataa mataa isaanii akka bahatan jajjabeessuufi haala mijeessuu qaba.

Gabatee 6: Ilaalcha barattootaafi barsiisotaa hirmaannaa dareerratti qaban

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Persentaa | Mean |
|-----|---|-----------------------|-----------|-----------|------|
| 1 | Barsiisaan barbaachisummaa hirmaannaa dareerratti ibsa sirrii kennaa? | Baay’ee walii hingalu | 5 | 12.5 | 3.05 |
| | | Walii hingalu | 12 | 30.0 | |
| | | Gameessaan waliigala | 0.0 | 0.0 | |
| | | Walii gala | 22 | 55.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 1 | 2.5 | |
| 2 | Barsiisaan hojiidaree qabiyyee waliin deemu kennaa? | Gameessaan waliigala | 24 | 60.0 | 3.5 |
| | | Walii gala | 12 | 30.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 4 | 10.0 | |
| 3 | Barsiisaan hojii daree kenne hordofaa? | Walii hingalu | 2 | 5.0 | 3.85 |
| | | Gameessaan waliigala | 10 | 25.5 | |
| | | Walii gala | 20 | 50.0 | |

| | | | | | |
|---|--|-----------------------|----|------|-------------|
| | | Baay'ee walii gala | 8 | 20.0 | |
| 4 | Barsiisaan hojiidaree kennuuf dubdeebii battalaa sii kennaa? | Walii hingalu | 4 | 10.0 | 3.37 |
| | | Gameessaan waliigala | 20 | 50.0 | |
| | | Walii gala | 13 | 32.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 3 | 7.5 | |
| 5 | Barsiisaan yaada barataa keessummeessaa? | Baay'ee walii hingalu | 1 | 2.5 | 3.85 |
| | | Walii hingalu | 1 | 2.5 | |
| | | Gameessaan waliigala | 6 | 15.0 | |
| | | Walii gala | 27 | 67.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 5 | 12.5 | |
| 6 | Kitaaba barataa daree keessatti gargaaramuun gaariidha jettaa? | Baay'ee walii hingalu | 16 | 40.0 | 3.25 |
| | | Gameessaan waliigala | 3 | 7.5 | |
| | | Baay'ee waliigala | 21 | 52.5 | |

Akka ragaan gabatee 6: lakkoofsa gaaffii 1 ibsutti gaaffii barsiisaan barbaachisummaa hirmaannaa dareerratti ibsa sirrii kennaa? jedhuuf barattooni 22(%55) irratti kan waliigalan, 12(%30) walii hingalu, 5(%12.5) baay'ee walii hingallu, 1(%2.5) immoo baay'ee irratti walii gala jechuun ibsaniiru. Odeeffannoon gabatee kanarraa akkuma ibsutti barattooni 23(%57,5) ta'an kan irratti walii galan yommuu ta'u, barattootni 17(%42.5) ta'an immoo kan walii hingalle ta'uu agarsiisa. Barsiisaan wayita hirmaannaa daree taasisu, barattootni akka hojjetaniif qabiyyee laatu tokkorratti duraan dursee kaayyoo maaliif akka laate himuun barbaachisaa ta'a. Kaayyoo laateef hinbeeku taanaan bu'aa argame madaaluuf rakkisaa ta'a. Barattoonnis, maaliif akka hojjetan hinbeekan taanaan hojichaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu danda'u.

Kaayyoo hojiidaree hojjetuuf beektaa? gaaffii jedhuuf, barattootni garri caalaan isaanii beekna jechuun deebii kennanii jiru. Gaaffii kaayyoon hojiidaree maali? jedhamanii gaafatamaniif barattooni 12 fooyya'insa qabxii isaanii waliin walqabsiisuun qabxii keenya fooyyeffachuuf nu gargaara jechuun ibsanii jiru. Barattootni 4 immoo dandeettii afaanii gabbifachuuf akka isaan gargaaru ibsaniiru. Kaayyoon hojiidaree inni ijoon qabxii barataa fooyyessuu osoo hintaane, dandeettii barattootaa dagaagsuudha. Kanaaf, barsiisaan kaayyoo hojiidaree kennuuf erga hubachiiseen booda dandeettii barattootaa madaaluun dubdeebii kennuun garrii ta'a. Gaaffii barsiisaan shaakala daree qabiyyee waliin deemu isinii kennaa? jedhuuf barattooni 24(%60) gameessaan irratti waliigalu, 12(%30) waliigala, 4(%10) immoo baay'ee walii gala jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Akka ragaan kun agarsiisutti barattooni hedduun barsiisaan wayita hojiidaree kennu qabiyyeerratti hundaa'ee kennaa jedhuuf kan irratti walii galan ta'uu agarsiisa. Barsiisaan yeroo shaakala daree kennu fedhii barattoota hundaa walqixa eeguun ulfaataadha.

Faayidaan shaakala qabiyyee waliin deemu kennuu deebii kennuuf, gaaffii gaafachuuf gargaara, akkasumas ilaalacha yookaan yaada biraa laachuuf gargaara. Gaaffii fedhii isaanii kakaasu kennuuf, shaakala kenname gadi fageenyaan akka xiinxalaniifi qabiyyee waliin tokkummaa akka uumaniif isaan jajjabeessa. Barattootni yeroo gaaffii deebisan yookiin ibsuuf yaalan barsiisotni dandeettii hubachuu isaanii ni cimsatu. Barattootni sirriitti kan isaaniif hingaliin qabiyyee kenname bu'uura godhachuun sirreessuu danda'u. Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate irraa ragaan argame akka ibsutti barsiisaan hojiidaree kennee hordofaa jiraachuu isaa barattootni harki caalaan isaanii kan irratti waliigalan ta'uu yaada kennanii jiru. Odeeffannoon sakatta'a ragaaleerraa argames, kanamu kan ibsu ta'uu qorataan bira gahee jira.

Ragaan habuurraa daree irraa argame, qorataan wayita daree seenee daawwatetti barsiisonni barattoota garee gareedhaan qoqqoodanii barattoota hirmaachisaa jiraachuu isaanii daawwatee jira. Garuu qorataan akka taajjabetti barattootni hundi walqixa hirmaannaa taasisaa kan hinjirre ta'uu isaa argee jira. Gaaffiin itti aanu, barsiisaan hojiidaree kenneef dubdeebii sirriitti sii kennaa? gaaffii jedhuuf barattoonni %50.0 gameessaan kan waliigalan, %32.5 kan waliigalaniifi %7.5 ta'an baay'ee kan waliigalan ta'uu agarsiisee jira. Af-gaaffiin barattootaaf dhiyaates, akkuma ibsutti barattoonni harki caalaan kan walii galan ta'uu ibsa. Daawwataan wayita daree galee daawwatetti barsiisaan baruullee barattootaa soroorsee qabxii kennuu isaa argee jira.

Gaaffii barataan gaafateef barsiisaan deebii gahaa kennaa jedhuuf barattootni 27 (%67.5) ta'an waliigala kan jedhan yommuu ta'u, 5 (%12.5) baay'ee waliigala, 6 (%15.0) gameessaan waliigala jechuun eeranii jiru. Barattootni 2 (%5.0) immoo kan walii hingalleefi baay'ee kan walii hingalle ta'uu isaanii ibsanii jiru. Adeemsa qulqullina barnootaa galmaan gahuu keessaa inni tokko barataan gaaffii gaafateef barsiisaan yaada barataa isaa hubatee deebii sirrii kennuu yoo danda'e ta'uu ragaan qorannoo ni ibsa. Itti fayyadama kitaabaa ilaalchisee, barataan shaakala daree keessatti kennamuuf kitaabni barataa barbaachisaadha jedhu. Keessumaa shaakala dubbisuufi yeroo dubbisaa kennamuuf kitaabni barataa barbaachisaadha jedhu. Garuu daawwataan wayita daree seenee daawwatetti barataan kitaaba barataa daree keessatti qabatee jiru barattoota 5 kan hincaalle ta'uu argee jira. Gama hanqina kitaabaan garuu rakkoon akka hinjirre barsiisotni ibsanii jiru. Bakka itti fayyadamni kitaabaa hinjirretti qulqullina barnoota afaanii fiduun rakkisaa ta'a. Kanaaf barattootni dursanii itti yaaduu qabu jechuun qorataan bu'aa qorannoo qargame irratti hundaa'ee yaada isaa kennee jira.

Gabatee 7: Bu'aa hirmaannaa daree

| Ak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Persentaa | Mean |
|----|--|--------------------|-----------|-----------|------|
| 1 | Yeroo hirmaannaa daree taasisu dandeettiin barnoota koo nifooyya'a. | Walii hingalu | 1 | 2.5 | 3.92 |
| | | Gameessaan w/gala | 2 | 5.0 | |
| | | Walii gala | 18 | 45.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 19 | 47.5 | |
| 2 | Yeroo hirmaannaa hintaasifne dandeettiin barnoota koo gadi bu'a. | Walii hingalu | 1 | 2.5 | 4.15 |
| | | Gameessaan w/gala | 6 | 15.0 | |
| | | Walii gala | 18 | 45.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 15 | 37.5 | |
| 3 | Yeroo hirmaannaadaree taasisu qormaata hojjedhee qabxii gaarii argadha | Gameessaan w/gala | 6 | 15.0 | 4.22 |
| | | Walii gala | 19 | 47.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 15 | 37.5 | |
| 4 | Yeroon hirmaannaa taasisu dandeettii afaan koo nan gabbifadha | Baay'ee w/ hingalu | 2 | 5.0 | 4.02 |
| | | Walii hingalu | 1 | 2.5 | |
| | | Gameessaan w/gala | 2 | 5.0 | |
| | | Walii gala | 24 | 60.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 11 | 27.5 | |
| 5 | Hirmaannaan daree barnoota korratti akka na onnachiisu nan hubadha. | Baay'ee w/hingalu | 2 | 5.0 | 3.77 |
| | | Walii hingalu | 0 | 0.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 10 | 25.0 | |
| | | Walii gala | 21 | 52.5 | |
| | | Baay'ee walii gala | 7 | 17.5 | |
| 6 | Yeroo hirmaannaa taasisu ofitti amanamummaan koo nidabala | Baay'ee w/hingalu | 1 | 2.5 | 4.1 |
| | | Walii hingalu | 0 | 0.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 6 | 15.0 | |
| | | Walii gala | 20 | 50.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 13 | 32.5 | |
| 7 | Hiojiimanaa hojjechuuf yeroo gahaa nan qaba. | Walii hingalu | 6 | 15.0 | 3.65 |
| | | Gameessaan w/gala | 9 | 22.5 | |
| | | Walii gala | 18 | 45.0 | |
| | | Baay'ee walii gala | 7 | 17.5 | |

Furtuu: 1 = B/ walii hingalu 2 = Walii hingalu 3 = Gameessaan waliigala 4 = waliigala 5 = Baay'ee waliigala

Ragaan gabatee kanarraa argame akka agarsiisutti yeroo hirmaannaadaree taasisu dandeettiin barnoota koo nifooyya'a jechuun barattoota yaada kennan keessaa %47.5 baay'ee irratti kan waliigalan, %45 kan walii galan, %5.0 gameessaan kan waliigalan, %2.5 immoo kan walii hingalle ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti ragaan argame kun akka ibsutti barattooni yeroo hirmaannaa daree taasisanitti dandeettii barnoota afaanii isaanii kan fooyyefatan ta'uu agarsiisa.

Yeroon hirmaannaa daree taasisu qormaata nan hojjedha, qabxii gaariis nan fida kan jedhan %47.5 kan waliigalan ta'uu, %37.5 baay'ee kan waliigalan, %15.0 gameessaan kan waliigalan ta'uu agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun ragaan af-gaaffii barattootarraa argame hirmaannaa daree taasisuun fooyya'insa qabxii isaaniirratti akka isaan gargaaru harki caalaan isaanii irratti waliigalanii jiru. Barataa Al akka jedhutti, %80 hirmaannaa daree irratti hirmaachuun, %20 immoo kitaaba dubbisuun qormaata darbuu, akkasumas, qabxii gaarii fiduu nan danda'a jechuun ibsa. Odeeffannoon sakatta'a gabaasa qabxii barataarraa argame ibsutti barattoonni daree keessatti hirmaannaa taasisan qabxiin isaanii fooyya'aa ta'uu, hirmaannaa kanneen hintaasisne immoo gadaanaa ta'uu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 5 fi 6 irraa argame akka ibsutti %95 hirmaannaan daree barnoota koo irratti akka na onnachiisu nan beeka kanneen jedhan yommuu ta'u %5 immoo dareen al qophaa koo taa'ee yeroon hijjedhu qabxii gaarii nan fida kanaaf daree keessatti qophaa hojjechuun filadha jechuun deebii kennanii jiru. Gama biraan immoo yeroon hirmaannaa dareerratti hirmaadhu dandeettiin koo waan dabaluu ofitti amanamummaan koo ni dabala jechuun deebii kan kennan % 82. baay'ee waliigala kan jedhaniifi waliigala kan jedhan yommuu ta'u, %15 gameessaan kan waliigalan akkasumas %2.5 immoo kan walii hingalle ta'uu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 7 irraa argame akka ibsutti barattoonni %62.5 ta'an hojiimanaa hojjechuuf yeroo gahaa nan qaba yeroo jedhan, %22.5 ta'an gameessaan, %15.0 ta'an immoo kan walii hingalle ta'uu agarsiisa. Raga kanarraa wanti hubatamu barattootni harki caalaan isaanii yeroo qabna kan jedhan ta'ullee barattoonni baay'een yeroo kan hinqabne ta'uu agarsiisa. Ragaan af-gaaffii barattoota irraa argame sababa yeroo dhabuu isaanii wayita gaafatamanitti barsiisonni guyyaa tokko keessatti hojiimanaa hedduu nuuf kennu. Kanarraan kan ka'e manabarumsaati gallee hojjennee xumuruuf yeroon nu hanqata, Yeroo kitaaba keenya dubbisnus, hinqabnu, osoo hinqo'atiin qormaata qoramna, kun immoo qabxiin keenya akka gadi bu'u taasisa. Kanaaf daree keessatti walirraa akka galagalchinu nu taasisa jechuun deebisanii jiru. Barattootni yeroo boqonnaafi hirribaa hinargatan taanaan nageenya isaaniirratti dhiibbaa geessisuun barnoota isaaniirratti rakkoo geessisuu danda'a. Kanaaf barsiisonni hojiimanaa yeroo kennan yeroo jiruufi dandeettii barattootaarratti hundaa'anii kennuun gaarii ta'a. Akkasumas, hooggansi manabarumsaa sagantaalee qormaataafi wayitii barnootaa yeroo qopheessu ilaalcha keessa galchee qopheessuu qaba. Barsiisotnis walgaafachuun osoo kennan barattoonni osoo hindhiphatii hojjetanii dhufuu danda'u.

Gabatee 8: Hojiidaree of danda’anii hojjechuu barattootaa

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Persentaa | Mean |
|-----|---|--------------------|-----------|-----------|------|
| 1 | Ani hojiidaree of danda’ee nan hojjedha. | Baay’ee w/ hingalu | 1 | 2.5 | 3.42 |
| | | Walii hingalu | 5 | 12.5 | |
| | | Gameessaan w/gala | 12 | 30.0 | |
| | | Walii gala | 20 | 50.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 2 | 5.0 | |
| 2 | Hojiidaree yeroon xumuree barsiisaa kootti nan agarsiifadha | Baay’ee w/hingalu | 1 | 2.5 | 3.4 |
| | | Walii hingalu | 4 | 10.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 10 | 25.0 | |
| | | Walii gala | 18 | 45.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 5 | 12.5 | |
| 3 | Yeraa hojiin daree natti cimu barsiisaa koo nan mariisaa | Baay’ee w/hingalu | 1 | 2.5 | 3.8 |
| | | Walii hingalu | 0 | 0.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 7 | 17.5 | |
| | | Walii gala | 17 | 42.5 | |
| | | Baay’ee walii gala | 12 | 30.0 | |
| 4 | Yeroo hojiidaree natti cimu hiriyyaa koo irraa galagalcha. | Baay’ee w/hingalu | 7 | 17.5 | 2.6 |
| | | Walii hingalu | 16 | 40.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 6 | 15.0 | |
| | | Walii gala | 8 | 20.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 3 | 7.5 | |
| 5 | Qormaanni yeroo natti cimu hiriyyaa koo irraan galagalcha | Baay’ee w/hingalu | 11 | 27.5 | 2.22 |
| | | Walii hingalu | 14 | 35.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 10 | 25.0 | |
| | | Walii gala | 5 | 12.5 | |
| | | Baay’ee walii gala | 0 | 0.0 | |
| 6 | Yeroo ofii hojjedhee qabxii gaarii fidu gammachuutu natti dhagahama | Baay’ee w/hingalu | 2 | 5.0 | 4.1 |
| | | Walii hingalu | 5 | 12.5 | |
| | | Gameessaan w/gala | 1 | 2.5 | |
| | | Walii gala | 11 | 27.5 | |
| | | Baay’ee walii gala | 21 | 52.5 | |

Furtuu: 1 = B/ walii hingalu 2 = Walii hingalu 3 = Gameessaan waliigala 4 = waliigala 5 = Baay’ee waliigala

Ragaan gabatee 8 lakkoofsa gaaffii 1 irraa argame akka mul’isutti iddattoonni %50.0 ta’an hojiidaree of danda’anii kan hojjetan, %5.0 baay’ee of danda’anii kan hojjetan, %30.0 gameessaan kan of danda’anii hojjetan, %15.5 of danda’anii kan hinhojjenne ta’uu yoo ibsan, barattoonni %2.5 garuu tasuma of danda’anii kan hinhojjenne ta’uu nimul’isa. Walumaagalatti irra caalaan barattootaa hojiidaree of danda’anii hojjechuurratti kan hirmaatan bar-gaaffii kana irraa hubachuun danda’ameera. Gama daawwannaa dareetiinis wanta qorataan hubate, dalaga daree keessatti kennameef of danda’anii kan hojjetan hedduu ta’anus, hiriyyaa isaaniirraa kanneen galagalchanis baay’ee ta’uu qorataan hubatee jira.

Qorataan barruulee barattootaa wayita sakatta'etti qabxii isaan argatan baay'ee walfakkaataa ta'uu hubatee jira. Kun immoo barattootni shaakala kenname walirraa kan galagalchan tu'uu agarsiisa. Walirraa galagalchani qabxii argachuun immoo madaallii barattootaa qulqullina dhabsiisa. Kanaaf barsiisaan wayita shaakala barataaf kenne sororsutti tooftaa mataa isaa gargaaramuu qaba.

Ragaan lakkoofsa gaaffii 2 irraa argame akka ibsutti barattootni % 12.5 ta'an hojiidaree yeroon hojjetanii soroorfachuu irratti baay'ee kan waliigalan, %45 ta'an waliigala, % 25.0 gameessaan waliigala, % 10.0 walii hingalu, %2.5 ta'an. immoo baay'ee kan walii hingalle ta'uu ragaan argame ibsee jira. Gama biraatiin immoo yaaduma kana gama ogummaa barsiisotaatiin qorataan yoo ilaalu karaa barsiisaan hojiidaree barnoota Afaan Oromoo hordofuu irratti qaawwi kan jiru ta'uun hubatee jira. Af-gaaffii barattootaaf gaggeeffameenis, barattootni kunneen hojiidaree daddafanii hojjetanii barsiisaa isaaniitti hinagarsiifannee barsiisaan isaanii dursa xiyyeeffannoo kennee akka isaan hojjetan gochuun hojii barsiisaati. Kanneen daddafanii hojjetanii barsiisaatti agarsiifataniif immoo dubdeebii kennee dalaga biraa kennuun gaarii akka ta'e ragaa kanarraa qorataan hubatee jira. Akka ragaa kanarraa hubatamutti barattootni daddafanii hojiidaree hojjetanii sororsiifatan bu'aan madaallii isaaniis kan warra suuta hojjetaniirra faayya'aa ta'uu isaa ragaan gama sakkata'a kuusaa qabxii barattootarraa argame kanuma kan ibsu ta'uu isaa qorataan mirkaneessee jira. Kanaaf hirmaannaa daree taasisuun bu'aan isaa kanuma barattootaa ta'uu ragaan gabatee kanarraa argame ibsa.

Gaaffii hojiin manaa yeroo sitti cimu maal goota? jedhuuf barattootni %30.0 baay'ee kan irratti waliigalan, %42.5 kan waliigalan, % 17.5 gameessaan kan waliigalan, %2.5 immoo tasum kan walii hingallee ta'uu ragaa kanarraa hubatamuun danda'amee jira. Walumaagalatti barattoonni %72.5 ol ta'an guutummaan guutuutti kan waliigalan ta'uu ragaan kun ibsee jira. Gama af-gaaffii barattootaaf dhiyaateef daawwannaa dareerraa ragaan argame barattootni daree barnootaa keessatti gaaffiin yeroo isaanitti cimu barsiisaafi hiriyyoota isaanii gaafatanii hubannoo argataniin deebisanii hojjechuu akka danda'an qorataan hubatee jira. Kaayyoon hirmaannaa daree barnoota afaanii keessatti barattoonni barsiisaafi hiriyyoota isaanii waliin akka hirmaataniifi qooda mataa isaanii akka bahaniif haala mijeessuudha. Kanaaf, barsiisaan yeroo shaakala daree kennu barataaf galuufi galuu dhiisuu mirkaneeffachuuf barattoota hundaaf carraa gaaffii kennuun kanneen isaaniif hingaliiniif deeggarsa gochuu qaba. Gaaffii yeroo hojiin manaa natti cimu hiriyyooya koo irraan galagalcha jedhuuf barattoonni %17.5 kan baay'ee irratti walii hingalle, %40.0 walii hingalu, %15.0, gameessaan kan irratti waliigalan, %20.0 fi %7.5 irraa jalaan walii galaafi baay'ee waliigala jechuun debii kennanii jiru.

Akka gabatee kanarraa ragaan argame ibsutti barattoonni %57.5 of danda'anii kan hojjetan, %27.5 hiriyyoota isaaniirraa kan galagalchan, ta'uu ragaan argame nimul'isa. Ragaan daawwannaa dareerraa argames, barattoonni baay'een isaanii ofii hojjechuu dhiisanii hiriyyoota isaaniirraa osoo galagalchanii qorataan bira gahee jira. Ragaan af-gaaffii barattootarraa argames, sababni hiriyyoota keerraa akka galagalchitu si dirqisiise maali? jedhuuf, waan natti cimuufi qabxii dhabuu hinbarbaanneef 5(%12.5) barattoonni 6(15.0) ta'an immoo hanqina yeroo irraa kan ka'e dafnee barsiisaatti kennuuf jecha walirraa galagalchina jechuun qorataaf yaada kennanii jiru. Kun immoo qulqullina barnootaa gumaachuurratti rakkoo ta'a. Barsiisaan malleen baruu barsiisuu daree keessatti yeroo fayyadamu shaakalli kennameefi yeroon kenname walmadaaluu isaa dursee itti yaaduun gaarii ta'a. Barattoonni callisanii walirraa kan galagalchan yoo ta'e amaleeffachuun hirkattummaa babal'isuu waan danda'uuf hojiimanaas ta'e, hojiin daree hanga barattoonni hojjechuu qaban safaramee osoo kenname barattootni hundi hirmaattota akka ta'aniif jajjabeessa.

Ragaan gabatee 8 lakkoofsa gaaffii 5 irraa argame akka ibsutti barattoonni %27.5 ta'an qormaanni yeroo itti cimu hiryaan isaanirraa galgalchuufi dhiisuu isaanii gafataman keessaa baay'ee walii hingalu jechuun deebii kennaniiru. Barattoonni %35.0 ta'an waliihingalu, %25.0 fi 12.5 ta'an irraa jalaan gameessaan kan irratti walii galaniifi walii galan ta'uu agarsiisa. Walumaa galatti ragaan gabatee kanarraa argame akka ibsutti barattoonni % 62.5 ta'an of danda'anii qormaata kan qoraman yommuu ta'u, %12.5 ta'an immoo hiriyyoota isaanirraa kan hojjetan ta'uu agarsiisa. Afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irraa ragaan argame yeroo qormaata qortanitti barattoonni hammam ofitti amananii ofiin hojjetu? gaaffii jedhu barsiisota 3f dhiyaate keessaa hundi isaanii ofii isaanii kan hojjetan %50.0 hincaalan yaada jedhu kennanii jiru. Sababni isaa maal jettanii yaaddu? gaaffii jedhuuf sodaa qormaataaf qaban, qophii gahaa gochuu dhabuu, kutaarraa gara kutaatti darbuufi qabxii gaarii fiduuf jecha walirraa hojjetu jechuun yaada kennanii jiru. Ragaan sakatta'a qormaata barataarraa argame akka ibsutti barattoonni hedduun qormaata kan waliin hojjetan ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti ragaan gama af-gaaffii barsiisotaafi sakatta'a qormaata barataarraa argame ibsutti barattoonni % 50.0 ol ta'an qormaata walirraa kan hojjetan ta'uu ibsee jira. Kun immoo qulqullina barnootaafi booruu ijoolleerratti rakkina guddaa fiduu danda'a. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barsiisaan yeroo hirmaannaa daree hojiirra oolchu tokko tokkoon barataa of danda'ee hojii dareefi manaa akka hojjetu jajjabeessuufi gargaaruun gahee barsiisaati. Barataanis, egeree isaatiif dursa kennuun gahee mataa isaa taphachuun gamanumaan qormaataaf qophii taasisee of danda'ee hojjechuu qaba. Barsiisonnis, yeroo qormaata qoran naamusa qormaataa eeganii qoruu akka qaban qorataan ibsee jira.

Gaaffii qormaata ofii hojjetee yeroo qabxii gaarii argattu maaltu sitti dhagahama? jedhuuf barattoota %52.5 gammachuu baay’ee natti dhagahama jechuun yommuu deebisan, %27.5 gammachuutu natti dhagahama, %2.5 homaa natti hinfakkaatu, %12.5fi %5.0 walii hingaluufi baay’ee walii hingalu jechuun deebisanii jiru. Akka ragaan gabatee kanarraa ibsutti barattootni %82.5 ta’an qormaata ofii hojjetanii qabxii gaarii argachuun kan isaan gammachiisuufi ofitti amanamummaa isaanii akka dabaluu af-gaaffii gaafatamaniinis mirkanaa’ee jira. Barattoonni %17.5 ta’an immoo qormaataaf iddoo kan hinkennine ta’uu ibsa. Walumaagalatti ragaan gaaffii kanarraa argame akka ibsutti barattoonni of danda’anii qormaata hojjetanii qabxii garii yoo argatan gammachuutu itti dhagama. Qormaata gara fuula duraatiifis haamlee kan horatan ta’uu ibsa.

Gabatee 9: Danqaalee hirmaannaa daree

Bu’aan gabatee 9 irraa argame akka ibsutti %27. barattootaa deeggarsa maatii kan hinqabne, %27.5 bakki dubbisaa mijachuu dhabuu, %20.0 ol ta’an hanqina dandeettii Afaan Oromoo kan qaban ta’uu, %65 haalli daree mijachuu dhabuu, %17.5 ta’an immoo hanqinni kitaabaa jiraachuu ibsee jira.

| Lak | Gaaffii | Safartuu | Deddeebii | Persentaa | Mean |
|-----|---|--------------------|-----------|-----------|------|
| 1 | Deeggarsa maatii dhabuu | Baay’ee w/hingalu | 1 | 2.5 | 2.95 |
| | | Walii hingalu | 13 | 32.5 | |
| | | Gameessaan w/gala | 15 | 37.5 | |
| | | Walii gala | 9 | 22.5 | |
| | | Baay’ee walii gala | 2 | 5.0 | |
| 2 | Mana keessatti bakki qo’annaa mijachuu dhabuu | Walii hingalu | 22 | 55.0 | 3 |
| | | Gameessaan w/gala | 7 | 17.5 | |
| | | Walii gala | 11 | 27.5 | |
| 3 | Hanqina dandeettii Afaan Oromoo | Baay’ee w/hingalu | 10 | 25.0 | 2.37 |
| | | Walii hingalu | 15 | 37.5 | |
| | | Gameessaan w/gala | 7 | 17.5 | |
| | | Walii gala | 6 | 15.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 2 | 5.0 | |
| 4 | Haalli daree mijachuu dhabuu | Walii hingalu | 12 | 30.0 | 3.57 |
| | | Gameessaan w/gala | 2 | 5.0 | |
| | | Walii gala | 17 | 42.5 | |
| | | Baay’ee walii gala | 9 | 22.5 | |
| 5 | Hanqina kitaaba barataa | Baay’ee w/hingalu | 1 | 2.5 | 2.2 |
| | | Walii hingalu | 14 | 35.0 | |
| | | Gameessaan w/gala | 10 | 25.0 | |
| | | Walii gala | 6 | 15.0 | |
| | | Baay’ee walii gala | 1 | 2.5 | |

Furtuu: 1 = Baay’ee w/ hingalu 2 = Walii hingalu 3 = Gameessaan waliigala 4 = waliigala 5 = Baay’ee w/gala

Ragaan gabatee 9 irraa argame akka ibsutti gaaffii maatiin hammam manatti deeggarsa siif taasisu? jedhuuf barattootni %5.0 baay'ee na gargaaru, %22.5 irratti waliigala, %37.5 gameessaan waliigala %32.5 walii hingalu, %2.5 baay'ee irratti kan walii hingalle ta'uu ragaan kun ibsee jira. Walumaagalatti ragaan argame kun akka ibsutti gargaarsa maatiin mana keessatti ijoollee isaaniif taasisaa jiran gadaanaa ta'uu agarsiisa. Akka ibsa ogeeyyotaatti, hirmaannaan maatii fi barsiisaa ijoolleen isaanii akka barataniifi galteewwan barnoota isaanii galmaan akka gahataniif itti gaafatamummaa waliin qooddatanidha. Hirmaannaan maatii kan barbaachiseef, maatiifi barsiisonni waliin ta'anii barattootarratti yoo hojjetan daree qaroomu uumuun ijoollee isaaniirratti dhiibbaa inni uumu daran cimaa waan ta'eefidha. Ijoolleen maatii ciccimoo qaban firii qabxii olaanaa qabaachuu qofa miti, hordofuu, ilaalcha mataa isaaniif qabaniifi barnoota olaanaa seenanii eebbifamuu dabalata. Walitti dhufaanyi maatiifi barsiisaa qabxii barataa fooyyessuurratti eddoo guddaa qaba. Barattoonni barnoota isaaniitti milkaa'oo ta'uu kan danda'an hirmaanna maatiifi barsiisaa cinaatti dhimma kooti jedhanii hirmaanna si'ataa yoo taasisan qofa milkaa'uu danda'u. Milkaa'inni kunis, qabxii olaanaa argachuu, dareerra dareetti tarkaanfachuu, barnoota olaanaa seenanii eebbifamuu, daree keessatti ofitti amanamummaafi kaka'ummsa horachuu, dandeettii hawaasummaafi amala gaarii horachuuf isaan gargaara.

Gabatee 9 lakkoofsa 2 irraa ragaan argame akka ibsutti mana jireenyaa keessatti bakki qo'annaa siif mijatee jiraa? gaaffii jedhuuf barattoonni %55.0 ta'an bakka qo'annaa kan qaban yommuu ta'u barattoonni %17.5 ta'an hamma tokko mijataadha yommuu jedhan barattoonni %27.5 ta'an immoo mijataadha jechuun debii kennuu isaanii ragaan kun ibsee jira. Gabatee kenarraa ragaan argame akka ibsutti barattoonni harki caalaan isaanii bakki qo'annoo kan isaaniif mijatee jiru ta'ullee barattoota baay'eef kan hinmijanne ta'uu agarsiisa. Barattoonni isa daree keessatti baratan galanii mana isaaniitti irra deebi'anii hindubbisan yoo ta'e, dandeettiin isaanii gadi bu'aa ta'uu danda'a. Af-gaaffii barnoota Afaan Oromoo wayita manatti galto maatii kerraa deeggarsa maalfatu siif ta'a gaaffii jedhuuf, harki caalaan barattootaa deeggarsi maatiin taasisaniif kan hinjirre ta'uu ibsanii jiru. Akka sababaatti isaan kaa'anis, xiyyeeffannoon maatii irra caalaatti barnoota kaaniif malee Afaan Oromoof xiyyeeffannoo kan hinkennine ta'uu ibsu. Qorataan ragaa barattootarraa argaterratti hundaa'ee maatiin wayita ijaallee isaa gargaaru akkuma gosa barnoota kaaniitti xiyyeeffannoo kennee kitaabilee deeggarsaa bitee bakka qo'annaa barataa kaa'uun barataa jajjabeessuufi hordoffii taasisuu qaba. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisanis, barattoota keessatti miira kaka'umsaa uumanii barattoota gargaaruu qabu jechuun heeruu kennee jira.

Gaaffii dandeettiin Afaan Oromoo kee maal fakkaata? jedhuuf barattootni %5.0 dubbachuufi dhagahuu baay'ee hindanda'u, %15 dubbachuun na rakkisa, %17.5 hamma tokko nan danda'a, %62.5 ta'an dandeettii Afaan Oromoo dhagahuufi dubbachuurratti rakkoo akka hinqabne ragaa kanarraa hubatamee jira. Af-gaaffii barattootaaf gaaffii dandeettii dubbachuu, dubbisuufi barreessuu kee maal fakkaata jedhuuf garri caalaan barattootaa dubbachuufi dubbisuu akka danda'an yommuu ibsan barreessuurratti garuu harki caalaan isaanii rakkoo akka qaban ibsanii jiru. Af-gaaffii barsiisotaaf wayita Afaan Oromoo barsiistan shaakala gosa attamii irra caalmaan kennitu jedhuuf, yeroo baay'ee shaakalli irra deddeebiin barataaf kennamu seerlugaafi hiika jechootaati. Sababni isaas, shaakalli dubbisuufi barreessuu yeroo bal'aa gaafata. Haalli baay'ina barataas dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf rakkisaadha kanaaf tokkon tokkoo barataa bira gahanii barataaf dubdeebii kennuun rakkisaadha jechuun heeranii jiru.

Manni barumsaa kun dabaree lamaan kanneen Afaan Oromoo filatanii barataniifi Afaan Amaaraa filatanii baratan bakka lamatti addaan qoodee barsiisaa jira. Barattoota Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenyeen maaliif dabaree Afaan Oromoo seentanii barachuuf filattan? gaaffii jedhuuf barattoota afurtama gaafataman keessaa barattoonni 8 dubbachuu kan hindandeenyedha. Isaan keessaa barattoonni shan dhiibbaa maatiin akka filatan yommuu ibsan barattoonni sadii immoo baruuf fedhii keenyaan filanne jechuun deebisanii jiru. Qorataan bu'aa argame kanarratti hundaa'ee barsiisonni hanga danda'ametti dandeettii afaanii hunda isaanii walqixa daree keessatti shaakalsiisuu, akkasumas mala baruu barsiisuu afaanii fayyadamee barattoota dubbachuu hindandeenye gargaaruun jajjabeessuu gahee barsiisaa ta'uu eeree jira. Ragaan gabatee 6 lakkoofsa gaaffii 4 irraa argame ibsutti haalli daree barnoota keessaniif mijataadha? gaaffii jedhuuf barattoonni %65 ta'an mijataa kan hintaane, %4.0 gameessaan kan waliigalan, % 30.0 ta'an immoo mijataadha jechuun deebii kennaniiru. Walumaagalatti ragaan argame akka ibsutti, haalli daree barnootaa baay'ee mijataa akka hintaane agarsiisa. Wanti akka fakkeenyaatti kaasan baay'inni barattootaa daree tokko keessa jiran 75-80 waan ta'aniif hirmaannaa dareerratti rakkoo qabaachuu ibsu. Gama biroon naamusa barataa akka sababaatti kaasanii jiru. Manni laabiraatoorii afaaniis kan hinjirreefi itti fayyadamanii kan hinbeekne ta'uu kaasanii jiru. Barataan yoo barbaade sa'aatii barbaadetti daree seena, yoo barbaade dhiisee bakkee baha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Bakka naamusni barataa hinjirretti, baay'inni barataa humnaa ol ta'ettii, laabiraatooriin afaanii hinjirretti kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuun hindanda'amu. Kanaaf bulchiisni mana barumsaafi barsiisaan walitti dhufeenyaan qaamolee biros hirmaachisuun haala daree barnootaa mijataa taasisuurratti osoo hojjetan kan jedhu qorataan muuxannoo isaa heeree jira.

Ragaan gabatee 9 lakkoosfa gaaffii 5 irraa akka ibsutti gaaffii hanqinni kitaabaa jiraachuu isaa dhiyaateef barattoonni %37.5 ta'an baay'ee kan walii hingalleefi walii hingalu jechuun kan deebisan yommuu ta'u, %25.0 ta'an immoo gameessaan kan walii galan ta'uu ibsa. Barattoonni %17.5 ta'an immoo hanqinni jira kan jedhan tu'uu agarsiisa. Akka ragaa kanaatti hanqinni kitaabaa baay'ee kan hinjirre ta'uu isaati. Ragaan dawwannaa dareerraa argame akka mul'isutti wayita barnoota Afaan Oromootti kitaaba Afaan Oromoo baatee daree kan seenu daree tokko keessatti barattoota 5 kan hincaalle ta'uu qorataan taajabee jira. Af- gaaffii barsiisota 3f wayita shaakala gilgaalaa daree keessatti kennitanitti barattoonni hammam kitaaba barataatti fayyadamu? jedhuuf garri caalaan isaanii baatanii akka hindhufne kaasanii jiru. Kun immoo shaakala dubbisuu, dubbisuun duraafi dubbisuun boodaa shaakalsiisuuf rakkoo ta'ee jira jedhu. Qulqullina barnootaa galmaan ga'uuf kitaabni barataa baay'ee murteessadha. Akka kaayyoo barnoota afaaniitti shaakalli daree keessatti raawwatu irra caalaan isaa kitaaba barataarratti hundaa'ee qophaa'a. Kanaafuu barataan kitaaba isarraa adda bahee manabarumsaa deemuu hinqabu.

4.4. Walmaddee (Correlational Method)

Walmaddeen/ maliiroon hariiroo dhimmoota lama jidduu jiru mala ittiin xiinxalamu bakka buusuuf jecha uumamedha. Yaadrimeen isaas, jijjiiramtoonni walitti dhufeenya akkamii akka qabaniifi sadarkaan walitti dhufeenya isaanii maalirra akka jiru kan ittiin qo'anudha. Haaluma kanaan, ammana walitti dhiyaatu; walirraa fagaatu jechuun ibsama. Odeeffannoon dhimma kanaaf ta'u jechaan, lakkoofsaafi lamaaniinuu ibsamuu waan danda'amuuf, odeeffannoo akkamta, hammamtaafi makaa bu'uura taasifata jechuudha. Kanuma bu'ureffachuun qorataan ragaa walitti qabate erga qaaccessen booda bu'aa hirmaannaa dareefi firii madaallii barattoota walcinaa qabuun erga madaalee booda firii argame lakkoofsaafi jechaan qaaccessen jira. Haalli qoocessa ragaa kanaas, hirmaannaan barattoota tokko tokkoon barataan sakkatta'a dookumentii barataafi barsiisaan erga funaanamee haala safaruuf tolutti gara lakkoofsaatti jijjiiruun, akkasumas firii madaallii isaanii qabtii gidduu galeessaa fudhachuun mala walmaddeedhaan erga walbira qabamee madaalamee booda garaa garummaa gidduu isaanii jiru chaartiin dhiyaatee qaaccaffameera.


Gabatee 4.4.1 Qabxii hirmaannaa daree barattootaa

| Daree A | | Daree B | | Daree C | |
|---------|--------|---------|--------|---------|--------|
| Barataa | Qabxii | Barataa | Qabxii | Barataa | Qabxii |
| A4 | 47.5 | B1 | 57.5 | C4 | 52.5 |
| A8 | 55 | B5 | 92.5 | C8 | 95 |
| A12 | 87.5 | B9 | 55 | C12 | 55 |
| A16 | 50 | B13 | 32.5 | C16 | 97.5 |
| A20 | 37.5 | B17 | 95 | C20 | 47.5 |
| A24 | 50 | B21 | 42.5 | C24 | 35 |
| A28 | 85 | B25 | 45 | C28 | 30 |
| A32 | 50 | B29 | 90 | C32 | 95 |
| A36 | 77.5 | B33 | 50 | C36 | 97.5 |
| A40 | 35 | B37 | 85 | C40 | 35 |
| A44 | 32.5 | B41 | 90 | C44 | 37.5 |
| A48 | 90 | B45 | 32.5 | C48 | 90 |
| A52 | 50 | B49 | 60 | C52 | 60 |
| | | B53 | 90 | | |

Gabatee 4.4.2 Qabxii madaallii barattootaa

| Daree A | | Daree B | | Daree C | |
|---------|--------|---------|--------|---------|--------|
| Barataa | Qabxii | Barat | Qabxii | Barat | Qabxii |
| A4 | 49 | B1 | 65 | C4 | 60 |
| A8 | 73 | B5 | 96 | C8 | 98 |
| A12 | 90 | B9 | 67 | C12 | 59 |
| A16 | 45 | B13 | 38 | C16 | 98 |
| A20 | 55 | B17 | 97 | C20 | 56 |
| A24 | 56 | B21 | 49 | C24 | 42 |
| A28 | 88 | B25 | 52 | C28 | 33 |
| A32 | 72 | B29 | 95 | C32 | 97 |
| A36 | 79 | B33 | 74 | C36 | 98 |
| A40 | 41 | B37 | 89 | C40 | 39 |
| A44 | 43 | B41 | 94 | C44 | 45 |
| A48 | 93 | B45 | 45 | C48 | 92 |
| A52 | 62 | B49 | 67 | C52 | 64 |
| | | B53 | 93 | | |

Chartii 1: hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barattootaa



Hariiroo hirmaannaa daree barattootaafi firii madaallii barattootaa gidduu jiru ilaalchisee chaartii armaan oliirraa akka hubatamutti barattootni daree keessatti hirmaannaa baay’ee olaanaa taasisan firiin barnoota isaaniis baay’ee olaanaadha. Kanneen hirmaannaan isaani gadaanaa ta’e immoo firiin qabxii isaani gadaanaadha. Akka chaartiin kun agarsiisutti, barattoonni tokko tokko hirmaannaan isaani gadi bu’aa ta’ee firiin qabxii isaani immoo ol ka’aa ta’an jiru. Hariiroon hirmaannaafi firii madaallii gidduu

jiru sirrii akka hintaane agarsiisa. Kun kan agarsiisu naamuusa qormaataa barsiisonni fayyadamaniifi barattoonni qormaata kan walirraa galagalchan ta'uu isaati. Qorataan yeroo kuusaa qabxii barattootaa sakatta'ee ilaaletti qabxiin barattoota kana kan hinmadaallee jiraachuu isaati.

Barattoonni firiin qabxii isaanii gadaanaa ta'ee madaalliin hirmaannaa daree isaanii immoo olaanaa ta'e chaartii kanarraa hubatamee jira. Haalli hirmaannaa daree ilaalchisee barsiisotni qabxii itti kennan rakkoo kan qabu ta'uu isaati. Madaallii walitti fufaan daree keessatti hirmaannaadhaan qabamu haraka dhibba keessaa harki afurtama hojiidareen xumurama. Harki digdama qormaata walakkeessa seemisteeraa, harki afurtama qormaata xumuraati. Barattootni daree keessatti irra caalaatti hojiimanaa, hojiigareefi abbaltii hojjetanii qabxii akka argatan taasifama. Qorataan daree seenee wayita daawwatetti, barattoonni hirmaannaa hintaasisne madaallii walitti fufaan isaanii garuu olaanaa ta'uu hubatee jira. Ragaan chaartii kanarraa argame akka agarsiisutti, hirmaannaan barattootaa rakkoo kan qabu ta'uu isaati. Dabalataanis. mala baruubarsiisuu barsiisonni fayyadamaniifi akkaataa barattoonni madaalamanii qabxii argatan rakkoo qabaachuu agarsiisa.

Raakkoon hirmaannaa daree inni guddaan barattoonni qabiyyee baratan daree keessatti barsiisaafi hiriyyoota isaanii waliin qooda fudhachuun qabiyyee kennamurratti hubannoo gahaa argatanii dandeettii afaanii gabbifachuu akka danda'aniif kennama. Gama biraan immoo hubannoo argachuu isaanii mirkaneessuuf waanuma baratanirratti qormaata ga'umsa isaanii madaaluu yookiin safaruu danda'u kennuun hir'ina jiru addaan baasuun deeggarsa barbaachisaa ta'e akka argataniifi gara kutaa itti aanutti akka darbaniif kan kennamudha. Hirmaannaan daree taasifamuufi madaalliin kennamu karoora yaadameef hinoolu yoo ta'e qulqullina barnootaa gama yaadameen fiduun kan yaadamu miti. Akkasumas, egeree barattootaarratti rakkoo geessisuu waan danda'uuf gamanamumaan barattoonni kallatumaan abbaa dhimmaa waan ta'aniif cimani hojjechuu qabu. Barsiisotniifi qaamoleen deeggartootaa hundi hirmaannaa dareetiif xiyyeeffannoo kennanii osoo hojjetan qulqullina barnootaa gama barnoota Afaan Oromoon argamu mirkaneessuun akka danda'amu qorataan ragaa argaterratti hindaa'ee yaada isaa ibsee jira.

BOQONNAA 5: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

5.1. Guduunfaa (Conclusion)

Qorannoon kun akka galmaatti kaayyoo gooroo inni qabatee ka'e, manabarumsaa Jimmaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10^{ffaa} keessatti hariiroon hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu addaan baasuufi xiinxaluu ta'us, dabalataan kaayyoo gooree kanneen akka: hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii barataa gidduu jiru maal akka fakkaatu mul'isuu, fedhii barattoonni hirmaannaa dareerratti qaban maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsuu, hirmaannaa daree keessatti malleen barsiisonni gargaaraman isaan kam akka ta'an mul'isuufi danqaalee hirmaannaa daree kanneen ta'an adda baasuun ibsuun gaaffilee ka'umsa qorannoo kanaatiif deebii bu'uura kennuun furmaata laachuu ture. Kanumarraa ka'uun ragaan karaa bargaaaffii, afgaaaffii, daawwannaa fi sakatta'a dookumaentii barsiisaa irraa walitti qabame qorataan erga xiinxalee booda argannoo armaan gadii kana bira gahee jira. Akkasumas, rakkoolee argaman kanneeniif furmaata ta'a jedhee yaade akka itti aanutti kaa'ee jira.

5.2. Argannoo (Finding)

- Barattootni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Jimmaa kutaa 10^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo barachaa jiran hirmaannaa daree isaan taasisaniifi firiin qabxii barnoota isaanii gidduu hariiroon jiru gariin isaanii hirmaannaan isaanii gadi bu'aa ta'ee firiin qabxii isaanii immoo olaanaa, hirmaannaan isaanii olaanaa ta'ee firiin qabxii isaanii gadaanaa ta'e kan jiran ta'uu bira ga'amee jira.
- Fedhii barattootni dalagaalee daree keessattiifi dareen alatti hojjechuuf qaban gadaanaa ta'uu mirkanaa'ee jira. Fakkeenyaaf, gaaffiifi deebii, marii garee, dhiyeessa gareefi dhuunfaafi hojii manaarratti gadaanaa ta'uun mirkanaa'ee jira. Akkasumas, hirmaannaa daree qabxii argachuuf qofa kan hojjetan ta'uu hubatamee jira.
- Barsiisotni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Jimmaa kutaa 10^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo barsiisan gosoota hirmaannaa daree kanneen akka; hojii manaa, gaaffiifi deebii, abbaltiifi marii garee qofa kan fayyadaman ta'uu bira gahamee jira. Malleen isaan gargaaraman qabiyyee garaa garaaf walfakkaataa ta'uu isaa ragaan qorannoorraa argame mirkaneessee jira.
- Hirmaannaa daree hojiirra oolchuuf kanneen danqaalee ta'an jirachuun bira gahamee jira: isaanis, lakkoofsi barattootaa daree keessatti danachuu, hojiin dareeguuyyaadhaan gosoota barnoota adda addaan kennamuun danachuu, hirmaannaan maatiifi ilaalchi hooggansi mana barumsaa gadi bu'aa ta'uu, qormaata biyyoolessaarratti kennamuu dhabuun, barataan

hirmaannaa daree irratti hanqinq qabaachuufi barsiisonni dubdeebimkennuurratti hanqina qabaachuun akka fakkeenyaatti heeramanii jiru.

5.3. Furmaata

Qorataan kaayyoo qabatee ka'e galma geessisuun rakkoowwan mul'atan adda baasee kaa'ee jira. Haaluma kanaan argannoo irra gahame irratti hundaa'uun yaadota furmaata ta'uu danda'an akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

- ✚ Kaayyoon hirmaannaa daree inni ijoon firii madaallii barataa fooyyessuu osoo hintaane, hubannoofi dandeettii barattootaa guddisuudha. Hirmaannaan daree immoo madaallii kennuun gahumsi barataa erga safaramee booda hanqina jiruuf furmaata barbaaduudha. Barattootni hojii daree kan hojjetan qabxii argachuuf osoo hintaane, dandeettii afaanii guddifachuuf ta'uu qaba. Barsiisonni madaallii kan kennan qabxii barataaf kennuuf osoo hintaane, qabiyyee barsiisan irratti hammam hubataniiru kan jedhurratti xiyyeeffachuu qabu. Naamusi qormaataa eegamuu qaba, Akkasumas, kaayyoo qophaa'eef ooluu qaba.
- ✚ Kaayyoon hirmaannaa daree barattootni daree keessatti waliin hirmaachuun walirraa barachuu waan ta'eef; miira guutuun hirmaachuu, miira waldorgommii keessa seenuu, waliiwalii isaanii jajjabeessuu, barsiisonni waan hojjechuu danda'an barattootaaf kennuu, dubdeebii kennuufi hordofuu, bu'aa hirmaannaa isaanii yeroo yeroon safaraa deemuufi onnachiisuun barbaachisaadha.
- ✚ Malleen barsiisonni daree keessatti fayyadaman hirmaannaa barattootaa guddisuuf murteessaadha. Kanaaf, barsiisonni wayita daree seenanii barsiisanitti malleen qabiyyee filatameefi maalummaa barattootaa waliin deemu filachuun daree seenanii barsiisuu qabu. Kan hinmilkoofne yoo ta'e malleen biroo jijjiiruun fayyadamuun barbaachisaadha.
- ✚ Kaayyoo hirmaannaa daree milkeessuuf kanneen danqaalee ta'aniif furmaata kaa'uun barbaachisaadha. Daree dabalataa ijaaruun baay'ina barattootaa hir'isuu, maatiin dalaga daa'imman isaanii guyyuun hordofuufi deeggaruu, hooggansi mana barumsaa Afaan Oromoof akkuma barnoota biroo ilaalcha walqixaa osoo qabaate, mootummaan qormaata biyyoolessaarratti osoo qopheesse, danqaaleen kunneen hir'achuun barattoonni hirmaannaa daree keessatti miira ho'aan hirmaachuu danda'u.

Wabiilee

- Addunyaa Brkeessaa. (2011). Akkamtaa: *Yaadrimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee*: Efficient Printing Press.
- Bean, JC, & Peterson D. (1998). *Grading classroom participation*. New Directions for Teaching and Learning, 74, 33–40
- Bergmark U. & Westman, S. (2016). *Co-creating curriculum in higher education – promoting emocratic values and a multidimensional view on learning*. International Journal for Academic Development, 21(1), 28–40.
- Biggs, J. (nd.) *Aligning teaching for constructing learning*. The Higher Education Academy.
- Black, P. and D. Wiliam. 1998. “*Assessment and classroom learning*.” *Assessment in Education: Principles, Policy and Practice* 5 (1): 7–73
- Bovill, C., Cook-Sather, A., Felten, P., Millard, L., & Moore-Cherry, N. (2016). *Addressing potential challenges in co-creating learning and teaching: Overcoming resistance, navigating institutional norms and ensuring inclusivity in student–staff partnerships*. Higher Education
- Brookfield, S.D. (1999). *Discussion as a Way of Teaching*. San Francisco: Jossey-Bass Inc.
- Cohen, E.G. (1972). *Designing Group Work: Strategies for the Heterogeneous Classroom*. New York: Teachers College Press.
- Cook Vivid. (2008). *Second Language Learning and Language Teaching*. (4th edition). Holder Education Hachette UK: Company.
- Cook-Sather, A. (2014). *Student-faculty partnership in explorations of pedagogical practice: A threshold concept in academic development*. International Journal for Academic Development,
- Cothari (1990). *Research Methodology, Methods and Techniques*. New Delhi: New age
- Dastaa Dassaalany (2013). *Bu’uura Qorannoo*. Addis Ababaa Yuunvarsitii: Addis Ababaa.
- Dattalo, P. (2008). *Determining Sample size. Balancing Power, precision, and Practicality*. Oxford University Press, Inc, Ny.
- David, M. and Sutton, C. (2003). *Social Research. The Basics*: London Sage
- Epstein, J. L (1986) *Parents’ reactions to teacher practices of parent involvement*. Elem. Sch. J. 86, 77–294. doi:

- Epstein, J. L. (1988a). *Homework practices, achievements, and behaviors of elementary school students*. Baltimore, MD: Johns Hopkins University, *Center for Research on Elementary and Middle Schools* (Report No. 26)
- Epstein, J. L. (1988b). *A model for research on homework based on U.S. and international studies*. Baltimore, MD: Johns Hopkins University, *Center for Research on Elementary and Middle Schools* (Report No. 27).
- Epstein, J. L., & Salinas, K. C. (1992). Manual for teachers: *Teachers Involve Parents in Schoolwork (TIPS) math and science interactive homework in the elementary grades*. Baltimore, MD: Johns Hopkins University, Center on Families, Communities, Schools, and Children's Learning
- Epstein, J.L. (1983). *Homework Practices, Achievement, and Behaviors of Elementary School Students*.
- Epstein, L.J. and Van Voorhis, F.L, 2001. More than Minutes: *Teachers' Roles in Designing Homework*. *Educational Psychologist* [online], 36 (3), 181-193
- Harmar, J. (1991). *The Practice of English Language Teaching*. London: Longman Inc.
- Hildebrand, G., & Edwards, S. (2005). *Effective assessment practices: Problem Based Learning, peer assessment and rubrics*
- Hill, S., Spencer, S., Alston, R., Fitzgerald, J. (1986). Homework policies in the schools *Education*,107(1), 58. Retrieved from *Professional Development Collection database*.
- Hollander, J . A. (2002). Learning to discuss: strategies for improving the quality of class discussion.
- J. Harmer (2011) *approaches and methods in language teaching oxford*; University press. Third
- Kralovec, E., & Buell, J. (2001). *End Homework Now*. *Educational Leadership*, 58(7), 39-42.
- Kumar, J. (2011). *Research Methodology Step by Step Guide for Begnners*. 3rd edition: Sage Publication Inc
- Latif, E., & Miles, S. (2011). *The impact of assignments on academic performance*. *Journal of Economics and Economic Education Research*, 12(3), 1 – 11.
- Lizzio, A. & Wilson, K. (2009). Student participation in university governance: *The role conceptions and sense of efficacy of student representatives on departmental committees*. *Studies in Higher Education*, 34(1), 69–84.
- Masika, R., & Jones, J. (2016). Building student belonging and engagement: *Insights into higher aucion students' experiences of participating and learning together*. *Teaching in Higher Education*,
- Mc Tighe and Thomas (2003) and Wiggins and Mc Tighe (2005) emphasise that a student-centred

approach to lesson planning should reflect a backward design to.

Payne and Payne, J., 2004, key concepts in social Research, London; sage publication

Sambell, K Mc Dowell L .& Montgomery, C. (2013).*Assessment for learning in higher education*.

London & New York, Routledge

Shepard, L. A., Penuel, W. R., & Pellegrino, J. W. (2018). Classroom assessment principles to

Wiggins & McTighe,2005. Chapter 1 discusses the backward-design approach to unit design.

Warton, P.M. 1997. Learning about responsibility: Lessons from homework. *British Journal of*

Educational Psychology [online], 67(2), pp. 213–221www

Wilsford, D. 1995. “Getting Students to Think (Comparatively): *Teaching the Introductory Course in the 1990 s.*” *PS: Political Science & Politics* (June): 221–226.

Zoltan.D.(2007) *Research Method in Applied Linguistics Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies*.Oxford University

Dabalee

Dabalee A: Bar-gaaffii Barattootaaf Qophaa'e

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejii Saayinsii Hawaasaafi Huumanitii,

Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Kaayyoon goeroon gaafannoo kanaa Xiinxala Hariiroo Hirmaannaa Dareefi Firii Madaallii Afaan Oromoo irratti ragaa funaanuudha. Kabajamoo barataa/ttuu kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii gidduu jiru addaan baafachuuf yoo ta'u gargaarsi isin nuuf gootan murteessaa waanta'eef dhugaa jiru ifatti bastanii naaf kennuu keessaniif gamanumaan isin galateeffadha.

Qajeelcha: Maqaa kee barreessuun hin baarbaachisu.

Gaaffii hundaa, haala hojiirra oolmaa hirmaannaa daree haala qabatama daree keetiin naaf deebisi.

Odeeffannoo Bu'uuraa:

Qajeelcha: Mallattoo ($\sqrt{\quad}$) fayyadamuun bakka duwwaa lakkoofsa 2 fi 3 irratti guuti.

1. Maqaa Mana Baruumsaa _____

2. Saala: Dhiira _____ Dhalaa _____

3. Umrii _____

Kutaa I: Kutaa kana jalattii hirmaannaa dareefi firii madaallii Afaan Oromoo haala itti fayyadama daree keessatti walqabatuun gaaffilee dhiyaatanidha. Tookkoon tokkoo gaaffitiif filannoon Shan Shan qophaa'ee jira. Filannoon kun bakka bu'ee lakkoofsaatiin kan qophaa'e waan ta'eef deebii keetiif lakkoofsa filachuu barbaaddu jalattii mallattoo (x) fayyadami.

1= Baay'ee walii hingalu 2= Walii hingalu 3= Gameessan waliigala 4= Walii gala 5= Baayyeen itti walii gala

| Lak | 1. Hubannoo Hirmaannaa dareefi Madaalliiratti | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
|-----|--|---|---|---|---|---|
| 1 | Hirmaannaan daree akka na barbaachisu nan beeka. | | | | | |
| 2 | Faayidaa hirmaannaa daree nan beeka. | | | | | |
| 3 | Hirmaannaan daree bu'uura madaallii koo akka ta'e nan beeka. | | | | | |
| 4 | Hirmaannaan daree na hinfayyadu jedheen yaada. | | | | | |
| 5 | Hirmaannaa daree hojii akka muddamaatti/dhiphinaatti godheen yaada | | | | | |
| 6 | Ani dhuunfaan hirmaachuu jaalladha. | | | | | |

| | | | | | | |
|----|--|---|---|---|---|---|
| 7 | Ani lama lamaan hirmaachuu jaalladha. | | | | | |
| 8 | Ani hirmaannaa garee jaalladha. | | | | | |
| 9 | Ani hojii daree muraasan jaalladha. | | | | | |
| 10 | Hirmaannaan daree qooda/gahee koo ta'uu nan hubadha. | | | | | |
| | 2. Ilaalacha Barattootaafi Barsiisaa Hirmaannaa Dareerratti | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Barsiisaan barbaachisummaa hirmaannaa dareerratti ibsa sirrii kennaa? | | | | | |
| 2 | Barsiisaan kaayyoo hojii daree osoo hin himiin dalaga daree kennaa? | | | | | |
| 3 | Barsiisaan hojiidaree qabiyyee waliin deemu kennaa? | | | | | |
| 4 | Barsiisaan hojii daree kenne hordofaa? | | | | | |
| 5 | Barsiisaan hojii daree kenneef dubdeebiitim battalaa sii kennaa? | | | | | |
| 6 | Barsiisaan yaada barataa hubataa/keessummeessaa? | | | | | |
| 7 | Kitaaba barataa daree keessatti gargaaramuun gaariidha jettee yaaddaa? | | | | | |
| | 3. Faayidaa Hirmaannaa daree | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Yeroo hirmaannaa daree taasisu, dandeettiin barnoota koo ni fooyya'a. | | | | | |
| 2 | Yeroo hirmaannaa hin tasifne, dandeettiin barnoota koo gadi bu'aa ta'a. | | | | | |
| 3 | Yeroo hirmaannaa daree taasisu, qormaata nan hojjedha, qabxii gaariis nan argadha. | | | | | |
| 4 | Yeroo hirmaannaa hintaaasifne, qormaata hinhojjedhu, qabxii gaariis hinfidu. | | | | | |
| 5 | Yeroon hojii daree hojjedhu, barnoota koo irratti jijjiirama hinqabu. | | | | | |
| 6 | Yeroon hirmaannaa taasisu dandeettii afaan koo nan gabbifadha. | | | | | |
| 7 | Hirmaannaan daree barnoota korratti akka na onnachiisu nan hubadha. | | | | | |
| 8 | Yeroo hirmaannaa taasisu, ofitti amanamummaan koo ni dabala. | | | | | |
| 9 | Hojiimanaa hojjechuuf yeroo gahaa nan qaba | | | | | |
| 10 | Hojiimanaa hojjechuuf yeroo gahaa hinqabu. | | | | | |
| | 4. Hojiidaree of danda'anii hojjechuu | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Ani hojii daree ofuma koo hojjedha. | | | | | |
| 2 | Hojii daree nama biraatu naaf hojjeta. | | | | | |
| 3 | Hojjii daree yeroon xumuree barsiisaa kootti nan agarsiifadha. | | | | | |
| 4 | Yeroo hojiin daree natti cimu barsiisaa koo nan mariisisa. | | | | | |

| | | | | | | |
|----|--|---|---|---|---|---|
| 5 | Yeroo hojiin daree natti cimuu hiriyyaa koo irraa galagalchee soroorfadha | | | | | |
| 6 | Yeroo hojiin daree natti cimuu, hiriyyaa koo gaafadheen hubannoo argadheen sirreessee barsiisaa kootti agarsiifadha. | | | | | |
| 7 | Qo'adhee qormaata qoramuuf yeroo gahaa nan qaba.. | | | | | |
| 8 | Qormaanni yeroo natti cimuu, hiriyyaa koo irraa galagalcha. | | | | | |
| 9 | Yeroon ofii hojjedhee qabxii gaarii fidu, gammachuun natti dhagahama. | | | | | |
| 10 | Qormaata qoramuuf qophii gahaa nan taasisa. | | | | | |
| | 5. Gufuuwan Hirmaannaa daree | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
| 1 | Deeggarsa maatii dhabuu | | | | | |
| 2 | Mana keessatti bakki qu'annaa mijachuu dhabuu | | | | | |
| 3 | Meeshaaleen barnootaa guutamuu dhabuu | | | | | |
| 4 | Hanqina dandeettii Afaan Oromoo | | | | | |
| 5 | Teessumni daree mijachuu dhabuu | | | | | |
| 6 | Hanqina kitaaba barataa | | | | | |

Kutaa 2: Waraqaa Af-gaaffii Barattootaaf Dhiyaate.

Kaayyoon goeroon gaafannoo kanaa xiinxalaa hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii Afaan Oromoo daree keessatti dalagan irratti ragaa funaanuudha. Jaallatamtoota barattoota gargaarsi isin naaf gootan murteessaa waan ta'eef dhugaa jiru ifatti baastanii naaf kennuu keessaniif gamanumaan isin galateeffadha.

1. Barsiisaan keessan hojii daree isinii kennuu? kan kennan yoo ta'e maalfaa isinii kennu?
2. Barsiisaan keessan gareedhaan akka dalagdan carraa isinii kennuu? kan kennan yoo ta'e maalfaa isinii kennu?
3. Barsiisaan keessan daree keessatti akka haasaa taasistan carraa isinii kennuu? kan kennan yoo ta'e waan akkamii isinii kennu?
4. Barsiisaan keessan dalaga dalagdaniif dubdeebii isinii keennuu? kan kennan yoo ta'e gosti dubdeebii isiniif kennan maali?
5. Barsiisaan keessan daree barnootaa keessatti madaallii isiniif kennuu? kan kennan yoo ta'e madaallii gosa akkamii isinii keennu?
6. Akka ilaalcha keetti xiyyeeffannoon barsiisaan hirmaannaa hojii dareefi hojii manaarratti barattoota hirmaachisuuf maal ta'uu qaba jettee yaadda?

Dabalee B: Af-gaaffii Barsiisotaaf Qophaa'e

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejii Saayinsii Hawaasaafi Huumanitii,

Damee Brnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Kaayyoon gooroon gaafannoo kanaa Xiinxala Hariiroo Hirmaannaa Dareefi Firii Madaallii Afaan oromoo irratti ragaa funaanuudha. Kabajamoo barsiisaa/tuu Barnoota Afaan Oromoo barsiistan, kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan hariiroo hirmaannaa dareefi firii madaallii gidduu jiru addaan baafachuuf yoo ta'u gargaarsi isin nuuf gootan murteessaa waan ta'eef dhugaa jiru ifatti bastanii naaf kennuu keessaniif gamanumaan isin galateeffadha.

Qajeelcha: Gaaffii hundaa, haala hojiirra oolmaa hirmaannaa daree haala qabatama daree keessaniitiin nuuf deebisa.

Odeeffannoo Bu'uuraa:

A. Maqaa Mana Baruummaa _____

B. Saala: Dhiira _____ Dhalaa _____ Ida'ama _____

C. Bara tajaajilaa: 1---5 _____, 6---10 _____, 11-----15 _____ 16 ol _____

D. Sadarkaa Barnootaa. Dippiloomaa _____ Digirii jalqabaa _____ MA _____ Id _____ a'ama

1. Kaayyoon hirmaannaa daree maali jettu?

3. Daree keessatti tooftaa hirmaannaa daree attamii fayyadamtu? kan fayyadamtan yoo ta'e maaliif?

2. Kayyoo keessan galmaan gahuufi dhiisuu attamiin adda baafattu?

8. Yeroo hirmaannaa daree gaggeessitan rakkoon isin quunname jiraa? Yoo jiraate ibsaa.

4. Tooftaan isin barsiisuuf itti fayyadamtan osoo akka yaaddanitti galma isiniif gahuu baate tarkaanfii attamii fudhattu?

5. Hirmaannaa bu'aa qabeessa fayyadamuuf tooftaan jiru maali jettu?

6. Barattoota keessan yeroo baayyee hirmaannaa gosa attamii fayyadamtanii addaan baafattu?

7. Hojii daree barattootaaf erga kennitaniin booda dubdeebii barattootaaf laattu? Yoo kan laattan ta'e sababa kennitaniif ibsaa?

Dabalee C: Habuurraa Daree

Daawwannaan daree ragaan amansiisummaan isaa baay'ee olaanaadha. Qorataan wayita barsiisonni daree seenanii barsiisanitti guca gaaffii haala barsiisaa, haala barataafi daree ilaallatuun qopheeffatee ittiin ragaa funaannatudha. Haaluma kanaan gola sadii marsaa lamaan odeeffannoo walitti qabuun qooceffamudha.

| | 1: Hirmaannaa Barsiisaa Ilaalchisee | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | Yaada |
|------|--|----------|----------|----------|----------|----------|--------------|
| 1.1 | Qabiyyee darbe yaadachiisuu isaa | | | | | | |
| 1.2 | Qabiyyee guyyaa qabsiisuu isaa | | | | | | |
| 1.3 | Qabxii ijoo gabatee gurraacharratti barreessuu | | | | | | |
| 1.4 | Barattoota hirmaannaa taasisan onnachiisuu | | | | | | |
| 1.5 | Barattoota ciccimoo, giddugaleessaafi suuteyyiif carraa kennuu | | | | | | |
| 1.6 | Hojiimanaa kenneef dubdeebii kennuu | | | | | | |
| 1.7 | Barattoota hojii garee hojjetan to'achuufi deeggaruu | | | | | | |
| 1.8 | Barattoota shaakala daree hojjetan adda baasuun sororsuu | | | | | | |
| 1.9 | Meeshaalee deeggarsa barnootaatti fayyadamuu | | | | | | |
| 1.10 | Kitaaba barataafi wabiileetti gargaaramuu. | | | | | | |
| 1.11 | Malleen afaan barsiisuuf tajaajilaniitti fayyadamuu | | | | | | |
| 1.12 | Firii barattootaa /poortifooliyoo seeraan galmeessuun qabachuu | | | | | | |
| 1.13 | Qabiyyee guyyaarratti yaadannoo kennuu. | | | | | | |
| 1.14 | Qabiyyee guyyaaf yaada guduunfaa kennuu | | | | | | |
| 1.15 | Yaadannoo kennuu | | | | | | |
| 1.16 | Madaallii walitti fufaa seeraan walitti qabuu | | | | | | |
| 1.17 | Karooora fooyya'insa qabxxii qabaachuu | | | | | | |
| 1.18 | Battallee kennuun ol kaa'uu | | | | | | |
| | 2: Hirmaannaa Barataa Ilaalchisee | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | Yaada |
| 2.1 | Shaakala daree dammaqinaan hojjetu | | | | | | |
| 2.2 | Hojiimanaa hojjetanii soroorfatu | | | | | | |
| 2.3 | Gaaffiifi deebii irratti hirmaatu | | | | | | |
| 2.4 | Hojii garee keessatti hirmaatu /qooda fudhatu. | | | | | | |
| 2.5 | Hojii walii waliisaaniif ilaalu. | | | | | | |
| 2.6 | Yaadannoo kenname nifudhatu. | | | | | | |
| 2.7 | Kitaaba barataa daree keessatti gargaaramu | | | | | | |

| | | | | | | | |
|-----|-----------------------------------|---|---|---|---|---|-------|
| 2.8 | Qabiyyee darbe ni himu. | | | | | | |
| | 3: Haala Daree Barnootaa | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | Yaada |
| 3.1 | Mijaa'ina teessuma barattootaa | | | | | | |
| 3.2 | Bal'ina daree barnootaa | | | | | | |
| 3.3 | Qulqullina daree barnootaa | | | | | | |
| 3.4 | Qulqullina baxxee boronqii | | | | | | |
| 3.5 | Baay'ina/ lakkoofsa barattootaa | | | | | | |
| 3.6 | Haala naamusa daree | | | | | | |
| 3.7 | Meeshaalee laaburaatoorii afaanii | | | | | | |
| 3.8 | Haala foddaa/ ifa qabaachuu | | | | | | |

Furtuu: 5= Haalaan Olaanaa, 4= Olaanaa, 3= Gidduugaleessa, 2= Gadaanaa 1= Haalaan gadaanaa

Madaallii Hirmaannaa daree Barattootaa

| Barataa | Gosoota Hirmaannaa Daree | | | | | | | | Ida'ama | Qabxii |
|---------|--------------------------|-----|--------|-----|--------|------|-------|------|---------|--------|
| | Abbaltii | H.M | G fi D | H.G | Dhi. D | Yaad | K.B.F | D. S | 40% | 100% |
| A4 | 3 | 4 | 2 | 3 | 1 | 3 | 1 | 2 | 19 | 47.5 |
| A8 | 4 | 4 | 2 | 3 | 1 | 4 | 1 | 3 | 22 | 55 |
| A12 | 5 | 5 | 4 | 5 | 3 | 5 | 4 | 4 | 35 | 87.5 |
| A16 | 3 | 4 | 2 | 4 | 1 | 3 | 1 | 2 | 20 | 50 |
| A20 | 2 | 2 | 3 | 2 | 2 | 2 | 1 | 1 | 15 | 37.5 |
| A24 | 4 | 3 | 2 | 3 | 1 | 5 | 2 | 2 | 20 | 50 |
| A28 | 5 | 5 | 4 | 5 | 2 | 4 | 4 | 5 | 34 | 85 |
| A32 | 3 | 3 | 3 | 2 | 2 | 4 | 1 | 2 | 20 | 50 |
| A36 | 5 | 5 | 4 | 4 | 1 | 5 | 3 | 4 | 31 | 77.5 |
| A40 | 2 | 2 | 3 | 2 | 1 | 2 | 1 | 1 | 14 | 35 |
| A44 | 2 | 2 | 2 | 1 | 2 | 2 | 1 | 1 | 13 | 32.5 |
| A48 | 5 | 5 | 5 | 5 | 3 | 5 | 4 | 4 | 36 | 90 |
| A52 | 4 | 3 | 2 | 1 | 3 | 3 | 1 | 3 | 20 | 50 |
| B1 | 3 | 4 | 3 | 4 | 2 | 3 | 1 | 3 | 23 | 57.5 |
| B5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 4 | 5 | 5 | 4 | 37 | 92.5 |
| B9 | 4 | 4 | 3 | 4 | 1 | 3 | 1 | 2 | 22 | 55 |
| B13 | 2 | 2 | 3 | 1 | 1 | 2 | 1 | 1 | 13 | 32.5 |
| B17 | 5 | 5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 4 | 4 | 38 | 95 |
| B21 | 4 | 3 | 1 | 2 | 1 | 3 | 1 | 2 | 17 | 42.5 |
| B25 | 3 | 4 | 1 | 3 | 1 | 2 | 1 | 3 | 18 | 45 |
| B29 | 5 | 5 | 4 | 4 | 4 | 5 | 4 | 5 | 36 | 90 |
| B33 | 3 | 4 | 2 | 2 | 2 | 3 | 1 | 3 | 20 | 50 |
| B37 | 5 | 5 | 4 | 4 | 3 | 5 | 4 | 4 | 34 | 85 |
| B41 | 5 | 5 | 5 | 5 | 3 | 5 | 4 | 4 | 36 | 90 |
| B45 | 2 | 2 | 3 | 1 | 1 | 2 | 1 | 1 | 13 | 32.5 |

| | | | | | | | | | | |
|-----|---|---|---|---|---|---|---|---|----|------|
| B49 | 4 | 4 | 3 | 3 | 2 | 4 | 2 | 2 | 24 | 60 |
| B53 | 5 | 5 | 4 | 5 | 4 | 5 | 4 | 4 | 36 | 90 |
| C4 | 4 | 4 | 2 | 3 | 1 | 3 | 1 | 3 | 21 | 52.5 |
| C8 | 5 | 5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 4 | 5 | 38 | 95 |
| C12 | 3 | 3 | 3 | 4 | 2 | 3 | 1 | 3 | 22 | 55 |
| C16 | 5 | 5 | 5 | 5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 39 | 97.5 |
| C20 | 3 | 3 | 2 | 3 | 1 | 4 | 1 | 2 | 19 | 47.5 |
| C24 | 7 | 2 | 1 | 2 | 2 | 2 | 1 | 2 | 14 | 35 |
| C28 | 2 | 2 | 1 | 1 | 2 | 2 | 1 | 1 | 12 | 30 |
| C32 | 5 | 5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 5 | 4 | 38 | 95 |
| C36 | 5 | 5 | 5 | 5 | 4 | 5 | 5 | 5 | 39 | 97.5 |
| C40 | 4 | 3 | 1 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 14 | 35 |
| C44 | 1 | 2 | 2 | 2 | 1 | 3 | 1 | 3 | 15 | 37.5 |
| C48 | 5 | 5 | 4 | 4 | 5 | 4 | 4 | 5 | 36 | 90 |
| C52 | 4 | 3 | 3 | 4 | 1 | 4 | 1 | 4 | 24 | 60 |

Furtuu: H.M= hojii manaa, G D=gaaffiifi deebii, H. G =hojii garee, Dh D = dhiyeessa daree, Yaad= yaadannoo qabachuu, K. B F= kitaaba barataa fayyadamuu, D.S =dabtara soroorfachuu